

**QAACCESSA FOOKILORIIWWAN GUDDISA IJOOLLEE
OROMOO: HAALA QABATAMAA AANAA ADA'AATIIN**

ABBABACH YITBAARAK

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

**KOLLEEJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLORII**

HAGAYYA 2011/ 2019

FINFINNEE

**QAACCESSA FOOKILORIIWWAN GUDDISA IJOOLLEE
OROMOO: HAALA QABATAMAA AANAA ADA'AATIIN**

ABBABACH YITBAARAK

GORSAAN: DR. TAADDASAA JAALATAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII 2FFAA (MA)

**AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUUN GAMISAAN
GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLORIITIIF DHIYAATE**

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

**KOLLEEJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLORII**

HAGAYYA 2011 / 2019

FINFINNEE

Yuunivarsitii Addis Ababaa

Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii 2^{ffaa} (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu barsiisuu guuttachuuf Abbabach Yitbaarakiin Mata duree: “Qaaccessa Fookiloriwwan Guddisa Ijoollee Oromoo: Haala Qabatamaa Aanaa Ada’atiin” jedhuun qophaa’ee Sadarkaa Yuunivarsitiin Kaa’e guutee jira.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti Gaafatamaa Muummee (Qindeessaa digirii 2^{ffaa})

Galata

Jalqabaa hanga dhumaatti yeroo isaanii aarsaa gochuun, gorsaafi sirreeffama barbaachisu naa kennuun kan naa wajjin dhama'an gorsaa koo Dr. Taaddasaa Jaallataatiif galanni ani qabu guddaadha.

Dabalataan hojiin qorannoo kun kan yeroo bal'aa kan gaafatu ta'uu isaa waliin walqabatee yaadaanis ta'e humna isaaniitiin kan nagargaaraafi najajjabeessaa turan abbaa manaa koo Salamoon Faantuufi maatii koo hunda baay'een galateeffadha.

Dhuma irrattis, odeeffannoofi ragaa garagaraa naakennuun kan yaada isaanii naagumaachan maanguddoota, maatii ijoollee, itti gaafatamaa Waajjira Aadaafi Turiizimii aanaa Ada'aa, Itti gaafatamtuu dhimmaa daa'immanii, dubartootaafi dargaggootaa aanaa Ada'aa akkasumas warra odeeffannoo irraan argadha jedhee gaafadhee yaada naakennan hunda baay'iseen galateeffadha.

Axereera

Qorannoon kun fookiloriwwan guddisa ijoollee oromoo: Haala qabatamaa aanaa Ada'aatiin xiinxaluun kan dhiyaate yommuu ta'u boqonnaawwan shan kan qabateedha. Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa Ogafaanota guddisa ijoolleef oolan kanneen akka: huruursa daa'immanii, jechama, mammaaksa, hibboo, durdurii, tapha ijoollee, geerarsafi faayidaa ogafaan ijoolleef qabu kanneen akka: aadaafi duudhaa hawaasaa eegsisuu, ijoollee ogummaafi dandeettii qaban uumuu, jireenya ijoollee kan fuula duraa mijeesuu, bashannansiisuu, barsiisuu, miliqsuu, cimsuufi dandeettiwwan afaanii gabbisuu ibsuudha. Madda ragaa ta'anii kan fudhataman maanguddoota Oromoo kanniin dhimma kana irratti muuxannoo qabaniifi odeeffannoo bal'aa kennuu danda'u jedhamanii eeraman, hojjetoota waajjiraa kan waa'ee fookiloriwwan guddisa ijoollee Oromoo irratti odeeffannoo kennuu danda'an akkasumas, haadhaafi abbootii ijoolleeti. Malli iddatteessuu fayyadamtes mala eertoofi mala akkaayyooti. Malli funaansa ragaalee ammoo daawwannaa, afgaaffii, marii gareefi sakatta'a galmeeti. Gosti qorannoo kanaas qorannoo qulqulleeffataa yommuu ta'u ragaan odeeffannoota irraa argame xiinxalamee dhiyaatee jira. Ijoolleen haala gaariin qabamanii, gorfamanii, gocha hawaasaa keessatti fudhatamuufi balaaleffatamu adda baasanii, aadaa, safuu, duudhaafi seenaa ummata isaanii baranii guddatan kan eenyummaa isaanii beekaniifi sabboonummaan itti dhagahamee aadaatti bulaniifi eegan ta'uu akka danda'an ragaan argame ni ibsa. Akka argannootti, ijoolleen akka aadaa isaanii beekanii naamusa gaariin qaramanii ofiif, maatiif, hawaasafi biyyaaf tolan gochuu irratti xiyyeeffannoon hawaasaa, gama mootummaafi miidiyaalee garagaraatiin irratti hojjetamuu akka qabu bira gahameera. Ijoollee abdiif maatii, hawaasaafi biyyaa ta'an kanniin guddisuu keessatti maatiin jechaafi gochaan fakkeenya gaarii ta'ee argamuun baay'ee barbaachisaafi murteessaa akka ta'e ragaan ni addeessa. Jireenya isaanii fuula duraatiifis bu'uura. Kanaafuu, guddisni ijoollee akkuma nama biqiltuu tokko dhaabee hamma ija godhatee waan barbaadame sanaaf gahutti kunuunsi godhamuufii qabu, ijoolleen ofdanda'anii hanga jireenya isaanii qabachuufi gaggeessuu danda'anitti qaamni hawaasaa garagaraa irratti hirmaachuun deeggarsa isaan irraa eeggamu raawwachuu akka qaban qorattuun hubatee jirti. Ijoolleen gaariifi yaraa adda baafatanii guddatan, kan aadaa isaanii beekan, kan kaayyoo qabaniifi naamusa gaariin qaraman jireenya isaanii fuula duraafis ta'ee hawaasaafi biyya isaaniitiif ba'aa osoo hinta'in abdiif kan ta'uu danda'aniidha.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Galata	i
Axereera.....	ii
Baafata	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa.....	4
1.3 Kaayyoo Qorannichaa.....	6
1.3.1 Kaayyoo Gooroo.....	6
1.3.2 Kaayyoo Gooree	6
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa.....	7
1.5 Daangaa Qorannichaa	7
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	8
1.7 Qindoomina Qorannichaa	8
1.8 Haala Waliigalaa Iddoo Qorannichaa	9
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU	12
2. Yaadrimee Fooklorii	12
2.1.1 Wanta Aadaa.....	13
2.1.2 Duudhaa Hawaasaa.....	14
2.1.3 Aartii Sochii Qaamaa.....	15
2.1.4 Ogafaan.....	15
2.1.4.1 Yaadrimee Ogafaanii.....	16
2.1.4.2 Amaloota Ogafaanii	17
2.1.4.3 Faayidaa Ogafaanii.....	18
2.1.4.4 Gosoota Ogafaanii	18
2.2 Qorannoowwan Hojii kanaan Walitti Dhiyaatan	38
2.3 Dayeessa Qorannoo Fooklorii.....	40
2.3.1 Dayeessa Xiinsammuu	40

2.3.2 Dayeessa Aadaa	40
2.3.3 Dayeessa Faayidaa.....	41
BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO	42
3.1 Saxaxa Qorannoo	42
3.2 Irraawwatama Qorannichaa.....	42
3.3 Mala Iddattoo	43
3.3.1 Iddattoo Eertoo	43
3.3.2 Iddattoo Akkaayyoo	43
3.4 Tooftaalee Funaansa Ragaalee	44
3.4.1 Daawwannaa.....	44
3.4.2 Afgaaffii.....	44
3.4.3 Marii Garee.....	45
3.4.4. Sakatta'a Galmee.....	46
3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee	46
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE.....	47
4.1 Ogafaanota guddisa ijoolleef oolan.....	47
4.1.1 Huruursa daa'immanii	50
4.1.2 Jechama	51
4.1.2.1 Jechamoota ijoollee argachuufi argachuu dhabuun walqabatan	51
4.1.2.2 Jechamoota amalaafi xiinsammuu ijoollee ibsan.....	53
4.1.2.3 Jechamoota ilma Dhiiraafi Intala Dubaraa argachuu irratti jiran	55
4.1.2.3.1 Jechamoota ilma dhiiraa argachuu irratti jiran.....	56
4.1.2.3.2 Jechamoota intala dubaraa argachuu irratti jiran	56
4.1.3 Mammaaksa.....	57
4.1.3.1 Mammaaksota gocha ijoolleen irraa maquu qabaniifi akka itti madaqan ibsan..	59
4.1.3.2 Mammaaksota barbaachisummaa Maatiin guddisa ijoollee keessatti qabu ibsan	62
4.1.4 Hibboo	68
4.1.5 Durdurii	72
4.1.6 Tapha ijoollee	76

4.1.7 Geerarsa	78
4.2 Faayidaa ogafaan ijoolleef qabu.....	78
4.2.1 Aadaafi duudhaa hawaasaa eegsisa	79
4.2.2 Ijoollee ogummaafi dandeettii qaban uuma.....	80
4.2.3 Jireenya ijoollee kan fuula duraa mijeessa	82
4.2.4 Bashannansiisuu	82
4.2.5 Barsiisuu	83
4.2.6 Miliqsuu.....	83
4.2.7 Cimsuu.....	84
4.2.8 Dandeettiwwan Afaanii Gabbisa.....	84
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.....	85
5.1 Cuunfaa	85
5.2 Argannoo.....	86
5.3 YABOO.....	87
Wabiilee	88
DABALEE: A.....	90
DABALEE: B	91
DABALEE: C	93
DABALEE D	94

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Ummanni Oromoo aadaa, duudhaa, seenaafi haala jiruufi jireenya ofii isaa kan qabuudha. Aadaan mallaattoo eenyummaa saba tokkooti. Aadaan adeemsa jiruufi jireenya guyyuu keessatti kan calaqqisiifamu waan ta'eef jecha tokkoon kana jedhanii kaa'uun rakkisaadha. Dhimma kanarratti Fekadu.G (2015) yoo ibsu,

Oromo culture is Oromo identity. Oromo has a rich culture that embraces the language, religion, art, morals, low custom, dress and some others. These cultural elements indicate who Oromo is. Oromo as group defines themselves by the language they speak spoken, religion, art, dresses, so that other groups identify them and define Oromo through socialization process and the influence of social institutions is starting from family to society at large forming their identity.

Yaada kanarraa kan hubannu, ummanni Oromoo maatii irraa kaasee hanga hawaasa bal'aatti kan ittiin beekkamu afaan, amantii, oguma, safuu, seera, duudhaafi kanneen kana fakkaatan qabaachuu isaaniiti.

Oromoon aadaa hojii, aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa nyaataa, aadaa uffataa, aadaa ijaarsa manaafi ogafaanota guddisa ijoolleef oolan adda addaa qaba. Ogafaanotni guddisa ijoolleef oolan guyyaa daa'imni tokko dhalate ykn dhalatte irraa jalqabee haala adda addaatiin kan ibsamuudha. Daa'imni tokkoo yommuu dhalatu yookiin dhalattu maqaatu moggaafamaaf. Maqaan moggaafamu kunis maatii yookiin nama dhiyeenya qabuun ta'uu danda'a. Moggaasa kanaan miira yookiin fedhii isaanii ibsatu. Dhimma kanarratti Abdurramaaniifi kan biroo, (2004) yoo ibsan, "*Maqaan kan moggaaffamu warraan ykn firaani. Warri tokko yommuu maqaa ijoollee isaanii moggaasan seenaa, yaadannoo, mudannoo, fedhii, carraa, hawwii, abdiifi yaada isaanii irraa ka'aniiti*". Kana jechuunis, yeroo mucaan dhalattutti, fakkeenyaaf, yoo jireenya dansaa keessa jiru ta'e Gammadaa, Gammaannee, Gammaachuu, Badhaatuu jedhu. Yoo waa xiiqeffatan Xiiqiifi xiiqessaa jedhu. Kanneen yaadaafi abdi isaanii waaqa bira kaa'atan immoo Waaqumaa, Waaqtoleefi Waaqashiitti moggaasu, jechuun kaa'u. Kana malees, yoo sanyiin isaanii akka itti fufuufi dheeratu barbaadan, kanniin ayyaanni toleef, guddina hawwaniifi fedhan moggaasa maqaa ijoollee isaanitiin haalaafi abdi akkasumas, bu'aa ba'ii jiruufi jireenya isaanii ittiin ibsatu.

Kanaafuu, guddisni ijoollee jalqabumarraa kaasuun kan itti yaadamuufi xiyyeeffannaan kennamuufii qabuudha. Akka Piaget (1896) ibsutti:

Cognitive development is driven by a mechanism called equilibration, which is the balancing of cognitive structures with the needs of the environment. As children interact with the world they encounter situations that do not match their preconceived notions of the way the world is or should be

Lammii biyya isaanii jaalatan, eenyummaa isaanii beekan, ofitti amanamummaa qabaniifi naamusa gaarii qaban oomishuu irratti qaamni hirmaachuu qabu baay'eedha. Amala daa'immanii sirreessuun erga guddatanii yaada mataa isaaniitiin of gaggeessuu jalqabanitti akka hintaane mammaaksi Oromoo "Gogaa jiidhaatti maru" jechuun ibsa. Kana jechuunis, daa'immanitti karaa agarsiisuu, gaariifi yaraa akka addaan baafatan gochuun barbaachisaa ta'uu kan agarsiisuudha. Maatiin gocha badaadha jedhanii ijoolleetti himan kamiyyuu raawwachuu irraa of eeguu qabu. Kunis, fakkeenya gaarii ta'uu maatii sanaa agarsiisa. Sadarkaa ijoollummaatti waan tokko jechaan qofa osoo hintaane qabatamaan ilaaluu yeroo itti barbaadaniidha. Dhimma kana ilaalchisee Piaget (1896) yoo ibsu, "*The concrete operational stage, which lasts approximately from 7 to 11 years of age, is the third piagetian stage. In this stage, logical reasoning replaces intuitive reasoning can be applied to specific or concrete examples.*"

Fookiloriwwan guddisa ijoollee keessatti ijoolleen safuu hawaasichaa beekaniifi eeganii akka guddatan gochuu keessatti gahee olaanaa qaba. Namni kamiyyuu dhala isaa karaa qajeelchuu, gochaafi amala gadhee irraa maqanii akka guddatan gochuun dirqama maatii waan ta'eef qofa osoo hintaane ajaja Waaqaa waan ta'eefis gahee ofii bahuu dhabuun kan gaafachiisu ta'a. Kana ilaalchisee Kitaabni Qulqulluun, Macaafa Fakkeenya(22:6)"*Akkatti jiraachuun ta'u mucaa barsiisi. Innis yommuu dulloomu iyyuu irraa hinkaatu,*" jechuun ibsa.

Ijoollee kan jedhaman kan umriin isaanii hanga waggaa kudha lamaa ykn kudha sadi jiran akka ta'uu danda'an yaadni jiraatus, akka aadaa Oromootti ijoolleen yoomiyyuu ijoolleedha. Umriin isaanii hammana dabarraan jedhanii kan waa'een isaanii isaan hinilaallanne miti. Haata'u, malee ijoollummaan hamma of baranii gaariifi yaraa addaan baafatanii of hoogganuu jalqabanitt karaa bahuufi galuu qaban kan itti agarsiisuu qabu maatiidha. Akka seera biyya keenyaattis ijoolleen hanga waggaa kudha saddeetii ajejaafi to'annaa maatii jala buluu akka qaban, yoo waggaa kudha

saddeet darban garuu mirga ofiin gaggeeffamuu, yoo badii raawwatanis isaanumti seeraan gaafatamuu akka danda'an ibsa. Kanaafuu, hanga umrii murtaa'e kanatti karaa deemuu qaban agarsiisuufi fakkeenya gaarii ta'anii guddisuun jireenya ijoollee isa fuula duraatiif bu'uura cimaafi murteessaadha.

Uummanni Oromoo kabajaafi jaalala ijoolleef qaban irraa kan ka'e dubartii dhala qabduufi dhala hinqabneef ilaalchi jiru tokkoo miti. Bultiin tokko dhaabbachuuf, dhala qabaachuun murteessaa akka ta'eetti fudhatama. Kunis, dhalli sun sanyii waan ta'eef osoo abbaa manaafi haati manaa waliigaluu dhabaniis ijoollee sana ilaaluun araaramanii jiraachuuf murteessu. Jiraachuun ijoollee, maatiin tokko jaalalaan akka waliin jiraatu gochuu irratti eddoo guddaa qaba. Haadha manaafi abbaan manaa erga ijoollee godhatanii booda fedhii ijoollee isaanii guutuuf jecha dhama'an malee fedhii ofii isaanii hindursan.

Dhimmi ijoollee isaanii gama fayyaa, barumsaa, naamusaafi nageenyaatiin baay'ee isaan yaaddessa. Jireenya isaanii keessattis guddina ijoollee isaaniitiif dhimmamuun, jijjiirama qaamaafi sammuun agarsiisan hordofuun umurii isaaniitiin akka barataniifi sadarkaa eegamu irra akka gahan humna qabaniin aarsaa kaffalu. Dhimma kana irratti, *“Growth refers to physical (quantitative changes) such as the body increases in weight the vocabulary gets bigger and so forth,”* jechuun piaget ni ibsa.

Guddisa ijoollee keessatti maatii qofa osoo hintaane hawaasni naannoofi ollaanis gumaacha mataa isaanii qabu. Sababni isaas, ijoollee qobaatti qabaniis yookiin ijoollee naannoo isaaniitti argaman irraa adda baasanii guddisuun rakkisaadha. Kanaafuu, dhiibbaa aadaa hawaasa biroo irraa of eeganii akka safuu ummata Oromoo eeganii guddatan gochuutu barbaachisa. Yaada kana ilaalcisee Fekadu (2015) yoo ibsu:

Cultural norm is an idea about cultural patterns that influences the behavior of a society and their identity. Oromo perceive and know, cultural values, norms and feel that they are taught and practices with in the institution in Oromo Society and through growing up in close contact with other neighbour in a cultural system, jechuun kaa'a.

Uummanni Oromoo guddisa ijoolleef xiyyeeffannaa kennan haalaafi yeroo jalqaban yemmuu ilaallu, haati takka dhala ishee guyyaa deesse irraa kaastee ho'a qaama isheetti maxxansitee

hammachuun, harma hoosisuun, qulqullina eeguun, yoo jabaatanis baachuun hojii mana keessaafi jireenya hawaasummaa gaggeessiti. Kana malees, hamma daa'imni biroo irratti dhalatutti of jala raffistee jaalalaan guddisti. Daa'imni jaalalaan guddate ofitti amanamummaa horatee guddata. Yaada kana ilaalchisee, Asefa (2000) fi Kelly (2006) yoo ibsan, *if the need of children are met during critical period, the children will grown up to be sensitive and independent adult,* jedha. Yoo rakkoo addaa qabaatteen ala haati takka harma hanga waggaa sadiifi sanaa ol hoosisuu dandeessi. Kunis fayyaa daa'immaniitiif barbaachisaafi murteessaa ta'uun isaa ogeessa fayyaatiin ni gorfama. Dhimma kana ilaalchisee Gardiner (1998), *Breast feeding is understood as the ideal method for providing nourishment to babies.* jedha. Kanaafuu, aadaan ummata Oromoo gama guddisa ijoolleetiin jiru bal'aafi seena qabeessa kan ta'e ta'uu isaatiin walqabatee kan baramuufi jajjabeeffamuu qabuudha. Fookiloriwwan guddisa ijoollee Oromoo kan aadaafi safuu hawaasaa eegsisu ta'ee dhalootaa dhalootatti darbuu kan qabuudha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Aadaan uummata Oromoo bal'aafi damee hedduu kan of keessaa qabuudha. Isaan keessaa, ogafaanotni guddisa ijoolleef oolan tokko. Uummanni Oromoo aadaa isaa eegeefi eegsisee dhalootaa dabarsuu kan danda'u jechaafi gochaan yoo agarsiisuu danda'eedha. Kana malees, jireenya ijoollee isa boruu qajeelaafi sirrummaa kan qabu gochuuf gorsuu, barsiisuufi hordofuun barbaachisaadha. Daa'imman lammii abdii boruu ta'an kanniin, maatii, hawaasaafi biyyaa akka jaalatan gochuurra darbani, kan aadaa, duudhaafi safuu Oromoo beekani sabboonummaa gonfatan akka ta'an gochuun dirqama maatiiti. Hunda dura ilaalcha ummanni Oromoo daa'immaniif qaban maal akka ta'e beekuun barbaachisaa ta'a. Ilaalchi hawaasni ijoolleef qaban haala ittiin guddisani dhaloota naamusa gaarii qabu, kan eenyummaa ofii beeku, kan lammiifi biyya ofii jaallatu taasisanii ijaaruu irratti qooda mataa isaa qaba. Ogafaanota guddisa ijoolleef oolan keessatti maatiin tooftaa ijoollee isaa itti gorsuufi sammuu isaanii qaruu danda'u beekuun ogafaanotaan guddisaa qajeelchuu qaba. Ijoolleen yeroo guddatanii qaama hawaasaa garagaraa waliin ooluu jalqaban dhiibbaa hiriyyaa jalaa akka bahuu danda'an, waan maatii irraa bifa garagaraan dhagahaniifi argan of keessatti qabatanii waan guddataniif ofitti amanamummaan isaanii dabalaa deemuu irraa kan ka'e umrii kamuu keessattiifi eddoo kamittuu of ta'anii jiraachuu danda'u. Uummanni Oromoo karaa sammuu ijoollee isaanii ittiin booji'aniifi si'aayinaan ofitti madaqsan waan guddaa of harkaa qaba. Kunis, ogafaani. Ogafaan dameelee

adda addaa haaqabaatu malee kan ijoolleen karaa salphaa ta'ee bashannanaa ittiin barataniidha. Ogafaanota filataman kan akka hibboo, mammaksa, tapha ijoollee, sheekkoofi baacoo garagaraatti fayyadamuun sammuu ijoollee qaruu, dagaagsuu dandeettiwwan afaanii akka cimsatan gochuu, barsiisuu, akeekkachiisuu, abdiitti horuu, ofitti amanamummaa horachiisuu, itti gaafatamummaa fudhachiisuufi ittiin akeekkachiisuu, cimsuufi miliqsuun ni danda'ama.

Ijoolleen abdiitti maatiifi biyyaati. Dhaloonni haaraa duubaan jiraatu malee seenaa, aadaa, duudhaafi safuu hawaasa sanaa kan fufsiisu hin jiraatu. Biyyaaf kan hojjetuufi guddisu hin jiraatu. Ijoollee sammuu qulqulluudhaan uummamanii maatiif kennaman akka gaariitti qabuu, kunuunsuu, waan gaarii arganiifi dhagahanii akka guddatan gochuun, maatii irraa haajalqabu malee hirmaannaa qaama garagaraa gaafata. Ijoolleen akka homaa hin beekneetti ykn bu'aa homaa hin buusnetti kan lakkaa'aman osoo hin taane kan dubbii isaanitiin kaayyoo isaanii isa boruu raaganiifi akka afaan keessanii isiniif ykn nuuf haata'u jedhamanii milkaa'inni fi badhaadhinni isaaniiif hawwamuudha. Dessalegn Negeri, H/Mariam Kebede (1995)fi Gada Melba (1988) wabeeffachuudhaan "*Children in Oromo have the right to speak because children are considered as the mouth piece of Waka (God).*" jechuun kaa'u. Ijoolleen garaa namaa beekti jedhama. Jechi ijoollee akka jecha Waaqaati jedhaniis amanu. Kanaafuu, ijoolleen Ummata Oromoo biratti eddoo olaanaa qabu.

Qorattuun dhimmoota gurguddoo kanniin irraa ka'uun ogafaanota guddisa Ijoollee Oromoof oolan akka Aanaa Ada'aatti maal akka fakkaatu, maatiin guddisa ijoolletiif bu'uura ta'an akkaataa ijoollee isaanii karaa sirrii ta'een qararii akka maatii, hawaasaafi biyyaaf toluu danda'anitti gahee isaanii bahaa jiran xiinxaluuf murteessite. Egaa qorannoowwan waa'ee ijoollee gaggeeffamanii jiran waa'ee Guddifachaa, faayidaa Hiibboon guddisa ijoollee keessatti qabuufi moggaasa maqaa ijoollee kan jedhan irratti malee Ogafaanota Guddisa Ijoollee Orommo' kan jedhu irratti miti. Karaa biraatiin ammoo hawaasni, ijoolleen ammaa aadaa gatte, maanguddoo kabajuun hafe, haalli uffannaa isaanii eenyummaa isaanii kan ibsuu miti, ijoollee durii ijoollee ammaafi kkf yeroo jedhan dhagahama. Kunis qorattuun madda rakkoo kanaa adda baasuufi haala aadaan hawaasaa eeggamee itti turuufi dhaloota itti aanuuf cehuu danda'u sakattaatuuf fedhii guddaa keessatti uumee jira. Qorannoon kun gaafilee bu'uuraa armaan gadiitiif deebii kenna:

- Ogafaanotni guddisa ijoolleef oolan maal maal fa'a?

- Jechamootni ijoollee argachuufi argachuu dhabuu ibsan kam kam fa'i?
- Amalaafi xiinsammuu ijoollee jechamootaan akkamitti ibsama?
- Ilma dhiiraafi intala dubaraa argachuu irratti yaadotni jiran ogafaaniin ibsamuu danda'uu?
- Mammaaksotni ijoollee gorsuuf oolan kam fa'a?
- Mammaaksaan barbaachisummaa Maatii, ollaafi hawaasni naannoo guddisa ijoollee keessatti qabu ibsuun ni danda'amaa?
- Hibboo, durdurii, taphni ijoolleefi geerarsi guddisa ijoollee keessatti eessa eessatti fayyadu?
- Faayidaa ogafaan ijoolleef qabu maal maal fa'a?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Fookiloriwwan Guddisa Ijoollee Oromoo: Haala Qabatamaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Ada'aa xiinxaluun ibsuudha.

1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa kanniin armaan gadiiti:

- Ogafaanotni guddisa ijoolleef oolan maal maal fa'a akka ta'an adda baasuun ibsuu
- Jechamootni ijoollee argachuufi argachuu dhabuu ibsan kam kam fa'a akka ta'an adda baasuun hubachiisuu
- Akkaataa amalaafi xiinsammun ijoollee jechamootaan itti ibsamuu danda'u ibsuu
- Ogafaanota ilma dhiiraafi intala dubaraa argachuu irratti jiran ibsuu
- Mammaaksotni ijoollee gorsuuf oolan adda baasuun kaa'uu
- Mammaaksaan barbaachisummaa Maatii, ollaafi hawaasni naannoo guddisa ijoollee keessatti qabu ibsuun akka danda'amu kallattii qabsiisuu
- Hibboo, durdurii, taphni ijoolleefi geerarsi guddisa ijoollee keessatti eessa eessatti fayyadu adda baasuun kaa'uu
- Faayidaa ogafaan ijoolleef qabu hubachiisuu

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon Qaaccessa fookiloriwwan guddisa ijoollee oromoo: Haala qabatamaa aanaa Ada'aatiin jedhuun gaggeeffame kun dhimmoota guddisa ijoollee waliin walqabatan kan kaasuufi odeeffannoo maddoota adda addaa irraa argaman xiinxaluun kan ibsuudha. Qorannoo kanarraa faayidaaleen argaman isaan armaan gadiiti.

- Ogafaanotni guddisa ijoolleef oolan ifatti bahuun akka beekkaman taasisa
- Fayyadamni jechamootaa guddisa ijoollee adda ba'uun akka beekamu taasisa
- Mammaaksotni ijoollee gorsuuf oolan adda baasa
- Hibboo, durdurii, tapha ijoolleefi geerarsi guddisa ijoollee keessatti eessa eessatti fayyadu ibsuuf oola
- Guddisa ijoollee keessatti ogafaan fayyadamuun faayidaa qabaachuu hubachiisa
- Namoota Ogafaanota guddisa ijoolleef oolan irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Ummanni Oromoo Lafa bal'aa Itoophiyaa irra qubatee kan argamuudha. Ummanni kun aadaa baay'ee bal'aa ta'e kan qabuufi sirna bulchiinsa matasaa kan qabu yommuu ta'u, sirni kunis sirna bulchiinsa dimokraasii yeroo ammaatiif bu'uura kan ta'e Sirna Gadaati. Dhimma kana ilaalchsee Fekadu (2015) "*Oromo of Ethiopia occupied a large area of fertile Ethiopia and constituting roughly one third of the population. Before incorporation in to the present day Ethiopia Oromo administrated itself under its organization called Gada system,*" jechuun ibsa. Aadaan ibsituu eenyummaa ummata tokkooti. Ummanni Oromoo aadaa hedduu qabu keessaa Fookiloriwwan guddisa ijoolleef oolan isa tokko. Baay'inaafi bal'ina Ummanni Oromoo qabu irraa kan ka'e qorannoo kana gaggeessuuf Ummata Oromoo hunda bira gahuun akkasumas, aadaa hunda qorachuun rakkisaa ta'a. Kanaafuu, qorattuun eddoo qorannoon irratti gaggeeffamu, Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Ada'aa yommuu ta'u mata dureen qorannoos Qaaccessa fookiloriwwan guddisa ijoollee Oromoo: Haala qabatamaa aanaa Ada'aatiin jechuun daangessitee jirti.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorattuun qorannoo kana gaggeessuuf yeroo murteessitu kaayyoo guddaan qabattee kaate ummanni Oromoo akkamitti ijoollee isaa guddisaa akka jiru xiinxaluun faayidaawwan ogafaanotni guddisa ijoolleef oolan hawaasaaf akkasumas, biyyaaf buusan ibsuudha. Ragaan kun qabatamaan kan argamuu danda’u ammoo abbaa dhimmaa kan ta’an ummataafi maanguddoota Oromoo irraati. Odeeffannoo kana argachuuf mala afgaaffii, marii gareefi daawwannaatti dhimmi bahuun barbaachisaa ta’ee argamee jira. Haata’u malee hanqinaaleen qorannoo kana akka karoofametti galmaan gahuuf qorattuu mudatan jiru. Isaanis: Namoonni ogafaanota guddisa ijoollee Oromoo irratti muuxannoo gaarii qabaniifi fakkeenya gaarii ta’uu danda’an jedhamanii eeraman yeroo barbaadamanitti argachuun salphaa hinturre. Yeroo argamanittis, iftoominaan yaada kennuu irraatti of qusachuutu mul’ata. Akka sababaatti kan kaasan ragaan kun maalif barbaadame kan jedhu gaaffii namoota baay’ee ture. Kana malees, amma maal beekna, aadaan amma hinjiru, ijoolleen ammaa aadaa maal beeku? akka ofii jedhanitti malee kan warraa yoom tole jedhan? Waan hunda mirga keenya jedhu malee karaa maatiin jedhuun deemuun hinmul’atuufi kkf jala dubbatu. Rakkoon inni biroo yeroon qorannoon kun itti gaggeeffamu yeroo hojii idileen itti adeemsifamu ta’uu isaa wajjin walqabatee yeroo namoota odeeffannoo kennan argachuu dandeessutti hojii dhiistee irra deddeebiin deemuun rakkisaa ta’uun isaa isa ijoodha. Kana malees, namootumti odeeffannoon irraa argama jedhamanii filataman fedhii guutuu qabaachuu dhiisuu, hamma barbaadamu odeeffannoo gahaafi guutuu kennuu dhabuu, yeroo barbaadamanitti sababa adda addaatiin argamuu dhabuufi kanneen kana fakkaatan milkaa’ina qorannichaa irratti danqaa ta’uu danda’aniiru. Rakkoowwan kun ammoo, ragaa quubsaafi gahaa ta’e argachuu irratti yaaddoo kan uumaniidha. Karaa biraatiin ammoo, Ummanni Oromoo daangaa bal’aa kan qaban waan ta’aniif, qorattuun eddoo murtaa’aa filachuun ishii murteessaa ta’us, ragaan Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Ada’aa irraa argame uummata Orommoo hunda bakka bu’uu dhiisuu danda’a. Kunis, baasii guddaafi yeroo dheeraa kan barbaadu waan ta’eef eddoofi yeroon qorannoon kun itti hojjetamee xumuramu murteeffamee haaluma sanaan raawwatamee jira.

1.7 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan kan of keessaa qabuudha. Boqonnaalee kanniin keessatti matadureen garagaraa hammatamanii jiru. Haaluma kanaan boqonnaan tokkoffaan: seenduubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooree qorannichaa, barbaachisummaa

qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa qabata. Boqonnaan lammaffaan sakatta'a barruu mata duree qorannichaa waliin walqabatan, yaadiddama qorannoo fooklooriifi qorannoowwan mataduree kana waliin walsimatan bal'inaan ibsamani jiru. Boqonnaa sadaffaan, mala qorannichaa, saxaxa qorannichaa, madda ragaa qorannichaa, mala iddattoo, meeshaalee funaansa ragaafi mala qaaccessa ragaalee qabata. Boqonnaan afraffaan immoo, qaaccessa ragaalee kan qabate yommuu ta'u, boqonnaa kana keessatti ragaaleen maddoota odeeffannoo garagaraa irraa funaanaman qaaceffamanii jiru. Boqonnaa shanaffaa keessatti cuunfaafi yaboon dhiyaatee jira. Dhuma irrattis, wabiileefi dabaleen dhiyaatanii jiru.

1.8 Haala Waliigalaa Iddoo Qorannichaa

Aanaan Ada'aa kan argamu Godina Shawaa Bahaa keessatti yommuu ta'u, kaabaan kan daangessu Aanaa Caffee Doonsaa, kibbaan Aanaa Liban Cuqqaalaa, bahaan Aanaa Lumeefi dhihaan Adaagiidha. Akka odeeffannoon Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Ada'aa irraa argame ibsutti moggaasni maqaa aanaa kanaa kan argame, maqaa gosa Oromoo naannoo kana jiraatuu irraati. Obbo Caalaa Soorii kitaabasaa Hora Harsadii jedhu (2014) irratti akka itti aanutti kaa'a.

Jalqaba Oromoon Booranaafi Baarentuutti qoodama. Boorannis Boorana Kaabaa, Boorana Kibbaafi Gujii jedhamuun bakka sadiitti qoodama. Haaluma kanaan, Booranni Kaabaas Tuulamaafi Maccatti qoodama. Tuulamni ilmaan sadii qaba. Isaanis, Bacho, Daacciifi Jiilleedha. Daacciin ilmaan sadi qaba. Isaanis, Sooddo, Aboofi Galaani. Galaan ilmaan ja'a godhachuun ja'an Galaan jedhamu. Ilmaan ja'an Galaan jedhamuun kan yaamaman, Ada'aa, Jidda, Liiban, Aabbu, Warra Jaarsaafi Gaaddulladha. Kanaaf, Hidda Latinsa Ada'aa moggaasni maqaa aanaas kanumarraa argame. Madda: Ragaa Caalaa Sooriifi Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16^{ffaa} (1998).

Egaa, kanarraa waanti hubatamu maqaan moggaasa Aanaa Ada'aa jedhu sanyii (latii) Oromoo Tuulamaa (Ada'a kan Galaani, Galaan kan Daaccii, Daacciin kan Tuulamaati). Moggaasichis, kanumarraa dhufe. Maqaan aanaan kun ittiin waamamtus, maqaa latii Oromoo Tuulamaa keessaa maqaa 'Ada'aa' jedhamu sanarraa akka dhufe odeeffannoon Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Ada'aa irraa argame ni mul'isa.

Hawaasni Oromoo aanaa Ada'aa keessa jiraatu, akkuma hawaasa aanolee biraa keessa jiraatuu ilaalcha, amantaafi aadaa akkasumas barsiifata, meeshaalee aadaa, aartiiwwan garaagaraafi duudhaa kan dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe qaba.

Aanaan Ada'aa gandoota 22 kan qabduufi kan ittiin beekkamtu xaafii adiidhaan yommuu ta'u 'xaafii Ada'aa' jedhamuun kan maqaa qabuudha. Teessumni lafaafi haalli qilleensaa kanaaf murteessaadha. Teessumni lafa ishee 60% diriiraa, 20% dhundhulaa yookiin giddugaleessa, 10% steep slopfi 10% gaaraafi tulluuda. Haalli qilleensaa ammoo 6% Baddaa, 94% Badda daree yommuu ta'u haalli hoo'inaa giggugaleessan 18% akka ta'e ragaan Waajjira bulchiinsa aanaa Ada'aa ni agarsiisa. Baay'inni ummata aanaa Ada'aa akka istaasitiksii bara 1999 (dhiira 72968fi dhalaa 70484 ida'ama 143452) akka ta'eefi baay'inni ummata kanaa waggaa waggaa 2.9% dabala. Akkaa odeeffannoo kanaatti dhaloonni haaraa waggaa waggaa dabalaa jiru kun hawwaasuma kana keessatti argamanii kan guddatan waan ta'aniif guddisanii waan gaarii dhaqqabsiisuun hawaasuma kana irraa kan eegamu ta'a. Ijoolleen humna oomishaafi kan seenaa biyyaa jijjiiruu danda'an akka ta'aniif qaamni hundumtuu sadarkaa sadarkaadhaan gahee isaanii bahuutu irraa eegama.

Jiraattonni aanaa Ada'aa jireenya isaanii kan gaggeessan irra caalaatti qonnaa irratti bobba'uun yommuu ta'u, muduraa adda addaa oomishuufi loon horsiisuudhaanis ni jiraatu. Qabeenyi beeyladaa akka waliigalaatti, loon maalaa /gaanfaa/ lakkoofsaan 135,572, hoolaa 42,910, re'ee 26,781fi kotte duudaan 47,856 ta'an ni argamu. Akka aadaa Oromootti loon qabeenya guddaa mararfatamaniifi jaalatamaniidha. Kana irraa kan ka'e Oromoon jaalala looniif qaban irraa kan ka'e ijoollee isaaniitiif kennaa handhuuraa loon kennaniif. Loon ijoolleef kennaman kun yoo horanii bay'atanis qabeenyummaan isaanii kanuma ijoollee isaanii waan ta'aniif ijuma isaanitiin ilaalu. Kaayyoo kennaa kanaatis jireenya ijoollee kan fuula duraatiif bu'uura kaa'uu akka ta'e Abdurrahmaan (2004) kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 7^{ffaa} keessatti ibsee jira. Akka yaada hayyuu kanaatti daa'imni tokko yoo dhalate /dhalatte/ jireenyi isaanii fuula duraa isaan yaaddessuu irraa kan ka'e yeroo qabeenyi isaan harka jirutti boruuf jedhanii guduunfaa akka kaa'aniifidha.

Aanaan Ada'aa dhaabbilee mootummaafi mitimootummaa garagaraa kan tajaajila hawaasaa kennan qabdi. Dhaabbileen mootummaa kan akka manneen barnootaafi dhaabbilee fayyaa yoo ilaalle, mana barumsa sadarkaa 1^{ffaa} 51, mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} 4, olmaa daa'immanii 8

walumaagalatti 65 qabdi. Tajaajila dhaabbata fayyaa keessaa ammoo, buufata fayyaa 5fi kellaa fayyaa 22 qabdi. Dhaabbileen mitimootummaa hawaasaaf tajaajila kennan ammoo RASTON, Ingeg new Africafi Passion Connection Ethiopia fa'a. Dhaabbileen kunis bishaan dhugaatii galchuufi mana fincaanii ijaaruun kan gumaachan yommuu ta'an Passion Connection Ethiopian dhaabbatni jedhamu daa'imman irratti kan hojjetaniidha.

Rakkoo yookiin hanqinni akka aanaa Ada'aatti jiru ammoo, rakkoo bishaanii, ibsaa, daandiifi rakkoo bulchiinsa gaarii akka ta'an qorattuun hubachuu dandeessee jirti. Rakkooleen akkuma rakkoo ta'anitti akka itti hinfufneefi dhaloota itti aanuuf darbee jireenya isaanii hindararre, dhaloota rakkoo hawaasaa furuu danda'an, kan seenaa hawaasaafi biyyaa jijjiiruuf kutannoo qaban, jaalala hawaasafi biyya isaanitiif qaban irraa kan ka'e humnaafi dandeettii qabaniin hojjetanii jijjiirama fiduu kan danda'an oomishuun xiyyeeffannaan guddaan kennamuufii akka qabu 'Fookiloriwwan guddisa ijoollee oromoo: Haala qabatamaa aanaa Ada'aatiin' mata duree yeroo waliin deemuufi barbaachisaa ta'e qorattuun kan baay'ee itti amantee fedhii guddaadhaan filatte ta'uu mirkaneessitee jirti.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti dhimmoonni qorannoo kana waliin walqabataniifi yaadni hayyoota garagaraa kan keessatti ka’aniidha. Fookiloriwwan Guddisa Ijoollee Oromoo kan gooroowwan fooklorii jalatti ilaalaman waan ta’eef maalummaa fooklorii, faayidaa fookloriifi gooroowwan fooklorii ibsamaniiru. Itti aansuudhaanis dayeessonni qorannoo fookiloorii kan ilaalchaafi aadaa guddisa ijoollee waliin walqabatan ilaalamanii akkaataa walitti dhufeenya isaaniitiin ibsi kennameera. Dhuma irratti ammoo Fookiloriwwan Guddisa Ijoollee Oromoo akka mata duree gurguddaatti kaasuun yaada hawaasni waa’ee ijoolleef qabuufi gochaalee isaanii, ogafaan guddisa ijoollee keessatti dhimmi itti bahaman kaasuun qorannoowwan walitti dhiyeenya qaban sakatta’uun walitti dhufeenyaafi garaagarummaan isaanii ibsamee jira.

2. Yaadrimee Fooklorii

Maalummaa fooklorii irratti hayyoonni yaada garagaraa qabu. Kunis dirreewwan adda addaa irra dhaabbachuun waan ilaalaniif akka ta’e ni dubbatama. Dhimma kana irratti Bayyanaa (2016) yoo ibsu, Jechi fooklorii jedhu moggaasa kan argate bara 1846 nama William John Thoms jedhamuuni. Yaada kana “*The term folklore was coined by William John Thoms in 1846*” jechuun ibsa. Jechi fooklorii jedhu, jecha ‘folk’fi ‘lore’ jedhaman irraa yoo ta’u, Folk kan jedhu namoota lamaafi sanaa ol ta’anii gareedhaan jiraatan ta’anii, wanti isaan tokko taasisu afaan, aadaa, ogummaa, duudhaafi kkf ta’uu danda’a. ‘Lore’ kan jedhu ammoo, gareen namootaa kan waliin qooddatan (qabeenya gamtaa)ti. Hayyoonni dirree qorannoo garagaraa irratti hundaa’uun fooklorii haala garagaraatiin hiiku. Fookiloriin akka addunyaatti hunda galeessa (universal) ta’e, yookiin hawaasa mara keessatti argamu jira. Fookiloriin hawaasa murtaa’e biratti qofa beekkamus jira. Sababa kanaaf hiika tokko kennuun rakkisaadha.

Bayyanaa (2016) Waterman (1996) wabeeffachuun yoo ibsu, “*folklore is that art form comprising various types of stories, proverbs, saying, spells, songs and other formulas, which employs spoken language as its medium*” jedha. Kunis fookloriin artii ta’ee kan mammaaksa, durdurii, jechamoota, faaruwwan, qoricha adda addaafi kkf kan hammatuufi afoolaan kan daddarbuta’uu hubachiisa. Maalummaa fooklorii irratti namoota hiika kennan keessaa Ben Amos (1979:10) yoo ibsu, “*folklore is the action that happens at that time*” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti fookloriin gocha yeroo dur raawwate jechuun dubbata. Kunis gochaafi muuxannoo hawaasni yeroo durii jiruufi jireenya isaa keessatti gaggeessaa ture fooklorii yookiin

afoola keessatti kan agarsiisu akka ta'etti ibsa. Kana malees, Ben Dan Amos (1979:430) yoo ibsu, "folklore is aspher of of interaction a mirror of culture, a perspective screen of personality," jechuun ibsa. Yaanni hayyuu kanaa fookilooriin walqunnamsiistuu hawaasaa, ibsituu aadaafi eenymmaa akka ta'e addeessa. Kana jechuunis, afoolli eenyummaa, maalummaa aadaa hawaasaa waliin hidhata guddaa akka qabu hubachiisa.

Idriis (2017) Encyclopedia America V. II (1993:498) wabeeffachuun maalummaa fookloorii ilaalchisee, "*folklore is the part of the culture, custome, beliefs of the society is based on population. It is produced by community and usually transmited orally or by demonstration.*" Fookloorii jechuun bal'inaan qaama duudhaa amantaa ummataa ta'ee, bal'inaan aadaa ummatichaa bu'uura godhachuun yeroo baay'ee jechaafi gochaan dhalootaa dhalootatti kan darbuudha. Kana jechuun, fooklooriin ummata tokkoo kan maddu jiruufi jireenya ummatichaa irraa ta'ee kan labata tokko irratti qofa dhaabbatu akka hintaane hubachuun ni danda'ama. Walumaagalatti, fooklooriin akkaataa ilaalchaafi xiyyeeffannaa namoonni qaban irraa kan ka'e hiikni garagaraa haakennamuuf malee, kan 'lore' ykn qabeenya hawaasaa garagaraa of keessatti qabatuufi kan jechaafi gochaan dhalootaa dhalootatti darbu ta'uun isaa kan walii galchiisu ta'a.

2.1 Gosoota Fookiloorii

Dorson (1972:1-2) fookloorii bakka gurguddaa afuritti qooduun dhiyeessa. Isaanis: wanta aadaa /material culture/, duudhaa hawaasaa /social custom/, aartii sochii hawaasaa /performing folk art/fi ogafaan /oral literature/. Qoqqooddiin kunis barumsaafi qo'annoof akka tolu jedhameeti malee gooroowwan afran kanniin gidduu walqunnamtii cimaan akka jirutu ibsama.

2.1.1 Wanta Aadaa

Wanti aadaa namoonni fedhii xiinsammuu guuttachuufi dandeettii ogummaa agarsiisuuf jecha kan hojjetan wantoota ijaan mul'ataniifi harkaan qabamuu dnda'aniidha. Wanti aadaa kan gurraan dhagahamu yookiin kan afaaniin dubbatamurra kan ijaan ilaallamuudha. Wanti aadaa kunis aadaa amantaafi falaasama hawaasa tokkoo kan calaqqisuudha; namoota ilaalchafi barsiifata tokko qabaniin kan dhaloota tokko irraa dhaloota itti aanutti darbuudha. Isaanis: ijaarsa manaa, dallaa, mimmiidhagsa meeshaalee, hojii harkaafi kkf wanta aadaa jalatti kan ka'uu danda'aniidha. Kunis faayidaa mataa isaa qaba. Halli jiruufi jireenya hawaasaa eessaa garamitti akka jijjiirameefi duraan bifa akkamii akka qabu baruun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, akka aadaa

Oromootti faaya daa'immaniif diraniifi kan yeroo shamarrummaa dubartiin godhattu hawwataafi kan hiika mataa isaa qabuudha. Dubartiin heerumtu meeshaaleen maatiifi fira irraa qophaa'ee qabatee deemtu, akkasumas, dhangaan meeshaa keessa kaa'amee fudhattee deemtu akkasuma kan kabaja sirna Sanaa agarsiisudha. Daa'imman meeshaan itii aannan dhugan, kan ittiin nyaataniifi uffata ittiin baattaman adda baasanii beeku. Kanaafuu, yeroo nyaata barbaadaniifi baatamuu barbaadan haadhatti fiduudhaan yookiin itti agarsiisuudhaan yaada isaanii ibsatu.

2.1.2 Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa wanta aadaatiin kan baay'ee walitti dhiyeenya qabuudha. Dhimma kana ilaalchisee Dorson (1972:3) yoo ibsu, duudhaan hawaasaa gochaafi ogommaa dhuunfaarratti xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeeny) gareerratti, akka ta'e ibsa. Duudhaan hawaasaa ummata keessatti umrii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee fudhateedha. Duudhaa hawaasaa keessatti kan hammataman kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa waaqeffannaafi guddina sadarkaa yookiin kabaja namaati.

Guddina sadarkaa (ce'umsa sadarkaa) kan jedhamu, sirna namni tokko umrii tokkoo yookin kabaja hawaasa keessatti qabu sana irraa gara olaanaatti ittiin darbu jechuudha. Kunis, daa'imni tokko guyyaa dhaloota isaa irraa kaasee xiyyeeffannaan maatiifi gaheen bahuu qaban baay'ee olaanaadha. Keessattuu, sirna Gadaa Oromoo keessatti yoo umriin ijoollee dabalaa deemu kabajni isaaniis dabalaa deema. Ijoolleen dhiiraa umriin isaanii hanga waggaa saddeetii Dabballee keessatti ramadamu. Yeroon kun yeroo daa'imummaati jedhama. Waggaa saddeet erga guutanii booda sadarkaa foollee jedhamu keessa galu. Umrii kanatti qe'ee irraa fagaatanii hojii salphaa hojjechuu danda'u. Yeroo umriin isaanii waggaa kudha jaha guute qondaala jedhamu. Umrii kanatti fageenya dheeraa deemanii hojii hojjechuu danda'u. Sadarkaa kana keessatti osoo sadarkaan kun hin xummuramin waggaa sadi dursanii miseensonni gadaa walitti qabamanii hooggantiita garee filatu. Umriin isaanii waggaa diigdamii afurii hanga soddonii lamaa namoonni filaman aangoo guddaa qabaachuun hojjetu. Yeroo sadarkaa roobaa doorii irra gahan miseensonni niitii fuudhuu danda'u. Egaa haaluma kanaan itti gaafatamummaa fudhachaafi dirqama isaanii bahaa deemuun isaanii dabalaa kan deemu ta'a. Ummanni Oromoo jireenya guyyuun raawwatu keessatti aadaa yookin barsiifata mataa isaa qaba. Aadaa ummata Oromoo guddisuufi tarkaanfachiisuun kan danda'amu maatiin seeraan qabee yoo ijoollee isaaf dabarsuu danda'e akka ta'e shakkii hinqabu.

2.1.3 Aartii Sochii Qaamaa

Aartiin sochii qaamaa hawaasaa, gosa aartii hawaasaa keessaa isa tokko ta'ee ogumni isaa sochii qaamaatin kan mul'atuudha. Aartii sochii qaamaa hawaasaa kanas, kan hawaasni muuxannoo jiruufi jireenya isaa keessatti argateen kalaqeedha. Aartii kana kutaa qaamaa keessaa harka, miila, mataa, fuula, mudhii, mormaafi kanneen kana fakkaatan irra caalaa isaanii sochoosuun kan raawwatuudha. Kutaa kana keessatti kan ilaalamuu danda'an shubbisa, diraamaafi sirboota gosa adda addaa jiru. Aartiin sochii qaamaa Ijoollee taphachiisuuf, sossobuuf, akkasumas, mallattoo hubachuu danda'aniin ofitti waamuu, erguudhaafi dheekkamsaaf guddisa ijoollee keessatti itti fayyadamuu dandeenya.

2.1.4 Ogafaan

Ogafaan dubbii afaanitiin kan dhalootaa dhalootatti darbuudha. Kana malees, aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, walumagalatti, ogumafi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabuudha. Ogumni kun hawaasni bara duriitii kaasee beekumsaafi muuxannoo kuufachaa ture of keessatti hammateera. Kunis, jireenya hawaasaa keessatti sochii godhamuun bu'aa ba'ii jireenyaa, mudannoowwan gara garaa, rakkoowwan isaan mudatan bira darbuudhaaf qabsoo godhamu keessa uumamaa deema. Ogafaan keessattuu hawaasa qubeen barreessuu hin eegallebiratti waa'ee addunyaa keessa jiraatanii ibsuuf, ilaalchaafi beekumsa jiru dhaloota dhufuuf dabarsuu keessatti gahee guddaa qaba.

Hawaasni ogafaan gargaaramuun, eenyummaa ofii beeksisa, dhuftee hidda dhaloota isaa seenessa, waa'ee jireenya waliigalaa irratti falaasama qabu ibsata. Aadaafi duudha isaa kan ittiin tursiifatus isumaani. Kana malees, gaddaafi gammachuu, hawwiifi abdi, jibbaafi jaalala, injifachuufi injifamuu, deeggarsaafi mormiin hundi isaanii ogafaaniin ibsamuu danda'u.

Seenaan raawwatame tokko dhaloota itti aanuuf akka darbu, sanyiin isaaniis itti fufiinsa akka qabaatu ogafaaniin mirkaneeffama. Duudhaa hawaasaa gaarii ta'e, fudhatama godhatee, kabajamee akka jiraatu gochuuf ogafaanitti dhimma bahama. Maddi ogafaanii mudannoowwaniifi muuxannoowwan hawaasati. Dhimmoota hawaasaa garagaraa irratti dameewwan ogafaanii haala, yeroofi eddoo barbaachisanitti dhimma itti bahama. Isaanis: mammaaksa, durdurii, hiibboo, baacoo, geerarsa, weedduu, eebbafi kkf yommuu ta'an faayidaafi kaayyoo mataa isaanii qabu. Fakkeenyaaf, mammaaksa yoo ilaalle, faayidaan isaa dubbii mi'eessuufi dubbii gabaabsuuf yoo ta'u, kaayyoon isaa ammoo araarsuuf, akeekkachiisuuf,

barsiisuufi ittiin qeequuf ta'uu danda'a. Ogafaan bashannansiisaa kan nama barsiisu waan ta'eef ijoolledhaa hamma maanguddootti eddo barbaachusutti kan dhimmi itti bahaniidha. Sannuu ijoollee qaruuf, dandeettii afaanii kan ittiin cimsaniifi dandeettii gadifageenyaan yaaduufi xiinxaluu isaanii gabbisuuf kan gargaarudha. Kanaafuu, ijoolleen osoo hin nuffin siala' yinaan hordofuu danda'u. Fedhii waan haaraa baruuf qabanirraa kan ka'e gaafatanii mirkaneeffachuu barbaadu.

2.1.4.1 Yaadrimee Ogafaanii

Ogafaan uumama afaanii wajjiin walqabatee kan hawaasni yaada, fedhii, ilaalcha, jaalalaa, jibba, dinqisiifannaafi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsachaa tureedha. Dhimma kana ilaalchisee Addunyaa (2018) afoolli ogummaa (wisdom) labata tokkoo kan biraatti afaaniin dabarsuudha, jechuun ibsa. Afoolli afaaniin dubbatamuu qofa osoo hin taane, dandeettii addaa kan barbaaduufi ogummaa karaa ittiin yaada isaanii dabarsuuf fayyadaman akka ta'e hubanna.

Ummanni Oromoo bakkaafi yeroo adda addaatti dhimma adda addaatiif afoolatti gargaaramee ergaa isaa dabarfachaa ture; dabarfachaas jira. Ogafaanitti fayyadamuunis dhalootaaf, aadaa, duudhaafi eenyummaa isaa kan ittiin ibsaniidha. Kana malees, ogafaanittiin barsiisuuf, miliqsuuf, eegsisuuf, bashannansiisuufi akeekkachiisuuf kan dhimma itti bahuudha.

Ogafaan guddisa ijoollee keessatti qooda olaanaa qaba. Sababni isaas, karaa salphaa ta'een bashannansiisaa kan barsiisu, sammuu ijoollee keessa turuufi yaadatamuu kan danda'u ta'uu isaati. Daa'imman jecha gogaatin yoo itti himan nufuu danda'u. Ogafaan garuu dhama ykn mi'eessituu dubbii waan ta'eef si'aayinaan dhaggeeffatus, waan baran yaadachuus danda'u. Dhimma kana ilaalchisee (2017) Hinseenee (2010:3) faayidaa afoolaa yoo ibsu, "Afoolli ijoolleef barumsaaf beekumsa afaaniif faayidaa guddaa qaba. Naannoo barsiisa, dandeettii waa qabachuu ni guddisa, seeraafi miidhagina afaanii nibarsiisa." Akka yaada kanaatti, ijoolleen dandeettii garagaraa akka horatan, dandeettiin waa yaaduu sammuu isaanii akka bal'atu /gabbatufi naannoo isaanii hubatanii akka guddatan kan godhu jechuudha. Egaa dameewwan ogafaanii kan jedhaman mammaaksa, hiibboo, durdurii, baacoo, faaruu, jechama, geerarsaa, walaloofi kkf fa'a. Isaan hundumtuu faayidaa mataa isaanii qabu. Kana keessaa, maatiin yommuu daa'ima guddisan sadarkaa umrii garagaraa irratti afoola fayyadaman qabu. Isaan keessaa: hurursa daa'immanii, hiibboo, mammaaksa, sheekkoofi baacoon isaan muraasa.

Hamma fayyadama afoolaa yeroo ammmaa yoo ilaallu isa durii irra baay'ee xiqqaachaa dhufuu isaa hubanna. Kana ta'uu isaa kan arginu, ijoolleen yeroo mana barumsaa dhufan hubannoofi dandeettii isaan qabataniidhufan irratti hundaa'udhaani. Dhimma kana irratti Tadesse (2006) In studies on Ethiopian childhoods less attention has been given to children's oral tradition and local knowledge, jechuun ibsa. Kana yoo jennu faayidaan afoolaa xiqqaa ta'ee osoo hin taane, xiyyeeffannaa kennamutu xiqqaa ta'e. Yoo fayyadamuun danda'ame garuu miiraafi haamilee ijoolle cimsuu irratti humna guddaa kan qabuudha. Yaada kana ilaalchisee Warqinash (2010) yoo ibsitu, Oromo use proverbs to encourage their children to be fruitful and knowledgeable about their culture, jetti. Yaada kanarraa kan hubannu, ummanni Oromoo afoolatti fayyadamuun daa'imman akka jajjabeessaniifi beekumsa akka itti horan, akkasumas aadaa ummata aoromoo kan ittiin barsiisan ta'uu isaati. Fakkeenyaaf, afoola keessaa mammaaksa yoo fudhanne, ijoolleen akka aadaa ummata isaanii irratti beekumsa horataniifi milkaa'an gochuu dandeechisuu isaati.

2.1.4.2 Amaloota Ogafaanii

- **Hurrubummaa-** Amaloota afoolaa keessaa hurrubummaan isa tokko. Afoolli bakka jamaa yookin qaamni hirmaatu jirutti yookin fi dhuunfaatti gaggeeffamuu danda'a. Yeroo raawwii isaatis dubbii afaaniifi sochii qaamaa dabalachuun kan raawwatamu ta'uu isaa agarsiisa. Jamaan karaa garagaraatin hirmaachuu danda'a. Mallattoolee agarsiisuun, sagalee baasuufi sochii qaamaatiin qooda fudhachuu isaa ibsata. Kana malees, akka aadaa afoolichaatti hurrubni garaagarummaa qabus jira. Afoolli hundumtuu yeroo hurrubaman caalaatti hiikafi miidhagina qabaatu.

- **Yoomessa-** Jechi yoomessa jedhu jechoota lama irraa kan ijaarame yommuu ta'u, yoom'fi 'eessa' kanneen jedhaniidha. Jechi 'yoom' jedhu yeroo afoolichi itti gaggeeffamu, 'eessa' kan jedhu ammoo eddoo ykn bakka afoolichi itti hurrubamu agarsiisa. Afoolli tokko hurrubamuuf yeroofi bakka mataa isaa danda'e qaba.

- **Ummatummaa-** Afoolli kan ummata abbaa afoolichaatin uumameefi kan deebi'ee ummatuma tajaajiludha. Abbentaan isaa kan ummataa malee kan nama dhuunfaa miti. Dhimma kan ilaalchisee Addunyaa (2018) yeroo tokko tokko 'jedhe abbaan ebalu' yommuu jedhn dhagahama; namichi muuxannoo kana kanneen isaan duraa irraa kan fudhate ta'uu danda'a. kanaafuu, afoolli amala ummatummaa malee, amala hallanyummaa hinqabu jechuun ibsa. Kana jechuun namni dhuunfaa afoolota hawaasni itti fayyadamu funaanee galmee yookin

dookmentiidhaan hin teechisu jechuu miti. Kunis kan fayyadu akka hin dagatamneefi dhaloonni salphaatti argatanii akka dubbisaniifi itti fayyadaman gochuuf.

- **Jijjiiramummaa-** Afoolli afaaniin dubbatamaa kan dhalootaa dhalootatti darbu darbu waan ta'eef yeroodhaa yerootti akkasumas, namoota dubbataniin jijjiiramni uumamuu danda'a. Kan ta'uu danda'us, guddina afaanii wajjiin wal qabatee jechoonni dur itti fayyadaman jechoota birootin bakka bu'uufi haalli namoonni itti ibsan adda adda ta'uudha. Kana jechuun garuu, qabiyyeen ykn ergaan isaa nijijjiirama jechuu miti.

2.1.4.3 Faayidaa Ogafaanii

Afoolli kan hawaasa irraa maddu ta'ee, deebi'ee hawaasni karaa adda addaatiin kan itti tajaajilamuudha. Kunis, yaada, fedhii, abdi, jibbaafi jaalala ittiin ibsataniifi muuxannoo jireenya isaanii dhalootaaf ittiin dabarsaniidha. Dhimma kana ilaalchisee Addunyaa (2018) kitaaba Semmoo irratti, "Afoolli tajaajila hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni haala yeroo ibsuufi ta'iinsota kuusuu, hir'inaafi cimina jiru qeequu, honnachiisuu, barsiisuufi miliqsuudha, "jechuun eera. Yaada kanarraa kan hubannu, afoolli kuufama muuxannoo dhala namaa ta'ee yeroofi eddo barbaadetti dhaloota isaa ittiin barsiisuun, daandii jireenya isaan darbaniifi ammaa akka waliin madaalanii jiraatan agarsiisu, daawwitii jireenyaa ta'ee gargaaruudha.

Jireenyi hawaasaa yeroo hunda haala tokkoon hinadeemsifamu. Haalliifi jireenyi dhala namaa jijjiiramaa waan ta'eef, haala dinagdee, siyaasa, amantiifi aadaa kan bu'uureffate ta'uu danda'a. Kanas ta'u garuu, bu'aa ba'iin hawaasaafi milkaa'ina isaa faana bu'ee kan tursu ogafaan akka ta'e Addunyaan kaa'ee jira. Egaa hawaasni dhalootaaf cimina qofa ykn hanqina darbe barsiisuu qofa osoo hintaane hanqina har'a uumame akka hinraawwanneefi cimina jiru daran cimsanii akka eegan kan ittiin hidhannoo isaanii cimsan jechuun ni danda'ama.

2.1.4.4 Gosoota Ogafaanii

Maalummaa ogafaanii ilaalchisee Misgaanuu (2011), "*Ogafaan kan nama hawwatuufi dubbiidhaan kan darbuufi bifa walaloofi jeedaloon dhiyaachuu kan danda'uudha.*" Kanaaf maatiin afoolatti fayyadamuun ijoollee beeksisuu, hubachiisuu, bashannansiisuu, isa fuula duraa itti agarsiisuu, miliqsuufi itti madaqsuu danda'u.

Ogafaan gooroowwan adda addaa qaba. Gooroowwan kanneen keessaa mammaaksi, jechamni, geararsi, sirbi, durduriin, eebbaafi taphni ijoollee isaan muraasa. Faayidaa gooroowwan afoolaa

adda adda baasanii qoqqooduu ilaalchisee Gaddisaa Birruufi warri biroo (1991:92) akkanatti ibsu. Kutaa afoolaa tokko kutaa isaa osoo hinhubatiin hundumaa walitti waamuun yaada waldhahu keessa nama buusa. Kanaafuu, afoola hunda bifa bifa saaniitiin adda baasanii beekuun barbaachisaadha jedhu.

Dameewwan Ogafaanii hedduufi faayidaaf yoomessa mataa isaanii kan qabaniidha. Isaan keessaa kan maatiin yommuu ijoollee guddisu fayyadamu Huruursa daa'immanii, Mammaaksa, Hibboo, Geerarsa, Jechama, Durduriifi Tapha ijoollee haala umriifi sadarkaa waa baruu danda'uu isaanii irraatti hundaa'uun kan dhimma itti bahan haala itti aanuun dhiyaatu.

Daa'ima kan jedhaman dhalootaa hanga waggaa lamaa kan jiran kan ofkeessatti qabatuudha. Daa'imman fedhii isaanii jechaan dubbachuu umrii hin dandeenyetti, waan hunda boo'ichaan ibsatu. Fakkeenyaaf, dhukkubsachuu, beela'uu, qorrachuu ykn bakki ciisichaa itti toluu dhiisuu danda'a. Haatis dda'ima sana ol kaastee hammaatee harma itti kenniti. Yoo hodhuu didde ofitti qabdee hurursiti. Kana malees, haati dhiistee yoo manaa baate, daa'imni beela'ee yookiin hirriibni qabee boo'uu dandeessi. Yeroo kanas guddistuun daa'ima sanaa duugdatti baachuun sossobdee raffisti.

Hurursi daa'immanii sossobuuf, nyaata nyaachisuuf yookiin raffisuuf qofa kan itti fayyadamnu osoo hintaane kan jaalala qaban ittiin ibsataniifi mararfataniidha. Ergaan afwalaloo hurursa daa'immanii jaalala, dinqisiifannaa, hawwiifi kabaja daa'immaniif qaban ittiin ibsaniidha.

Jecha mammaaksa jedhuuf hiika waltawaa ta'e argachuun rakkisaa akka ta'e (Bukenya 1994, Finnegan 1970) ibsaniiru. Yaada kana Fiqaaduu Birruu (2007) Mieder (1989) wabeeffachuun yoo ibsu hiikni mammaaksaaf kennamu mammaaksotarra akka baay'atu "we can almost state that there are more definition attempts than there are proverbs" jechuun ibseera. Rakkoo kana fooyyessuuf Mieder (1993) tooftaa tokko fayyadame. Tooftaan isaas namoota beektota ta'an garuu hayyoota dhimma kanaa kan hintaane digdamii shan hiika mammaaksa ni ta'a kan jedhanii yaadan akka kennan gaafate. Hiika isaan kennan keessatti jechoota al afurii hanga digdamaatti deddeebi'anii dhufan walitti qabuun "proverb is a phrase, saying statements, or expression of the folk wich contains above wisdom, truth, morals, experience, lessons, and advice concerning life and which has been handed down from generation to generation" jechuun hiika mammaaksa kenneera. Yaalii namoonni adda addaa jecha mammaaksa jedhu kana hiikuuf godhan kan

bubbule akka ta'eefi ammayyuu namoota hunda kan waliif galchuu akka hinargamiin (Fiqaaduu Birruu 2007) ibseera.

Haata'u malee, hiika hayyoonni adda addaa kennan irraa mammaaksi himoota gaggabaaboon dubbatamuu, abbeentaan isaa nama dhuunfaa osoo hintaane kan gartuu ykn hawaasa mammaaksichatti dhimma ba'uu ta'uu, ergaa dhugaafi qabatamaa ofkeessaa kan qabu ykn yaada namoonni hedduun dhugaadha jedhanii fudhatan kan dabarsu; safuu, aadaa, duudhaa saba mammaaksichatti dhimma ba'uu kan ibsuufi dubbii qolaa fayyadamuun akka beekamu hubanna.

Walumaagalatti, hiika mammaaksaas ta'e kan ogafaan biroo kennuun kan danda'amu tajaajila inni kennu, haala inni ittiin dhiyaatuufi caasaa isaa irratti hundaa'uun osoo xiinxalamee gaarii ta'a. Fakkeenyaaf mammaaksi haasaa eegaluufis goolabuuf ni oola. Yeroo biroo ammoo dubbii miidhagsuuf tajaajila. Yeroo itti aadaa hawaasichaa calaqqisiisuuf, barsiisuuf gargaarus ni qaba. Kanaaf faayidaa mammaaksaa, addummaa inni ogafaan biroo irraa qabuufi caasaa isaa kutaa kana keessatti ilaalla.

I. Faayidaa Mammaaksaa

Faayidaa mammaaksaa Bukenyafi warra biroo (1994:53) akka itti aanu kanatti ibsan “Riddles are part of the earliest language training experiences a child is exposed to when learning the riddle, a child is given exposure to the use of connected speech. The mastery of riddles enhances certain other linguistic skills. Each broad language skill can be sub divided into numerous meaningful and specific units” jechuun addressaniiru Akkasumas, dandeettii afaanii dagaagsuuf, hubannoo gabbisuuf, safuu hawaasaa eegsisuuf, dandeetti yaaduu akka cimsuufi bashannansiisuuf akka ooludha. Kanaaf ijoolleen mammaaksa mana isaanii qofatti osoo hintaane mana barumsaattis akka taphachuu qaban agarsiisa.

Mammaaksi Oromoo waa'ee faayidaa mammaaksaa ibsu “Ittoon soogidda hinqabneefi dubbiin mammaaksa hinqabne hinmiyaa'u” kan jedhuun eegalla. Kun kan agarsiisu dubbii taasifamu kamiyyuu keessatti mammaaksa fayyadamuun dhimma baay'ee barbaachisaa ta'uu agarra. Faayidaa mammaaksaa Finnegan (1970) akkanatti ibsiti: Jiruufi jireenya dhala namaafi afaan keessatti mammaaksi baay'ee barbaachisaadha. Isa malee dubbiin taasifamu jiraachuu mala. Garuu dubbiin akkanaa lafee foon hinqabneefi qaama lubbuu hinqabneedha jechuun mamamaksi afaan keessatti akka baay'ee barbaachisu “proverbs are essential to life and language” without

them, the language would be but a skeleton without flash, a body with out soul (R. Finnegan 1970:415) jechuun ibsiti. Yaada kanarraa waliigaltee namni taasisu mara keessatti mammaaksi akka hindhibamneefi yoo dhibames dubbiiin sun kan hinmiyoofne ta'uu hubachuu dandeenya.

Afaan dhalli namaa ittiin waliigalu hedduu keessa mammaaksi akka jiru (Fiqaaduu Birruu, 2007) ni ibsa. Gooroowwan ogafaanii keessaa mammaaksi beekamaafi jaallatamaa akka ta'e waliigaltee taasifamu keessatti waan hedduuf akka faayyadu (Gaaddisaa Birruufi warra biroo 1991, Kipury 1983, Dorson 1972 ,Bukenyafi warra biroo 1994) ibsaniiru. Yaada kanarraa wanti hubannu gooroowwan ogafaanii keessaa mammaaksi isaan biroo caalaa dubbii keessatti akka baay'atuufi afaan hawaasa addunyaa kanaa baay'ee keessatti akka argamuudha.

Mammaaksi guddina afaan tokkoof shoora olaanaa qaba. Nama mammaaksa yeroo hedduu fayyadamuun abalu dubbii beeka jedhama. Yaada kana Tafarii Ayyaanaafi warra biroo (1998) akkanatti ibsan: Nama dubbii keessatti mammaaksa fayyadamuun inni dubbii beeka kan jedhamu, beekumsi mammaaksaa sadarkaafi dandeettii dubbii nama tokkoo agarsiisa waan ta'eef jechuun ibsu. Bukenyafi warri biroo (1994) ammoo mammaaksi faayidaa gurguddaa afur hawaasaaf akka qabu ibsu. Isaanis, haasaa mi'eessuuf, jireenya hawaasaa calaqqisiisuuf, yaada goolabuufi safuu hawaasaa eegsisuudha.

A. Haasaa Mi'eessa

Ga'ee mammaaksi dubbii mi'eessuuf qabu ibsuuf Chinue Achebe “proverbs are the palm oil with which words are eaten” jechuun kaa'eera. Ummanni Oromoos barbaachisummaa mammaaksaa “Ittoon sogidda hin qabneefi dubbiiin mammaaksa hinqabne hinmiyaa'u” jechuun ibsu. Mammaaksi ga'umsa waa miidhagsanii dhiyeessuu qaba. Namni isatti gargaaramu tokko yaada sammuu isaa keessa jiru akka gurra dhaggeeffataatti tolutti bocee, miidhagsee dhiyeessa. Yaada armaan oliirraa mammaaksi haasaa miidhagsuuf ga'ee guddaa kan qabu ta'uu hubachuu dandeenya.

B. Jireenya hawaasaa calaqqisiisa

Muuxannoo namoonni bara dheeraadhaaf qaban kan gammachiisus ta'e gaddisiisu kan miyaa'us ta'e hadhaawu calaqqisiisuuf kan gargaaran mammaaksonni ni jiru. Haala jiruufi jireenya hawaasa itti fayyadamuu karaa salphaafi hubatamuu danda'uun ibsuuf ga'ee guddaa qaba. Ga'ee

mammaaksi dhimmoota hawaasa tokkoo ibsuuf qabu Fiqaaduu Birruu (2007) akkanatti ibsa. “Aadaa sabaafi sablammoota hedduu keessatti fedhiin yaadota dhokataa ibsuuf jechoota filachuun karaa ifaafi salphaadha. Sabaafi sablammoonni hedduun haala gabaabaafi ifa ta’een aadaa, duudhaa, yaada, fedhii, ilaalcha, beekumsaafi ga’umsa dandeettii afaanii kan ittiin ibsatan mammaaksaan ta’u ibsa. Akkasumas jireenya hawaasaa keessatti tajaajilaafi hiika yaadrimee dhimmoota barbaachisoo ta’an kamiyyuu mammaaksi ibsuu akka danda’u eera. Yaada kanarraa wanti hubannu mammaaksi dhimmoota aadaa, hawaasummaa, siyaasa, dinagdeefi falaasama uummatichaa ibsuu keessatti ga’ee olaanaa akka qabuudha.

C. Yaada Goolaba

Ga’ee mammaaksi dubbii xumuruu keessatti qabu Oromoon “mammaaksi tokko dubbii fida tokko dubbii fixas” jechuun ibsa. Haasaan namootaa yeroo hedduu mammaaksaan goolabama. Kunis kan ta’u mammaaksi sun yaada duraan yeroo dheeraaf hasa’amaa, mari’atamaafi walmormaa ture tokko walitti qabuufi yaada bal’aa cuunfee dhiyeessuun akka salphaatti hubachuuf nama dandeessisuu isaa (Bukenyaa fi warra biroo 1994, Fiqaaduu Birruu 2007, Gaddisaa Birruufi warra biroo 1991) ni ibsu. Fakkeenyaaf, Oromoon waan haasa’aa ture tokko xumuruuf “dubbiin baay’ateef harreetti hin fe’an’ jechuun dubbii dubbataa ture xumura. Kana jechuun wanti hanga ammaa jedhamaa ture ga’adha, waan jenne hojiitti haa jijjiirru ergaa jedhu qaba.

D. Safuu Eegsis

Mammaaksi safuun hawaasaafi barsiifanni isaa akka hincabne eegsisuu keessatti ga’ee olaanaa qaba. Yaada kana Gaaddisaa Birruu (1991:89) akkanatti ibse. “Mammaaksi addaggee kan arrabsu, balleessaatti kan ori’u, waan gaarii kan hojjete kan galateeffatu, cimaa kan jaju, dimshaashatti hamaafis ta’e tolaaf akka haalasaatti yaadaafi gorsa kan kennu kutaa afaaniiti” jechuun ibsa. Hawaasni tokko duudhaa mataasaa qaba. Aadaa, amanataa, amaleeffannaa /barsiifata/ kan dhalootaa dhalootatti darbee hojiirra akka oolu barbaadu. Wanti inni itti gammadu kana kan cabse, kan hanqiseefi kan jalliseti safuu wallaale; maal jedhuu hin beeku; jedhee itti ori’aa, dheekkamaa, gorsaa barsiisa. Seerriifi malli inni safuu eegsisuuf, duudhaasaa gabbifachuufi kabachiifachuuf dhimma itti ba’u keessaa tokko mammaaksota barsiisan, gorsan,

qeeqan, akeekkachiisan, jajjabeessaniifi wkf gargaaramuunidha. Kanaaf, mammaaksi safuu hawaasaa kabachiisuu keessatti ga'ee olaanaa qaba (Bukenyaa fi warra biroo 1994).

Yaada armaan olii kanarraa mammaaksi duudhaa, barsiifata, naamusa fi aadaa hawaasa mammaaksichatti tajaajilamuu kan hinbeekne barsiisuuf, kan osoo beekuu cabse ittiin ifachuufi akka deebi'ee hincabsine gorsuuf, akkasumas dhaloota jiruu fi dhufuuf dabarsuuf mammaaksi ga'ee olaanaa akka qabu hubanna.

Walumaagalatti, faayidaan mammaaksi hawaasa itti fayyadamuuf kennu haasaa mi'eessuu, jireenya hawaasaa calaqqisiisuu, yaada goolabuufi safuu eegsisuudha. Faayidaaleen kun ammoo dubbii afaanii keessatti qofa miti. Ogbarruu keessatti faayidaalee kanneen ni kenna. Yaada kana Bukenyafi warri biroo (1994:47) akkanatti ibsu "Achebe goes a head in Things fall apart and arrow of God to illustrate just how colorful proverbs make conversation. To appreciate this one should attempt reading novel with out the proverb and see how plain they are" jechuun mammaaksi akka ogbarruu keessatti bakka guddaa qabu ibsu. Haasaa afaaniin taasifamuufis ta'e barreeffama keessatti mammaaksi tajaajila walfakkaataa kennu akka danda'u: In both speech and writing and indeed other forms of verbal communication, proverbs are embellishers" Bukenyafi warri biroo 1994:47) ibsaniiru. Yaada kanarraa mammaaksi faayidaa dubbii afaanii keessatti hawaasa itti gargaaramuuf kennu ogbarruu keessattis kennuu akka danda'u hubachuu dandeenya.

II. Xiyyeeffannaa Mammaaksaa

Xiyyeeffannaan mammaaksaa hojiifi amala namaarratti yaada gaarii ykn gorsa kennuu, muuxannoo yeroo dheeraa kuufamerraa namaaf qooduun dhaggeeffataa gara mataduree hasa'amutti fiduudha. Yaada kana Gaaddisaa Birruufi warri biroo (1991) yoo ibsan: Akka afoollan kaanii mammaaksi bashannanaaf, ykn yeroo dabarfachuuf hinfayyadu. Mammaaksi haasaa yeroo yerootti haasa'amu miidhagsuuf ykn ifa baasuuf kan gargaarudha" jedhu. Yaadni kunis gooroon ogafaanii kun akka hibboo, durdurii, sirbaafi kkf dhaggeeffataa gammachiisuuf, kofalchiisuuf ykn yeroo dabarsuuf hinmammaakamu. Ergaa ykn yaada dubbatamu mammaaksaan dabarsuuf malee nama itti mammaakame sana gammachiisuufi taphachiisuuf akka hinoolle hubanna.

III. Caasaa Mammaaksaa

Mammaaksi akkuma gooroowwan ogafaanii biroo akkaataa itti caaseffamu qaba. Kana jechuun jechoonni mammaaksi itti fayyadamu akkaataa isaan itti qinda'an jechuudha. Gaaddisaa Birruufi warri biroo (1991) yaada kana akkasitti ibsan: mammaaksi akkam yoo gabaabbate jechoota lamaan akka himamuufi mammaaksa ta'e jecha tokkoon kan himamu akka hinjirre ibseera. Wantoota mammaaksa gooroowwan biroo irraa adda godhus akkanatti ibsan: Ciigoofi mammaaksa waan adda godhu keessaa ciigoon akka mammaaksaa ergaa bal'aa kan dabarsu, osoo hintaanee hiika jecha tokko qofa kan himudha jechuun ibseera. Fakkeenyaaf, garaa nyaachuu kan jedhu yoo fudhannee garaa raasuu hiika jedhu kenna. Akkasumas ciigoon jechoota lamarraa kan uumamu yoo ta'u; hiikni jechoonni lamaan bakka tokkotti kennan kophaatti hinkennan. Yaada kana Bukenyaafi warri biroo (1994:37) 'chambers' wabeeffachuun yoo ibsan "A proverb is a short familiar sentence expressing a supposed truth" jedha.

Yaada armaan oliirraa wanti hubannu jechoonni mammaaksi fayyadamu jechootuma hawaasni yeroo hedduu dhimma itti ba'u, hiika kallattii kan qabanidha. Kanaaf jechoota mammaaksaarra ergaa inni dabarsutu ulfaata. Jechamni garuu jechoota of danda'an lama walitti fiduun hiika duraan qaban dhiisanii hiika biraa ittiin dabarfachuuf kan itti fayyadamudha. Namni mammaaksa sassaabee qoratu karaa lamaan hojjechuu nidanda'a. Caasaa qorachuu yookaan qabiyyeen bakka adda addaatti qoqqooduu dandeenya.

A. Maalummaafi Yoomessa Hibboo

Hibboon gooroowwan ogafaanii keessaa tokko ta'ee halkan halkan ijoollee lamaan bifa gaaffiifi deebiin kan taphatamudha. Hibboon guyyaa yoo taphatan gaafa baasu jedhamee waan amanamuuf galgala galgala malee guyyaa guyyaa hintaphatamu. Tapha kana keessatti wal arrabsuun waan jiruuf abbaaniifi haati, manguddoonni akkaataa itti taphatamu ijoolleetti agarsiisu malee ijoollee waliinis ta'e walii isaanii waliin hintaphatan (Abarraa Nafaafi biroo 1992:1) jedhu. Warquu Dachaasaafi warri biroo (1992:122) ammoo hibboon gaaffiifi deebii irratti hundaa'ee yeroo boqonnaa ofii gammachuun dabarsuuf, mukuu ba'uuf kofalchiisaafi barsiisaa tapha gaggeeffamudha" jedhu.

Guyyaa yoo taphatan ijatu nama jaama ykn gaafa baasu kan jedhu barsiifanni hawaasicha keessa akka seeraatti jira (kipury 1983, Bukenya 1994). Kanumaaf ‘hibboon guyyaa hinjirtuu; ekeraan mataa sihaa injirtu’, jedhanii guyyaa yeroo hojii akka hintaphatamne sossodaachisu (Warquu Dachaasaa 1992). Yaada kana ilaalchisee Finnegan (1970:141-42) akka ibsitetti ammoo, *“It is very common in all parts of Africa for there to be a general rule. Not always strictly absorbed, but a rule nevertheless that riddle telling and not during the day, see on day it is generally children who are expected to take an interest in the light hearted asking of riddles”* jetti.

Ibsa hayyoota armaan oliirraa hibboon tapha ijoollee lama gidduutti gaggeeffamu. Yoomessi hibboo halkan, ijoolleen hanga rafanitti kan ittiin waarisiifatani. Guyyaa hibboon hintaphatamu, baay’ee dhorkaa dha. Seera kana ijoolleen akka eeganiif guyyaa yoo taphattan gaafa baastu, haadha keessantu du’afi kkf jechuun akeekkachiifamu. Akkasumas hibboon bifa gaaffiifi deebiin haala dorgommiitiin dhiyaata. Kanarraa kaanee hibboo gooroowwan ogafaanii biroorraa maaltu adda akka godhu ilaaluu dandeenya. Hirmaattonni isaa ijoollee qofa, yoomessi isaa halkani, haalli itti dhiyaatu bifa gaaffiifi deebiin, wal dorgommii waan ta’eef tapha baay’ee ho’aa akka ta’e hubachuu dandeenya.

Tapha hibboo keessatti gaafataan gaaffii hibboosaa akka xumureen namoota waliin taphatan keessaa kan ariitiifi qalbii qabu dursee akkana jedha. Gaafataa yoo ta’e “hinqorattu, hinsoqattu, mana saayyaa hinseentu” jedha. Yeroo kana gaafatamaan deebii hibboo gargaarsa gaafataa malee soqee argachuu qaba. Yoo gaafatamaa ta’e ammoo ‘ninqoradha ,ninsoqadha’ jedha. Yeroo akkaanaa namni hibbifate nama hibbifate sana gaaffii barbaade gaafachuu danda’a. Nama tapha hibboo sana keessa hinjirreen ‘buna jaalaa afaan sika’ee” jedhama. Gaafaatamaan dursee yoo akkana ittiin jedhe deebii himuurratti nigargaara, gaafataati dursee jedhe yoo ta’e ammoo deebii himuurraa ofqusata (Warquu Dachaasaafi warra biroo 1992:5). Gaafataan tapha hibboo eegaluuf ‘hibboo’ kan jedhu yoota’u gaafatamaan ammoo ‘hibib’ ykn ‘hibbak’ ykn ‘hibbakka’ jechuun tapha kana taphachuuf fedhii qabaachuusaa agarsiisa. Yaada kanarraa kan hubannu hibboon akkaataa itti eegaluufi seera ittiin taphatamu qabaachuudha. Seera kana taphattoonnis ta’e dhaggeeffattoonni akka kabajaniifi ittiin bulan agarra.

Akkasumas, hibboon akkaataa itti dhumu kan ofiisaa qaba. Akkaataa hibboon itti xumuramu lamatti qooduun nidanda’ama. Kunis gaaffii gaafatameef deebiin sirrii yoo argameefi deebiin sirrii yoo hindeebi’iin hafe akki itti xumuramu adda adda. Yaada kana ilaalchisee Abarraa

Nafaafi warri biroo (1992) akka itti aanutti ibsan: Yoo gaafatamaan waamee waamee deebii bira ga'u, gaafataan, isattuu/agatte' jedhu. Kan gaafatamu haala kanaan deebii gaaffii erga argatee booda gara gaaffii biraatti taruudha. Taphichi dabaree dabareedhaan walgaafachaatu itti fufa.

Kan gaafatamu deebii gaaffii argachuu baannaan gaafataaf lafa kenna. Gaafataan lafti gaarii kennamuufii baannaan hinfudhadhu jechuu danda'a. Kan gaafatamus lafa erga kenneefii booda akka hinarrabsamneef ariitiin 'mana saayyaa seene, gaadii jiidhaa qabadhe' jedha. Yeroo akkanaa of eebbisee deebii himaaf malee hinarrabsu (Abarraa Nafaafi biroo 1992:5-6) akka ibsanitti. Akkaataa hibboon itti xumuramu kana Warquu Dachaasaafi warri biroo (1992) yoo ibsan: Gaafatamaan deebii sirrii yoo kenne taphni dabareen taphatamu akka itti fufuufi yoo deebii wallaale garuu hatattamaan isa hibbifateef biyya, sawwaa, ykn gabaa kennuun (obaasuun) dirqama jedhu. Kennus 'afaan kee dammaan qabe' jechuu baannaan ni arrabsama. Hibbifatamaan 'afaan kee dammaan qabe jennaan hinarrabsu yoo arrabsaa jiraates dhaabee deebii hibbicha akka himu (Warquu Dachaasaa 1992:131-32) ibsu.

Yaada armaan olii lamaan irraa wanti hubannu gaafatamaan hibboo, deebii sirrii hibbichaa yoo argate gaafataaf wanti kennu hinjiru. Akkasumas arrabsuunis ta'e arrabsamuun hin jiraatu. Abbaa dabareetu tapha itti fufa. Gaafatamaan deebii hibboo yoo dhabe garuu gaafataaf biyya, horii, gabaafi kkf kennaaf. Hibbifatamaan kenna akka kenneen 'afaan kee dammaan qabe' ykn 'mana saayyaa seene gaadii jiidhaa qabadhe' yoo jechuu baate; gaafataan lafa isaa eebbifataa ykn horii isaa galchataa gaafatamaa ammoo arrabsa. Yoo dursee jedhe hinarrabsamu, yoo gaafataan arrabsuu eegallaan gidduutti jedhes arrabsoo akka dhaabu ibsa armaan oliirraa hubachuu dandeenya.

B. Faayidaa Hibboo

Hibboon faayidaa hedduuf oola. Keessayyuu dandeettii sammuu ilma namaa cimsurratti gahee guddaa qaba. Kan dur beekan gaafachuufis ta'e, kan gaafataman deebisuuf gad fageenyaan yaaduu, waan naannoo ofiitti argaman kan uumaman jiraniifi namootaan tolfaman sirriitti beekuu barbaachisa. Kan gaafatamanis ta'e kan deebisan kanarrati waan hundaa'uuf daa'imman wantoota naannoo isaaniitti argaman amala, bifa, faayidaafi akaakuu isaanii adda baasanii beekuuf hedduu gargaara. Warquu Dachaasaafi warri biroo (1992) faayidaa hibboo akkanatti ibsan. "Waan bifaan, amalaan walfakkaataa walbira qabanii madaalanii walitti dhufeenyaafi

addaan ba'iinsa isaanii barsiisuurratti ga'ee guddaa qaba" jedhu. Yaadni kun kan agarsiisu gaaffiin hibboo waan hedduu gaafata. Fkn 'yoo ciisu akka reeffaa yoo ka'u akka leencaa' hibboon jedhu amala gaafata. Deebiinis qawweedha.'Dukkan gumbii guute' kan jedhu bifa gaafata. Deebiin isaas nuugiidha. Hibboowwan kana fakkaatan amala, bifaafi faayidaa wantoonni qaban ilaalchisee mammaakaman hedduudha.

C. Caasaa Hibboo

Hibboon akkuma gooroowwan ogafaanii biroo caasaa ofiisaatii qaba. Caasaa hibboo ilaalchisee Mitikkuu Dhibeessaafi warra biroo (1991) akka ibsanitti "Hibboon caasaa gurguddaa lama qaba. Isaanis, hibboowwan salphaafi walxaxaadha. Akka ibsa kanaatti hibboowwan salphaa jedhaman hima tokkoon ykn lamaan gaafatamanii jecha ykn gaalee tokkoon kan deebi'ani yoo ta'anidha. Fkn 'ciisu akka reeffaa, ka'u akka leencaa' hibboon jedhu deebiin isaa jecha tokkoon deebi'a; deebiin isaas qawweedha. Hibboo walxaxaa kan jedhamu ammoo himoota lamaa oliin kan gaafataman ykn himoota lamaa oliin kan deebii argatanidha. Kana jechuun karaa biraa hima lamaafi isaa oliin gaafatamanii deebis himoota lamaafi isaa oliin yoo deebii argatan walxaxaa jedhamu jedha.

Fakkeenyaaf, Hima tokkoon gafatamee hima lama oliin kan deebi'u.

Gaaffii: Waa ja'a jaju

- | | |
|--------------------------------------|----------------------------------|
| Deebii 1. Hiddii soora malee gabbatu | 2. Bishaan ooficha malee yaa'u |
| 3. Lafa dhiisa malee diriire | 4. Waaqa utubaa malee dhaabbatu |
| 5. Uummoo dhukkuba malee aaduufi | 6. Qoree qaraa malee qaramuudha. |

Hibboo salphaafi walxaxaa ilaalchisee: Bukenyafi warra biroo (1994:59-61) hibboo salphaafi walxaxaa ilaalchisee akka ibsanitti "*The simple riddles have the riddle image cast in a statement or two and usually require a phrase or word answer. The complex riddles have their riddles image cast in more than two sentences. Its answer requires an explanation which has to be given in more than one statement*" jedhu.

Ibsa barreessitoota kanarraa kan hubannu hibboon hima tokkoonis ta'e lamaan gaafatamee jecha yookaan gaalee tokkoon kan deebifamu yoo ta'e hibboo salphaa, himoota lamaa oliin kan

gaafatamu yookaan hima tokkoofi isaa oliinyookaan ibsuudhaan kan deebi’u yoo ta’e ammoo hibboo ulfaataa/walxaxaa/ akka jedhamu irraa hubanna.

Yaada barreessitoota kana lamaan’rraa hibboon dubbii qolaa gargaaramuun, jechoota hiika lamaafi isaa ol fayyadamuun, waan ifatti mul’atuufi beekamaa ta’e jechoota fakkoo/imagery/ fayyadammanii dhoksuurratti waan walfakkaataniif barwalaloo barreessuu keessattis hedduu akka gumaachu hubachuu dandeenya. Hibboon uunkaa walaloo akka qabu, jechoota hiika dhokataa qaban fayyadamuurratti akka walfakkaatan akkasumas hibboofi barwalaloon walitti dhufeenya guddaa akka qaban ibsa hayyoota kanarraa hubachuu dandeenya.

Geerarsi gooroowwan ogafaanii keessaa tokko ta’e bifa walaloon kan dhiyaatudha. Hinseenee Makuriyaas (2010:56) yaaduma kana cimisa “Geerarsi madaa keessa ofii qaban ittiin bulgaafatu, dhiphinaafi roorroo ofiis ittiin dubbatu. Geerarsi humna namaa onnachiisuufi kakaasuu qaba. Xiiqiin akka nama qabu gochuullee danda’a, gosa sirbaati. Garuu, sirba callisanii dhiichisan miti” jedha. Yaada barreessitoota kanarraa geerarsi gooroo afoolaa amala walaloo qabuufi gootummaa/cimina/ waliin walqabate ta’uu hubanna.

Geerarsi ka namichi waa jabduu dalage ittiin baannatu, animoosaa himatu, kan ittiin dhaadatu. Faarsaan ammo namicha waa gaarii dalage takka fkn goota maqaa dhahanii geerarsaan akka farfatan (Asafaa Tafarraa 1997) ibsa. Yaadni kunis geerarsi tokko kan namoonni lolaan yookaan hojjiin, cimina isaanii ittiin himatan yoo ta’u kan lammaffaa immoo namoota waan gaarii dalagan yookaan gosa ofii kan ittiin farfatan ta’uu isaati.

I. Gosoota Geerarsaa

Qabiyyee isaarratti hundoofnee geerarsa bakka adda addaatti qooduu dandeenya. Warquu Dachaasaafi warra biroo (1993:39) akaakuu geerarsaa bakka gurguddaa shanitti qooda.

Qoodinsi kunis qabiyyee irratti hundaa’ee yoo ta’u, isaanis kanneen armaan gadiiti. Geerarsa ajjeessaa, geerarsa roorroo, geerarsa daboo, geerarsa farfannoofi kan duulaati.

Ayyaanaa Qaabataafi warri biroo (1991:52) ammoo qabiyyeema irratti hundaa’ee geerarsa akka kanaa gadiitti qoodu. Geerarsa namni bineensota gurguddaa ajjeese geeraru, namni ajjeesuu deemee yoo dhabee gale kan geeraru, namni miidhaan (dilbii) hedduu galche kan geeraru, Komii firaaf kan geeraru, geerarsa roorroo/rakkina/ ibsuuf geeraramu, geerarsa waan ajaa’ibaa himan,

geersa dogoggora akeekkachiisan, geersa namoonni ittiin wal cigan, geersa cimina ofii ittiin himan (of jajuu), geersa fira ofii ittiin faarsan, geersa namni osoo hojjetuu hiyyoome ittiin carraa ykn bara komatu, geersa mana hidhaa keessatti geeraramu, geersa waan baraa himu, kan haala jeeqamaa ibsu, kan shakkiifi gaabbii ilaalchisee geeraramu jechuun bakka hedduutti qoodaniiru. Yaada kanarraas geersa dhimma adda addaarratti akka geeraramu; geersa Oromoo qabiyyee hedduu qabaatus gootummaa, ciminaafi lolanii injifachuu kan jajjabeessu ta'uu isaa hubachuu dandeenya. Kaayyoon isaas namoota lola ykn hojiif kakaasuu, onnachiisuu, waan gaarii kan hojjetan faarsuu, cimina ofii ormaaf himuu, namoota cimina hinqabne, sodaatoo, albaadheyii balaaleffachuu dha. Geersa Oromoo ilaalchisee Sumner (1997:207) many heroic songs are applicable to any heroic situation in general whether it be war or hunting, they only praise the brave and insult the coward or the fool” jechuun yaaduma armaan olii cimisa.

II. Akkaataa Geersa itti geeraramu

Geersa akkaataa itti eegalan, akkaataa walharkaa itti fuudhaniifi akkaataa itti xumurantu jira. Akkasumas geeraraan yoo geeraru dhaggeeffattoonni callisanii hindhaggeeffatan jalaa qabu ykn jalaa cooqu. Ayyaanaa Qaabataafi warra biroo (1991:50-51) akkaataa geersa itti eegalaniifi walharkaa itti fudhan akka itti aanutti ibsan.

A. Akkaataa itti geersa walharkaa fuudhan

Geeraraan geersa yoo eegalu kallattumaan qabiyyeetti hinseenu. Geeraru akka fedhan akkaataa itti himataniifi geersa itti eegalantu jira. Nama geeraraa jirurraas akkaataa itti fudhanti jira. Akkaata geersa itti eegalaniifi walharkaa itti fuudhan Ayyaanaa Qaabataafi warra biroo (1991:50) haala kanaan ibsu: Geersa geeraramu osoo hineegaliin namni tokko geersa eegaluu yoo fedhe akkaataa itti jalqabantu jira.

Fakkeenyaaf: ‘Qilleensi tokko dhufee

Qamaleen muka qaphuu

Weenniin eegeekee qaphuu

Geeraraan tokko dhufee

Jaallataan dhaggeeffadhu

Jibbaan gurraa kee qaphuu' jechuun gara qabiyyeetti caha. Kun namni tokkoyyuu geeraru osoo jalqabiin akkaataa geerarsa itti eegalaniidha.

Akkasumas, geerarsi erga eegalee nama geeraraa jirurraa fuudhuun geerarsa geeraru yoo fedhan akkaataa wal harkaa itti fuudhantu jira.

Fkn2: Simuruuree yaa gindii

Anoo beekke sinmuruu

Nan si taraara malee

Si furuuree yaa hiriyyaa

Anoo danda'ee sinfuruu

Nansi gargaara malee ykn ammoo

B. Geeraraa Jalaa Qabuu (Cookuu)

Geeraraan yoo geeraru dhageeffattooni caljedhanii hindhaggeeffatan. Qabiyyee geerarsasaa dhaggeeffatanii kan faana deemuun jalaa qabu. Waljalaa qabuu ilaalchisee Ayyaanaa Qaabataafi warra biroo (1991:51) akkasitti ibsan: “Geerarsa keessa jalaa qabuu ykn jala cookuun jira. Kunis akka namichi geeraru sun yaadasaa nanneeffatuufi hafuura fudhatu taasisuuf gargaara. Akkasumas si dhaggeeffachaa jirraa isa hafe itti fufi yookaan qari jechuudha” jedhu. Yaadni kunis geeraraa gidduu gidduutti boqochiisuuf, waan geeraru tartiiba akka qabsiifatuuf, jabaadhu si hordofaa jirraa jechuuf akka ooludha. Geeraraa jalaa wanti geeraru yookaan tartiibni isaa yoo jalaa bade haa sirreeffatuuf akka calaa qabamu hubachuu dandeenya. Wanti jedhanii waljalaa qaban hedduudha. Kanneen keessaa muraasni:

Fakkeenyaaf: ‘Yaa waddeessa daarii

Hiruu qamaleedhaa

Amma ajjeftaa hinaariin

Duruu akka maleedha' kan jedhu kun nama ajjeesuu deemee, yoo hinmilkaa'in hafee, aaree inni geeraru akkanatti jajjabeessu. Nama qabiyyeen geerarsa isaa roorroo ykn hiyyummaa ykn carraa gadhee qabaachuusaa aariidhaan himatu ammoo akka jedhan jajjabeessantu jira.

Fakkeenyaaf: 'Gindii yoo dhiitan malee

Ce'eet daangaa kabala

Dubbii yoo dhiisan malee

Jedhiin aarii dabalaa' jechuun akka obsu, dubbii dhiisuu gorsu.

C. Akkaataa geerarsi itti xumuramu

Geeraraan osooma geeraru namoonni biroo dadhabbiisaa arganii harkaa fuudhuu danda'u. kana jechuun geeraraan akka dadhabe yookaan xumuruu barbaadu osoo hinibsine walharkaa fuudhuun kanuma jiru. Haata'u malee, geeraree geeraree namni harkaa fuudhu yoo dhibame akkaataa itti xumuruti jira.

`Fkn: 'Maalan godha guddaasaa

Dubbiin aariidha kaasaa

Naga'eera fuudhaakaa' jechuun xumuruu danda'a. ofii xumuree namni biraan akka geeraru yoo fedhe ammoo

'Namni baaqelaa hinnyaanee

Nama ilkaan tokkootii

Namni har'a hingerarree

Nama cidhaan tokkootii' jechuun dhaabachiisu danda'a (Ayyaanaa Qaabataafi warra biroo 1995) jedhu. Namni haala kanaan xumuru, kan nama harkaa fuudhu dhabee, yeroo dheeraa geeraree dhaggeeffatoota isaa yoo komate haala kanaan xumura.

Jechamni goroowwan ogafaanii keessa tokko. Gooroon kun caasaa isaatiin mammaaksa waan fakkaatuuf namoonni hedduun akka gooroo ofdanda'eetti hinilaalan. Adda addummaa gooroowwan kun qaban mataduree mammaaksa jedhu jalatti ibsameera.

Mangashaa Riqituu (1992:12) jechamni gooroo ogafaanii, Oromoon ittiin beekamu keessaa tokko akka ta'e akkasitti ibse. "The rich Oromo folklore, oral tradition, music, art and particularly, proverbs and sayings have given this nation a sense of identity and common heritage. It has become the way they see, understand, interpret the world and express their beliefs and values about it."

Ibsa barreessaa kanaarraa kan hubannu jechamni gooroo ogafaanii jiran keessaa akkuma mammaaksaa hawaasni Oromoo akka hedduuminaan fayyadamu, eenyummaa hawaasa kanaan akka walqabatufi akkaataa addunyaa itti ilaalan, hubatan, hiika itti kennaniifi ilaalcha isaanii kanittiin ibsatan akka ta'edha.

Kipury, N. (1983:14) maalummaa jechamaa akka ittaanu kanatti ibsa: "An idiom is a form of expression that peculiar in the sense that it has a meaning other than its grammatical or logical one. Idioms usually peculiar to a language or people, and their subtlety makes extra polation in to another language or media almost impossible to achieve." jedha. Gaaddisaa Birruufi warra biroo (1991) jechamni jechoota hiika adda addaa qabanirraa ijaaramee hiika biroo kan jechoonni sun duraan hinqabne uuma. Hiikni jechamni qabu hiika jechoonni inni irraa ijaarame qabanirraa adda. Jechama 'Garaa nyaachuu' jedhu osoo fudhannee nama rakkateef gadduu hiika jedhu qaba. Jechoota lamarraa ijaarame, jechoonni kun lamaan bakka tokkotti hiika kennan kana kopha kophaatti hinkennan yaada jedhu qabu.

Yaada barreessitoota kanaarraa jechamni jechoota hiika garaagaraa qaban irraa jecha ykn gaalee hiika biraa qabu kan ergaan isaa aadaa hawaasa tokkootti daanga'e ta'uu hubanna. Ergaan jechamni qabu caasaa jechootaa inni irraa ijaarame waliin wal hinfakkaatu. Fakkeenyaaf, jechamni Oromoo 'quba hinqabu' jedhu hiikni isaa quba harkaa hinqabu jechuu osoo hintaane 'hinbeeku', 'hin agarre', 'hin dhageenye' jechuun dubbii dubbatamaa jiru sana dhaga'ee gurraa akka hinqabne ibsuuf jedhama. Jechama kana afaan biraatti osoo jijjiirree hiika Afaan Oromoo keessatti qabu ni dhaba.

Jechamni akkuma mammaaksaa dubbii qoolaa akka fayyadamu Kipury (1983:14) akkanatti ibsa: *“An idiom is another form of figure of speech that is used commonly both in oral and written literature. For example, the saying children are ‘the bright moon’ is a simile”* jechuun ibsa. Yaada kanarraa jechamni unka dubbii qolaa akka qabu, ergaa isaa caasaa isaa irra akka caalu yaada bal’aafi gadfagoo akka dabarsu hubanna. Akkasumas jechamni afaan dubbii keessatti qofa kan fayyadamnu osoo hintaane ogbarruu keessattis faayidaa guddaa akka kennu ibsa kanarraa hubachuu dandeenya.

Faayidaa jechamaa akka Mangashaa Riqituu (1999:12) ibsutti: *“Oromo people use proverbs and saying to communicate with others through double meanings, cross words, cross games, cross joke etc. to give practical example of the usage of doubled un polished phrases,”* Fkn, Hoo’u! Eeboo abbaa kee kaa’ii” jedha. Barreessaan kun hiikni jechama kanaa hoo’u eeboo kanaan abbaakee ajjeesi jechuu akkata’e ibsa. Jechamni yaada dhokataafi baay’ee barbaachisaa jechoota hiika kallattii hinqabneen ibsuuf akka gargaaru addeesseera .yaada kana Fiqaaduu Gadaa (2008) akkana jechuun cimsa: Jechamni jecha hiika dachaa qabu dha. Afaan Oromoo keessattis hedduminaan argama. Hiika dacha qabaatullee dubbataan kan itti fayyadamu hiika dhokataa sana ibsuufi. Hiikni kunis dubbii dubbatamu sana mi’eessuufi, yaada icciitii ta’e dabarsuuf akka gargaaru ibsa. Fakkeenyaaf, jechamni ‘gurra guddaa qaba’ jedhu, qaama miiraa gurra qabaachuu osoo hintaane namichi beekamaa akka ta’e ibsuudhaaf jedhama

Durduriin gooroowwan ogafaanii keessaa tokko ta’ee kan bifa seeneffamaatiin dhiyaatuudha. Gooroon kunis akkuma gooroowwan kaanii duudhaa, amantaa, muuxannoo, ilaalcha, seenaafi falaasama uummata tokkoo dhalootarraa dhalootatti kan dabarsuufi haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan calaqqisiisudha (Abarraa Nafaafi kan biroo 1995) durdurii akkanatti ibsu: akaakuu afoolaa hawaasa Oromoo keessaa isa tokkodha. Durduriin dameewwan biroorraa kan adda godhu wantootaaf amala namaa kennuun (mukaaf, biqilootaaf, bineensotaaf) akka namaatti ga’ee akka taphatan taasisu isaati. Lammii Kabbadaafi warra biroo (1995:123) “durduriin seenaa ta’uufi amanamuu kan hindandeenye irratti kan hundaa’eefi mankuusa beekumsaa, mala ogummaan durii ittiin yaadatamuufi dhalootarraa dhalootatti ittiin darbu, fakkii amala dhuunfaafi amala gaarummaa ummataa duudhaa miidhagsee kan agarsiisu, ilaalcha hawaasa tokkoo kan mul’isudha” jedha. “Narrative is essentially a story of happening or events which may be real or

imagined. Usually the narrator includes those events she or she considers interesting or important (Bukenyafi warra biroo 1994:67)” jedhu.

Akkuma ibsa barreessitoota kanarraa hubannu durduriin bifa hololoon dhiyaata akka seenaa kanaan dura raawwateetti himama. Qooddatoonni durduriin wantoota nama hintaane uumamoota biroodha. Fakkeenyaaf bineensota, biqiloota, uumaa (waaqaa) fi wantoota biroo amala namaa kennuun dhiyaatu. Kana yoo jennu durduriin namoota qooddataa godhatee himamu hinjiru jechuu miti. Namoota cimoo fi beekamoo qooddatoota durduriin godhanii himuunis ni jira. Fakkeenyaaf durduriin akkoo manooyyee ilaalchisee himamu kaasuu dandeenya. Lammii Kabbadaafi warra biroo (1995) hirmaatonni durduriin wantootaafi namoota akka ta’an ibseera.

Durduriin gaaffiiwwan sammuu namaa keessatti ka’uu malani ilaalcha namoonni uumama irratti qaban niibsa. Lafti akkamitti uumamte? Nama maaltu uume? Horiifi bineensonni eessaa dhufan? Kan jedhaniifi gaaffiiwwan biroo deebii qaba (Mulugeetaa Nagaasaafi warra biroo 1992). Durduriitti yeroo hedduu kan fayyadamu daa’immanidha (Kipuray 1983:10). Daa’imman ammoo uumamaan amala waa gaafachuu qabu. Akki wantoonni uumamaan, itti jiran kun sababa maaliif akkana akka ta’an gaafatu. Fakkeenyaaf, gaangeen maaf hindhaltu? Gaaffii jedhuuf, dur waaqni lafatti dhiyoodha. Yeroo sana waaqa waan dhiitteef waaqni akka abaare himama. Gaaffilee kanaafi kkf hedduuf durduriin deebii qaba. Gaaffiiwwaniifi deebiiwwan isaanii kan dhugaas dhugaa ta’uu dhabuu danda’u. Garuu hawaasni durduriin sanatti fayyadamu dhugaa ta’uu isaa beeka. Barreessitoonni akka (Kipuray 1983, Bukenyafi, 1994 fi Finnegan 1970) akka ibsanitti durduriin hawaasa itti gargaaramu sanaaf gaaffilee adda addaa debisa. Deebiiwwan kun ragaan deggeramanii dhugummaan isaanii hinmirkanaa’iin malee hawaasni itti fayyadamu dhugummaa isaatti akka amanudha. Kanatti aansee ammoo gooroo durduriin kana jalatti wantoota hammataman ilaalchisee waan hayyoonni jedhan ilaalla.

Akka Kipuray (1983:16) ibsetti “Narratives include myths, legends, ogres tales, trickstar and other animal tales, and man stories” of keessatti qaba jedha. Finnegan (1970:327) yaaduma armaan olii kana “*The recent article by Bascom directed towards a definition of ‘myth’ ‘legends’, and folktale’ as sub types of the single category ‘prose narrative’*” jechuun cimsiti.

Yaada barressitoota kana lamaanirraa durduriin shokkoo (legend) dhageeffannoo (myth), seenaa goototaa (ogres tale) fi seena namoota durii (man stories) akka of keessaa qabu ibsu. Durduriin

Oromoos kanarraa adda miti. Shekkoof waa'ee abbaaguddoofi qamalee, dhageeffannoof eegeen re'ee maaliif akka ol-galgale? Oromoon waan jedhu qaba. Waan gootummaa, ciminaa, akkasumas abshaalummaafi gowwummaa warra durii ilaalchisee Oromoon durdurii dhaan waan jedhu qaba.

I. Yoomessa Durdurii

Durduriin akkuma gooroowwan ogafaanii biroo yoomessa fi hirmaattota ofiisaatii qaba. Yoomessa durdurii, ilaalchisee Kipury (1983:10) akka itti aanutti ibsa

setting includes the time and place where the narrative is told, and the participants. Among the Maasai, the usual trend is for children as well as adults for assemble informally at the house of an elderly women, whom many people call grand mother. This house includes other adults, male or female and children, take turns in narrating stories until the young audience falls asleep. Children are forbidden to tell stories during day time when they are looking after stock jedha.

Akkasumas Mulugeetaa Nagaaasaafi warra biroo (1992) yoomessa durdurii, mana jireenyaa, bakka ciibsaa, bakka oobdii (midhaan itti dhayan), mana daboo, mana araaraa, mana cidhaafi mana booyaa jechuun bakka saddeetiifi isaa olitti hiramuu akka danda'u ibsee jira. Bakkoota kana saddeetanitti durduriin galgala galgala akka himamu barreessaan kun ibseera. Yaada kanarraa durduriin akkuma hibboo galgala galgala akka himamu, tapha kana keessatti daa'imman malee ga'eessonnillee hirmaachuu akka danda'an hubanna. Bakki itti himamu mana daboo, bakka araaraa, mana cidhaa, mana booyaafi mana gad-yaa'anii ji'a keessa ta'anii akka himamuu danda'uuf yeroo baay'ee garuu mana jireenyaa keessatti akka hojiirra ooludha.

Durdurii manguddoota umrii dheeraa qabantu daa'immanitti hima. Daa'immanis walii walitti himuu danda'u. garee hawaasaa keessaa hirmaatonni durdurii manguddootaafi daa'immaniidha (Kipury 1983:10) jedha. Finnegan (1970:50) ammo hirmaatonni durdurii "they are often told to audiences of children" jechuun ibsa. Yaada barreessitoota kanarraa durdurii kan himan manguddoota umrii dheeraa qaban ta'uu hubanna. Akkasumas durdurii manguddootarraa dhaga'an kana daa'immanis waliif nihimu. Kanaaf hirmaatonni durdurii baay'inaan ijoolleefi manguddootadha. Kana jechuun garuu miseensonni maatii isaan biroon hindhageeffatan jechuu miti.

Kana jechuun karaa biraan manguddoota yookaan daa'immaniin daa'immanitti himama, kan dhaggeeffatu garuu maatii (namoota) bakkicha jiran hundaa dha. Kaayyoofi ergaan durdurii garuu kallattiidhaan daa'imman barsiisu, gorsuufi bashannansiisuudha. Durdurii walitti himuu keessatti akka hibboo dabaree dabareen walharkaa fuudhuufi mo'uufi mo'atamuun hinjiru.

Barbaachisummaa yoomessaa ilaalchisee Bukenya fi kan biroon (1994:66-67) akkanatti ibsan.

It is quite clear from its textual demonstration that narrative act itself, the moves and responses are comments on the society in general. The items included keep changing according to the prevailing circumstances in society. Communication between the narrator and the audience takes place when moves elicit responses from the audience. For a narrative to be interactive, the narrators and their audience require competence (i.e. knowledge and skills) which goes considerably beyond grammatical competence without shared cultural knowledge and skills between participants in a narrative act. Decoding messages would be almost impossible for the audience.

Durdurii himamu hubachuuf jechoota inni ittiin jedhame beekuun gahaa miti. Haala inni keessatti jedhame, bakkaafi yeroo inni itti himameefi aadaa hawaasichaa beekuu akka barbaachisu yaada barreessaa kanarraa hubachuu dandeenya. Durdurii tokko hubachuuf wantoota ja'a beekuun barbaachisaa akka ta'e Bukenyafi biroon (1994) ibsaniiru: Ruqooleen kunis oduu himaa (narrator), kaayyoo, ergaa, haala itti himame (method) galumsa ykn yoomessa (context) fi hirmaattoota (audience) dha jedha. Yaadni kunis jechuma barreessaan yoo taa'u. "the narrative would be understood using the model. Who is narrating the story for what purpose? What is the message of the narrative? What is the method used in the narration? What are the circumstances of the narrative act? And who is the audience? Bukenyafi warreen biroo 1994:67" jechuun durdurii keessatti ruqooleen kun akka barbaachisoo ta'an ibsu. Yaadni kunis ergaa durdurii tokkoo hubachuuf nama durdurii sana hime, nama/garee himameef, yeroofi bakka itti jedhame, kaayyoofi ergaa inni dabarsuu ka'e, akkasumas aadaa hawaasichaa beekuun barbaachisaa ta'uu hubanna.

II. Akkaataa dubbii durdurii

Durduriin yoo himamu akkaataa (style) itti himamu qaba. Kana ilaalchisee Kipuray (1983:13) akkana ibse:

Events in oral narrative follow a certain sequence, just as they do in written tale the plot is a narrative of motivated action that may involve some conflict that is finally resolved. Some stories are narrated in simple style, where events follow each other in a sequence. This chronological mode of development is common in fiction. Apart from simply getting the message across, a good narrator also takes the entertainment aspect of a narrative into consideration. To achieve this techniques such as flashbacks, suspense, repetition and others are used.

Yaada kanarraas akkaataan durduriin itti himamu akkuma qabiyyee fi yoomessaa baay'ee barbaachisaa akka ta'e hubachuu dandeenya. Durduriin keessatti gochootni duraa duubaan qinda'aanii akkaataa itti himaman qabu. Kan darbe yaadachiisaa (flash back), laphee dhaggeeffataa rarraasaa /suspense/ fi irra deddeebi'aa (repetition) himamu. Akkaataan dubbii durdurii kun sadeen (flash back) suspense and repetition faayidaa ofii isaanii qabu. Yaada kana 'Kipuray' akka itti aanu kanatti ibse, *"Each of these techniques serves a particular purpose. A flash back is shifting of focus to past occurrences to relate them to present events in the story. Suspense holds the attention of the audience and while repetition is used for the beauty of the words and sounds."* (Kipuray, 1983)

Yaada kanarraa akkaataan dubbii durduriin itti himamu ogbarruu (asoosama, walaloofi diraamaa) keessatti kan barreessitoonni fayyadaman waliin akka walfakkaatu hubachuu dandeenya. Dur durii Oromoo yoo ilaalle Dur, Bartokko, Gaafatokko, Bara duriifi kan kana fakkaatan jechoota waan darbe ibsan fayyadamuun eegala. Akkaataa dubbii durduriin Oromoo itti eegalu kanarraa akkaataa ogbarruu itti eegallu, gochoota barruu keenya itti qindeessinu hubachuu dandeenya.

Taphni ijoollee calaqqee jireenya qabatamaa hawaasati. Jechiifi gochi ijoollee kan maatii irraa waraabbameefi kan haala garagaraatin shaakalaniidha. Adeemsa jireenya isaanii salphisuurratti qoodni tapha ijoollee guddaadha. Aadaan Oromoo jechaafi gochaan akkasumas, meeshaaleefi

sirna garagaraatin ibsamuu danda'a. Isaan keessaa ogafaan isa tokko yommuu ta'uu dameewwan garagaraa akka ofkeessatti qabatu Taaddasaa (2013) yoo ibsu,

...in which various forms of oral tradition such as oral narratives, songs, expressions and performances are spoken as recurrent forms of knowledge transmission and information sharing. Thus, for the majority of the Ethiopian population, it is oral traditions that make possible the passage of knowledge from generation to generation.

Akka yaada hayyuu kanaati akaakuu ogafaanii kan garagaraa jiraachuu isaaniifi ogafaanota kanniinitti fayyadamuun beekumsa waliidabarsuufi odeeffannoo waljijjiiruun akka danda'amu ibsa. Kanaafuu, ummanni Itoophiyaa irra caalaan beekumsa jireenya isaanii ittiin gaggeessuu danda'an ogafaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsu. Ogafaan keessaammoo taphni ijoollee isa tokko ta'ee kan ijoolleen haala jiruufi jireenya hawaasaa ittiin fakkeessan, akkeessaniifi naannoo isaanii ittiin baraniidha. Ijoolleen eeddoo taphaafi tikaatti hiibboo, sheekkoo, durdurii, weedduufi kanneen kana fakkaataniin walbashannansiisu. Dhimma kana ilaalchsee, Awwal(2012:127)“Taphni ijoollee yoomessa adda addaa kan qabu yoo ta'u kunis galgala,waaree,ganama,guyyaa bakka loon tiksaniitti,bakka bashannanaatti,manneen barnootaatti,dirree ispoortiitti,iddoo kabaja ayyaanaatti fi kkf keessatti ni taphatama.” Jechuun ibsa. Kana jechuun taphni ijoollee kan yeroon hin daangessifi eddo garagaraatti kan taphatamuu danda'u ta'uu isaati.

2.2 Qorannoowwan Hojii kanaan Walitti Dhiyaatan

Qorannoon kun Aadaa Guddisa Ijoollee Oromoo Xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u, qorannoowwan qorannoo kanaan walitti dhiyaatan qaban waan ittiin walfakkaataniifi ittiin gargar bahan akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Dessalegn (2006), Guddifachaa Practice as Child Problem Intervention in Oromo Society: The case of Ada'a Liban District, kan jedhu keessatti, aadaan Guddifachaa kan rakkoo ijoollee furuuf fayyadu ta'uu irratti kan xiyyeeffatuudha. Walfakkeenya qorannoo kana waliin qabu, aadaa guddisa ijoollee keessatti hawaasni naannoo gahee guddaa qabaachuu isaa irraa kan ka'e ijoollee ollaa akka ijoollee ofiitti gorsuu, yoo balleessan adabuu, yoo rakkatan gargaaruun kan jiru ta'uu isaati. Kanaafuu, Oromoon ijoolleen akka hin rakkanne maatiitti aanee ittigaafatamummaa qabu

irraa kan ka'e ijoollee maatiin isaanii harka-qalleeyyii ta'an fudhachuun akka ijoollee ofiitti guddisuun eeddoon ijoolleef qaban olaanaa ta'uu agarsiisa. Garaagarummaa qorannoo kana waliin qabu yoo ilaallemmoo, guddifachaa qofarratti xiyyeeffachuun isaa adda isa taasisa.

Masarat (2008), Qaaccessa Adeemsafi Faayidaa Hiibboon Oromoo Ijoolleef qabu: Haala Qabatama Aanaa Ada'a, jedhu keessatti ogafaan keessaa faayadaa hiibboon ijoolleef qabu irratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u, aadaa guddisa ijoollee Oromoo keessattis ogafaan faayidaa guddaa kan qabuufi sadarkaa umrii ijoollumma keessatti ijoollee barsiisuufi bashannansiisuuf akkasumas, qajeelchuufi akeekkachiisuuf akka hawaasni itti fayyadamu ibsamee jira. Garaagarummaan isaanii garuu, qaaccessi adeemsaafi faayidaa hiibboon ogafaan keessaa isa tokko qofarratti kan xiyyeeffate yommuu ta'u, aadaan guddisa ijoollee Oromoo garuu, waan baay'ee kan ofkeessatti qabatu ta'ee gocha maatiin raawwatu keessaa ogafaan garagaraatti fayyadamanii sammuu ijoollee qaruu, leenjisuufi bashannansiisuuf akka fayyadaman ibsameera.

Idriis (2010), Qaaccessa Qabiyyee Sossoba Daa'immanii Godina Arsii Lixaa Aanaa Kofalee Irratti Kan Xiyyeeffate, haadhooliin jaalala, hawwiifi dinqisiifannaa ijoolleef qaban ibsuuf kan bifa walalootiin weeddisan akka ta'e dhiyaatee jira. Qorannoo kana keessattis, maatiin jaalala ijoolleef qabu daa'imummaa isaanii irraa kaasanii kunuunsafi eegumsa gochuufii qaban haala adda addaatin akka ibsaniifi ogafaan guddisa ijoollee keessatti faayidaa guddaa qabaachuun isaa hubatamee jira. Garaagarummaan isaan gidduu jiru ammo, hurursi ogafaan keessaa isa tokko qofa kan fudhatee yommuu ta'u, aadaa guddisa ijoollee keessatti garuu, maatiin ijoollee isaatti yeroo boqonnaa isaanii kan itti himan kanneen akka hiibboon, durdurii, sheekkoofi kanneen kana fakkaatan ta'e kan umrii ijoollummaatti ijoolleen irraafi ittiin barachuu danda'aniidha.

Jirata, Tadesse Jaleta (2013), Children and Oral Tradition among the Guji- Oromo in Southern Ethiopia, kan jedhu Ijoolleefi ogafaan haala qabatama Gujii Oromoo irratti kan hojjetame yommuu ta'u, guddisa ijoollee keessatti ogafaan eddoo guddaa qabaachuu isaa agarsiisa. Ijoolleen maatii waliin walitti dhufeenya gaarii akka qabaatan, maanguddoota irraa akka baratan fedhii kan keessatti uumufi ijoolleen aadaafi safuu hawaasaa akka beekaniifi karaa sirriitin qajeelchanii guddisuuf faayidaa guddaa qabaachuu isaa kan addeessu yommuu ta'u qorannoo kanaan adda kan isa godhu, Xiinxalli aadaa guddisa ijoollee, akkaataa maatiin ijoollee isaanii itti guddisaniifi ogafaan isaan kam haala kamiin akka fayyadaman irratti xiyyeeffata.

2.3 Dayeessa Qorannoo Fooklorii

Maalummaa fooklorii irratti hayyoonni yaada garagaraa qabaachuu isaanii ilaallee jirra. Waa'ee fooklorii qorannoon adda addaa irraa jalaan gaggeeffamaa haajiraatu malee, haala qorannoon afoolaa gaggeeffamu irratti hayyoonni yaada garagaraa qabu. Sababni waliigalamuu dhabuu isaa, afoolli akkamiin walitta qabama, akkamitti qaaceffamafi kanneen kana fakkaatan kaasuu. Bu'aa kallattii beekumsa tokko argamsiisuuf qabuufi daandii inni beektota ykn beektotatti agarsiisuuf qaburratti hundaa'uun hayyuun Dorsan, R. jedhu dayeessawwan fooklorii jiran haala yeroo ammaa keessa fudhatama qabaniin bakka garagaraatti qooda. Isaanis: dayeessa yaadaa, dayeessa aadaa bal'aa, dayeessa faayidaa, dayeessa seen-naannoo, dayeessa irra deebi'anii ijaaruu, dayeessa xiinsammuu, dayeessa caasaa, dayeessa aadaa bu'uureffate, dayeessa aadaa hawaasaa fa'a tarreessa. Yaadiddamoota kanniin keessaa, Qorannoo Aadaa Guddisa Ijoollee Oromoo jedhuuf qorattuun kan fayyadamtu kanneen armaan gadii kaastee jirti.

2.3.1 Dayeessa Xiinsammuu

Dayeessa xiinsammuu kan jedhu kun, yaada hayyuu xiinsammuu kun ta'e Sigmund Freudi kan nama yaadachiisu ta'uu Dorson ni ibsa. Dayeessi kun qorannoon fooklorii ykn afoolaa, xiinsammuu hawaasa itti fayyadamu bu'uura godhachuu akka qabu eera. Kunis, hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti waan amaleeffate, maal irraa ka'ee waan tokko akka jedhuufi sababa jedhuufis qaba. Akkaataan itti fayyadama hawaasichaa haala garee hawaasa sana walhubachiisuu danda'uun kan fayyadamaniidha. Kanaafu, hawaasni yaada sammuu isaarraa ka'ee haala qabatama argamu keessatti akkaataa itti fayyadamuufi dhimma itti fayyadamuuf qaba. Kanumarraa ka'uu, ummanni Oromoo hubannoon ijoolleef qabaniifi hiikni kennan akkanumaan osoo hin taane sababaa jedhaniif qabu. Waan wajjiin walqabsiisanii jedhanis qabu.

2.3.2 Dayeessa Aadaa

Garee hawaasaa gidduu garaagarummaan aadaa haajiraatu malee, hawaasni hundi aadaa mataa isaa qaba. Aadaa kana keessatti ammoo waan irraa maquufi ittimaqu qaba; waan kallattiin itti gargaaramuufi itti hin gargaaramne qaba. Akka hayyoota dayeessa kana deeggaraniitti afoola kamuu garee hawaasa garaagaraa keessa jiru hammamtaan isaa garaagarummaa qabaatus aadaa garee hawaasa sanaa calaqqisiisa. Fookloriin tokko yommuu hojjiirra oolu haala aadaa hawaasa sanaa kan bu'uureffate ta'uun isaa mamii hin qabu. Yaada kanarraa ka'uun. Aadaa guddisa ijoollee Oromoos yoo ilaallu, ummanni Oromoo kan dur irraa kaasee ijoollee guddisu, karaa

safuu hawaasaa eeguu danda'aniin akka ta'e hubanna. Akka aadaa Oromootti, ijoolleen kan maatii, ollaa, hangafafi namoota kamiifuu karaa adda addaatin kabaja kan kennaniidha. Akkasumas gorsa fudhatanii karaa warrii agarsiise irra deemuuf ajejamoodha. Kunis, aadaan guddisa ijoolleetis kan aadaa hawaasichaa bu'uura godhate, kan hawaasichi gochaa tureefi kan dhaloota haaraa irraa eeggamu, akkasumas, kan gochuus qaban ta'uu isaa hubanna.

2.3.3 Dayeessa Faayidaa

Akka dayeessa kanaatti fooklooriin faayidaan inni ummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhu kan qabateedha. Akka dayeessa faayidaa kanaatti faayidaa fooklooriin hawaasaaf qabu irratti kan xiyyeeffateedha.

Dayeessa tajaajilaa (functional approach), ilaalchsee Dan Ben Amos (1975) yoo ibsu, "The function approach to the categorization of oral literature actually has focused up on the relationship between forms of verbal, art and existing cultural psychological, and social need" jedha. Akka yaada kanaatti dayeessi tajaajilaa, walitti dhufeenya jechaa ykn haasaa afaaniifi qabiyyee yaada xiinsammuu, hawaasummaafi fedha hawaasaa kan qo'atu ta'uu isaati. Kanumarraa ka'uun qorattuun barsiifanni hawaasaa faayidaan isaan dhalootaaf qaban maal akka ta'e eeruuf dayeessa kana fayyadamuuf filattee jirti.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO

3.1 Saxaxa Qorannoo

Boqonnaa kana keessatti mala qorannoon ittiin adaamsifamuutu ibsama. Gosti qorannoo kanaa qorannoo qulqulleeffataati. Kanaafuu, qorattuun ragaalee iddattoow irraa argatte xiinxaluun dhiyeessitee jirti. Qorannoo kanaaf madda odeeffannoo kan ta'uu danda'an kan dhimmi daa'immanii ykn ijoollee isaan ilaallatu maatii, maanguddoota muuxannooqabaniifi kan raga bal'aa kennuu danda'an jedhamanii eeraman, itti gaafatamtuu dhimma dubartiifi daa'immanii, ittigaafatamaa waajjira Aadaafi Turiizimii aanaa Ada'aati. Dabalataanis, waa'ee guddisa ijoollee meeshaalee barreeffamaa sakatta'uun qaaceffameera.

Qorannoon qulqulleeffataa hawaasa keessa seenanii aadaa, duudhaa, fedhii, jaalala, akkasumas, sochii jiruufi jireenyaa daawwachuun, gaafachuu, yaadannoo qabachuufi waraabuun gaggeeffama. Dhimma kana ilaalchisee Solomon (2004:3) Pressle fi Diane wabeeffachuun yommuu ibsu, "A qualitative research is defined as category of research design or moderelicts, verbal, visual, tactile, ollfactory and gustatory data" jedha. kunis qorataan mala qorannoo qulqulleeffataa gaggeessu odeeffannoo kan argatu marii adda addaa fayyadamuun, daawwachuun, qaqqabuun, ilaaluniifi irratti hirmaachuun akka ta'e eera.

Qorannoo qulqulleeffataa ilaalchisuudhaan Creswell.J.(2003:178) yommuu ibsu, "The idea behaind qualitative research is to be purposfully selected participant or sites document oe visual that will be best help the researcher understand the problem and the research quest" jechuun ibsa. Akka yaada kanarraa hubannutti qorannoo qulqulleeffataafi madda ragaa xiyyeeffannaan filatamuun akka irra jiraatudha. Kanaaf, qorattuunis odeeffannoo qabatamaa fi amansiisaa bira gahuuf madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa fayyadamuun odeeffannoo argattee xiinxaliin mala ibsaatin dhiyeessitee jirti.

3.2 Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti namoonni qooda fudhachuuqaban, kanneen hawaasa keessatti guddisa ijoollettiin fakkeenyummaa gaarii qabaniifi ibsa gahaa kennuu danda'an iyyaafachuunmaanguddoota guddisa ijoollee irratti muuxannoo qaban jedhamanii eeramaniifi kan qorattuun itti yaaddee kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf akka kaayyootti filatte fudhatamaniiru. Kana malees, kallattiin kan dhimmicha wajjiin wal qabatan haadhooliifi abbootii

ijoollee haala itti guddisaa jiran irratti akka yaada kennaniifi waan gochaa jiran daawwachuudhaan ragaan fudhatamee jira. Gama biraatin hojjetoota waajjiraa kanniin odeeffannoo bal'aa irraa argachuuf qorattuun itti yaaddee filachuun irraawwatama qorannichaa akka ta'an murteessuun fudhattee jirti.

3.3 Mala Iddattoo

Qorattuun malawwan iddattoo qorannoo kana galmaan gahuu danda'an jettee filatte hojiirra oolchitee jirti. Isaanis, mala eertoo/darbaa dabarsaafi akkaayyooti.

3.3.1 Iddattoo Eertoo

Malli eertoo odeeffannoo qabatamaa ta'e argachuuf iddattoowwan ofeeggannoon filachuu kan dandeechisu waan ta'eef, qorattuun namoota odeeffannoo kennuufii danda'u ofiin filachuun waan rakkisuuf namoota beekan gaafachuun argachuu dandeechiseera. Sababni malli kun filatameef keessaa inni biroo ammoo, amoota aanaa qorannoon keessatti gaggeeffame sana keessa jiraatan hunda irraa odeeffannoo fudhachuufi qaaccessuun humna qorattuutii ol waan ta'uuf maanguddoota naannoo jiran keessaa kan muuxannoo qabaniifi odeeffannoo bal'aa kennuu danda'an jedhamanii eeramanfudhahuuf murteessuu isheeti. Kanaafuu, malli malli kun iddattoowwan muraasa odeeffannoon irraa argamu argachuuf mala filatamaadha. Kanarraa kan ka'e namoota eertodhaan argaman (Dhiira- 7 fi Dubara- 4 walumaagalatti namoota 11) tokkoon tokkoo isaanii bira deemuun odeeffannoo kaayyoo qorannichaa galmaan gahan yookin gaafilee bu'uura qorannichaa deebisan mala afgaaffitiin dhiyeessitee yaadannoo qabachuun walitti kuufattee xiinxaluun qaaccessitee dhiyeessitee jirti.

3.3.2 Iddattoo Akkaayyoo

Malli iddatteessuu akkaayyoo (purposive sampling) mala qorattuun kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuu danda'a jettee filattedha. Malli kun mala iddattoon ittiin filatamu keessaa isa tokko yoo ta'u, namoota kallattiin dhimmicha waliin walqabatan, maatii ijoollee, namoota odeeffannoo kennuu danda'an jedhamanii yaadaman xiyyeeffannoon yookiin itti yaaduudhaan filatamaniiru. Kunis namoota kallatti gara garaatiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya qaban odeeffannoo gaarii ta'e argachuuf nama dandeessisa. Odeeffannoonni mala akkaayyotiin (Dhiira- 15 fi Dubara- 9 yoo ta'an walumaagalatti namoota 24) filatamaniiru.

3.4 Tooftaalee Funaansa Ragaalee

Kutaa kana keessatti qorataan qorannoo tokkoo irraawwatamoota ykn iddattooo irraa odeeffannoo fudhachuuf meeshaa funaansa ragaa isa kamtu mijaawaa akka ta'e keessatti murteeffatuudha. Dhimma kana irratti Yaalaw (2006:151) bu'aawwan qorannoo ragaa irratti kan hundaa'ani; ragaan ammoo tooftaa ittiin ragaan sassabamu irratti akka hundaa'u ibsee jira. Yaada kanarraa kan hubannu tooftaan ykn meeshaan odeeffannoon ittiin sassaabamu bu'aa qorannoo sanaaf murteessaa ta'uu isaati. Kanaafuu, qorattuun meeshaa funaansa ragaalee bu'aa qorannoo isheef barbaachisaadha jettee filatte, afgaaffii, marii garee daawwannaafi sakatta'a galmeeti.

3.4.1 Daawwannaa

Daawwannaan meeshaalee funaansa raga keessaa isa tokko ta'ee karaa gocha tokko daawwachuun yookin dhaggeeffachuun odeeffannoon ittiin funaanamuudha. Kanaaf qorattuun guddisa ijoollee keessatti gahee maatiin bahaa jiru gaafachuufi bu'aa argatan adda baafachuuf bakka maatiifi ijoollee argachuu dandeessu mana jireenya isaaniitti argamuun daawwannaa gaggeessitee jirti. Dhimma kana ilaalchisee Booranaa (2016) Kumar (2005) wabeeffachuun, "Observation is one way of collect primary data. It is apurposeful, systematic and selective way of waching anda listening to interaction or phenomenon as it takes plase," jechuun ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti daawwannaan mala funaansa odeeffannoo madda ragaa tokkoffaa irraa bakkatti argamuun daawwachuunifi dhaggeeffachuun adeemsifamudha. Kanaaf qorattuunis maatii lama filattee bira deemuun haala jiru daawwachuufi gaafachuun ragaa suuraadhaan deeggarama fudhatte xiinxaltee dhiyeessitee jirti.

3.4.2 Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaalee funaansa ragaatif barbaachisan keessaa isa tokko. Malli kun, kan qorataafi namni odeeffannoo kennu fuulleetti wal arganii, yaada qofa osoo hin taane miirafi haala dubbii odeefkennaa irraa ergaa bal'aan fudhatamu ykn argamuudha. Yaada odeefkennitoonni kennan irratti hundaa'unis gaaffii biraa gaafachuufi yaada dabalataa argachuu kan dandeechisuudha. Barbaachisummaa mala afgaaffii ilaalchisee Dastaa (2002:84) " Odeeffannoon afgaaffiin funaanamu gaarii kan taasisu qorataan gaaffii isaa sirritti ifa godhee akka gaafatu dandeechisa" jechuun ibsa. Kana jechuun, gaafataan gaaffii isaa akka isaa galuu danda'utti ifa gochuun deebii gahaa argachuu dandeechisa.

Karaa biraatiin mala afgaaffii ilaalchisee Goldsten (1964:104) yoo ibsu, “*Interview data include information on what the informant, believes, expect, feel, wants, does or has done, or which explain or gives reason for any proceeding,*” jechuun addeessa. Yaada kanarraa kan hubannu afgaaffiitti fayyadamuun namni odeeffannoo kennu sun waan kana dura raawwate, argeefi jireenya isaa keessatti argate ykn hubatee akka muuxannootti kuufatee qabu akka ibsu karaa saaqaf. Kanaafuu qorattuun raga qabatamaa madda raga tookkoffaarraa kallattiin argachuuf namoota iddattoo eertootin filaman biratti qaamaan argamuun odeeffannoo funaannatee jirti. Duraa gaaffilee banaafi cufaa kaayyoo qorannichaa deebisuu/galmaan gahuu danda’an haala ifa ta’een qopheessite. Itti aansuun iddoo namoonni eeramaniifi akka kaayyootti itti yaadamanii filataman bira deemuun deebii isaan kennan yaadannoo qabachuun kan waraabii sagaleetif eeyyamamaa ta’an sagalee warabuun odeeffannoo argatte walitti qabuun akkaataa walitti dhufeenya isaanitiin xiinxaltee ibsitee jirti. Namoonni eeramanii afgaaffiin dhiyaateef (dhiira 7fi dhalaa 4) yommuu ta’an kan ittiyaaddamanii qorattuudhaan mala iddatteessuu mit-carraatin filataman (dhiira 5fi dhalaa 4) hirmaattota afgaaffii kanaati. Walumaagalatti, afgaaffiin namoota dubbisuufi barreessuu hin dandeenyeefis rakkoo tokko malee akka hirmaatan carraa waan banuuf iddattoowwan eeraman haala mijaa’aa ta’een hirmaachisuun waan danda’ameef yaaddoo gama kanaan jiru hambisuu danda’ameera. Qorattuunis odeeffannoo argattee yaadannoo qabachuun qaaccessitee dhiyaatteerti.

3.4.3 Marii Garee

Mariin garee mala funaansa ragaa keessaa isa tokko. Mala marii garee ilaalchisee ያለው (2006:192) “በቡድን ተኮር ውይይት የሚካሄደው በችግሩ ዙሪያ በቂ መረጃ ሊኖራቸው ይችላል ተብሎ የታሰቡ ሰዎችን በመውሰድ በሚነሳው ጥያቄ ዙሪያ በቡድን በመሆን እየተወያዩ መረጃ እንዲሰጡ ለማድረግ ነው።” Akka yaada kanaatti, mariin garee kan adeemsifamu dhimmicha irratti namoonni odeeffannoo gahaa kennuu danda’an jedhaman walitti qabamanii mari’achuun akka odeeffannoo kennan taasisuuf. Malli kun mala afgaaffii irraa kan adda ta’u namoonni odeeffannoo kennan, hubannoo namoota garagaraatu walitti dhufa waan ta’eef, caalaatti yaada bilchina qabu argachuu dandeechisa. Kanaafuu, qorattuun namoota hubannoo, muuxannoofi keekumsa garagaraa qaban walitti qabuun gaaffilee dhiyaataniif irratti iftoominaan akka yaada kennan gochuun ragaa muuxannoo isaanii waliin waqabsiisanii kaasaniifi kan hawaasa keessatti mul’ata jedhanii kaasan xiinxalteerti.

3.4.4. Sakatta'a Galmee

Milkaa'ina kaayyoo qorannichaatif filannoon mala funaansa ragaa murteessaa waan ta'eef, filannoo qorattuu keessaa inni biroo sakatta'a galmeeti. Malli kuni odeeffannoo bifa barreeffamaatin jiran sakatta'uun xiinxaluudha. Dhimma kana ilaalchisee ያለው (2006:191) “መዛግብት ተመራማሪው ስላለፈውም ይሁን ወቅታዊ ጉዳይ መረጃ ለመስብሰብ ሲነሳ ሊጠቀምባቸው የሚችሉ ጠቃሚ ነገሮች ናቸው።” Yaada kanarraa kan hubatamu, sakattaan galmee dhimma yeroo darbeetis ta'ee kan ammaa ilaalchisee qorataan odeeffannoo argachuuf yeroo barbaadu kan itti fayyadamuudha. Kanaafuu, qorattuun aadaa ‘Guddisa Ijoollee’ ilaalchisee meeshaalee barreeffamaa kan akka kitaaba qulqulluu, safuu Oromoo, Gumbii mammaaksaafi afoolaa akkasumas, qorannoowwan yaada qorannoo ishee deeggaran filachuun qorattuun qaaccessitee jirti.

3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorattuun, odeeffannoo maddoota adda addaa irraa mala daawwannaa, afgaaffii, marii gareefi sakatta'a galmeetin argatte xiinxaluun mala ibsaa gargaaramuun addeessitee jirti. Odeeffannoon mala garagaraatin funaanaman akkaataa walitti dhiyeenya yaadaati walitti fiduun qaaceffamanii dhiyaatanii jiru.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti odeeffannoo waa'ee Fookiloriwwan guddisa ijoollee Oromoo ilaalchisee odeeffkennitoota irraa argamantu xiinxalama. Odeeffannoo Fookiloriwwan guddisa ijoollee oromoo kan argachuu dandeenyu, abbuma dhimmaa kan ta'an Ummata Oromoo irraa waan ta'eef fookiloriwwan guddisa ijoollee maal maal fa'a akka ta'an, ogafaaniin akkamitti ijoollee qaruun akka danda'amu, tooftaalee ijoollee qajeelchuuf gargaaramuu qabnu, akkasumas, guddisa ijoollee keessatti kan kan fayyadan ogafaanotni maal maal fa'a akka ta'an kan bal'inaan keessatti ilaalamaniidha. Itti dabaluuunis, ogafaanota guddisa ijoollee Oromoof oolan irraa fayyadamtoonni eenyu akka ta'aniifi bu'aan argamu maal fa'a akka ta'e ibsamee jira. Kanaafuu, qorannoo kanaaf ragaalee barbaachisan funaanamanii haala armaan gadiitin xiinxalamani ibsamani jiru.

4.1 Ogafaanota guddisa ijoolleef oolan

Ogafaanni kan afaaniin dhalootaa dhalootatti darbuudha. Ogafaan haala, yeroofi eddoo itti fayyadamnu qaba. Haala dhiyeessa isaanii yommuu ilaallu kan bifa himamsaatiin dhiyaatan, gaaffiifi deebiidhaan, akkasumas walaloodhaan dhiyaatan jiru. Yeroo dhiyeessaa kan jennu ammoo yeroo boqonnaa, hojii hojjechaa, haasaa ykn marii keessatti, eddoo taphaatti, maatii keessatti yommuu ijoollee sossobnu, taphachiisnu, gorsinuufi manatti akkasumas, barumsa keessatti dhimma itti bahuu dandeenya. Gama eddoo fayyadama afoolaatiin yommuu ilaallu lafa hojiitti, jaarsummaa keessatti, mana cidhaatti, dirree lolaatti, mana daboottiifi kan kana fakkaatan kaasuu dandeenya.

Guddisni ijoollee, erga ijoolleen dhalatanii kaasee gocha maatiin yeroo garagaraa raawwatu yommuu ta'u, ogafaan yeroofi haala itti fayyadamnu kaayyoo maaliitiif, faayidaa maal argachuuf akka fayyadamnu beekuun barbaachisaa ta'a. Ogafaanitti fayyadamanii sammuu ijoollee irratti maal akka hojetaniifi bu'aan argamu ykn jijjiiramni ijoollee irraa eeggamu maal akka ta'e kan ilaallatuudha. Maatiin aogafaanitti fayyadamuu kan jalqaban erga ijoolleea guddatanii waan jennu dhagahuu danda'anitti qofo osoo hin taane, daa'imummaa isaanii irraa jalqabee sossoba ykn huruursa fayyadamuun jaalala qabnu kan ittiin ibsannuufi mararfannuudha. Daa'imman jecha salphaafi gurra isaaniitti tolu barbaadu. Kanaafis, ogafaan karaa adda addaatin ijoollee bashannansiisuun barsiisuu irratti humna cimaa kan qabuudha.

Dameewwan fookilorii garagaraa keessaa kan daa'immaniifi ijoollee bashannansiisuu, qaruufi barsiisuuf oolan ilaalchisee afgaaffii 5/8/2011 Itti gaafatamaa Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Ada'aa Obboo Abbooyee Lataa Xiqqayyaatiif dhiyaateen, Ummanni Oromoo sammuu ijoollee dagaagsuufi bashannansiisuuf afoolatti fayyadamanii naannoo isaanii akka baran taasisu. Ijoolleen salphaa irraa gara ulfaataa yookiin walxaxaa ta'etti hubannoon isaanii dabalaa akka deemuufi salphaatti hubachuu akka danda'aniif kan akka hiibboo, sirba, duduriifi kkf itti himuun akkasumas isaan hirmaachisuun akka itti bashannanan godhu. Bakka maanguddoonni walitti qabamanitti ammoo dhimma isaan hin ilaallanne irratti iccitii haasa'an taanaan ijoollee ofbiraa fageessu. Yoo ijoolleen akka dhagahanii irraa baratan barbaadan garuu, gurra nuu kennaa jedhanii itti haasa'u. Haala kanaan kabaja maanguddoof qabanis cimsachaa, walitt dhufeenya maatii waliin qabanis gabbifachaa guddatu jechuun ibsan.

Fookiloriwwan guddisa ijoolleef oolan ijoolleen kan baratan maatii, hawaasafi biyya isaanii irraati. Isaan kana keessaa maatiin eddoo olaanaa qabu. Itti aansuun namoonni naannoo isaanii waan raawwatan arguun isaanii akka isaanis guddatanii gochuun isaan irraa eeggamu hubatu.

Faayidaa fookiloriwwan guddisa ijoolleef oolan maatii, hawaasaafi biyyaaf qabu ilaalchisee afgaaffii 28/8/2011 odeefkennitoonni Obboo Imaanaa Sabbooqaa, Obboo Lammaa Magraa, Obboo Abarraa Dawoofi Adde Assallafach yaada armaan gadii kennanii jiru. Itti gaafatamummaan maatiin qabu kan dhimma nama tokko qofa osoo hintaane dhimma biyyaati. Bu'uurri biyyaa maatiidha. Dhaloonni jiraatu malee guddinni, misoomni, qaroominniifi jijjiiramni hineegamu. Dhaloonni humna, dandeettiifi haamilee seenaa biyyaa jijjiiruu danda'u akka qabaatu godhanii guddisuu keessatti gaheen maatiin bahu xiqqaa miti. Daa'imni dhalate tokko adeemsa waggaa dheeraa booda biyya bulchuu, rakkoo biyyaa hiikuu, waan haaraa kalaquufi furmaata ta'uu danda'a. Kanaafuu, maatiin tokko dirqama isaa bahee ijoollee naamusa gaariin bocaman, kan itti gaafatamummaa isaanii bahan, kan safuu hawaasaa eegan, hojii jaalataniifi ogummaa qaban uume jechuun biyyaaf gumaacha guddaa akka gumaacheetti lakkaa'ama.

Ummanni Oromoo Kan rakkate gargaaruu, kan dhukkubsate gaafachuu, kan du'e awwaaluu, kan gaa'elaaf gahan heerumsiisuu, kan deesse eebbisuu, kan wallolee araarsuufi kanneen kana fakkaatan eenyummaa isaanii kan ibsuudha. Ijoolleen Oromoos haaluma kanaan qaramanii kan ofiif, maatiif, ollaafi biyyaaf tolaniifi fayyadan akka ta'an gochuutu maatii irraa eeggama. Kan

mattiin godhee hinagarsiisne, dubbatee hindhageechisne eessaayyuu hinfidan. Daa'imni maatii ofiitiif kabaja qabu, ajejamu, amanamuufi itti gaafatamummaan itti dhagahamu nama birootifis sanuma raawwata. Yoo balleessee adabames kan balleessaa isaa amanee sirraa'uuf fedhii qabu waan ta'eef dheekkamsaafi gorsa maatiifi ollaatis ijuma tokkoon ilaala.

Sadarkaan jireenya maatii manaa manatti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Barsiifanni isaaniitis adda adda ta'a. Fakkeenyaaf, maatiin qabeenya gudda qabu tokko fedhii ijoollee isaa osoo hindaangessin waanuma arganiifi gaafatan hunda dhiyeessuufii danda'a. Maatiin biroo ammoo waan arganiifi gaafatan hunda osoo hintaane kan yeroo sanatti isaan barbaachisu qofa dhiyeessuun fedhii ijoollee isaa daangessuun, wanti hundumtuu karooraan kan raawwatamuu qabu akka ta'e itti agarsiisu. Mammaaksi Oromoo:

Ijoolleen dhibee hinbeekne, moofaa abbaatti quba keessi

jedha. Kana jechuun, ijoolleen rakkoo hinbeekne irrattuu rakkoo biraa dabaluu. Karaa biraatiinis,

Ijoollee warri qananiisan dhadhaa hudduu nadibaa jetti

jedhama. Akka yaada mammaaksa kanaatti qananiin akka malee, amala ijoollee akka balleessuu danda'u kan agarsiisudha. Maatiin karoorafii humna malee fedhiifi gaaffii ijoollee akkuma gaafatanitti guutuuf yaaliin godhamu faayidaa isaa irra miidhaa isaatu caala.

Jireenyi ijoollee kan ijaaramu muuxannoo maatii irraa qabataniin bahan bu'uura ykn fakkeenya godhachuun akka ta'e beekkamaadha. Intalli dubaraa maatii keessatti karoorafii qusannaa hinbeekne, guddatee jireenya ishee gaggeessuu irratti rakkoo guddaan ishee mudachuu danda'a. Isaan keessaa jireenya ofiitti gammaduu dhabuu, walitti bu'iinsi uummamuu, liqii keessa galuu, darbees amanamummaa dhabuun waadaa namaafi kan biyyaa cabsuu danda'u. Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, namoonni malaammaltummaa raawwatan kan qarshiin isaan hin geenyeeffi hamma humna isaanitiin kan buluu hindandeenyeedha. Gochi akkanaa kan hawaasaan balaaleffatamu waan ta'eef hawaasummaa irrattis dhiibbaa qaba. Kanaafuu, Ummanni Oromoo ijoolleen hinbeela'in malee rakkina keessa darbuun isaan hinmiidhu yaada jedhu qabu. Kana jechuun garuu dhiphinaan akka jiraatan godhu jechuu miti. Humna qabaniin waan isaaniif guutamuu qabu irratti aarsaa kamiyyuu ni kaffalu. Bu'aa bahii kamiyyuu keessa ni darbu.

Walumaa galatti, aadaan guddisa ijoollee Oromoo, ijoollee seera qabsiisuu, naamusa akka qabaatan gochuu, aadaa ummatichaa kan beekaniifi kan biyyaaf tolan godhaniin guddisuu irratti

kan xiyyeeffatuudha. Ogafaan gooroowwan adda addaa qaba. Gooroowwan kanneen keessaa mammaaksi, jechamni, geerarsi, sirbi, durduriin, eebbaafi taphni ijoollee isaan muraasa. Dameewwan afoolaa hunda bifa bifa isaaniitiin adda baasanii beekuun barbaachisaadha. Isaan keessaa kan maatiin yommuu ijoollee guddisu fayyadamu haala umuriifi sadarkaa waa baruu danda'uu isaanii irratti hundaa'uun kan dhimma itti bahan akkaataa armaan gadiitti ilaalla.

4.1.1 Huruursa daa'immanii

Huruursi daa'immanii damee ogafaanii keessaa isa tokko ta'ee kan bifa walalootiin dhiyaatuudha. Huruursi daa'immanii akkaataa hawaasni haala adda addaatiin daa'immaniif kunuunsa taasisuudha. Kunis hawaasni jaalala daa'immaniif qabu irraa kan ka'e daa'ima faarsuu, akka hinboonye taphachiisuuf raawwataniidha. Idiris (2010) Adam Kadir (2001:7) wabeeffachuun

Uummanni Oromoo jaalala daa'ima isaatiif qabu daa'imuma saniif haala adda addaatiin ibsa. Kunis akkuma waan daa'imni beektuu jaalala daa'ima sanaaf qabu gaafuma daa'imni garaa haadhatii baatu irraa kaasanii ibsuu jalqabu. Ni ililfatan, jaarsi buleessi yookiin jaartiin buleettiin haarrii ofirraa buqqisee ykn buqqistee daa'ima sana irra kaaya ykn keessi. Kunis daa'ima dhalattee sanaaf umurii dheeraa hawwu agarsiisa jechuun ibsa.

Akkaa qorattuun yaada kanarraa hubattetti, hawaasni ilaalcha daa'immaniif qabu haala garagaraatiin ibsuu danda'uu isaati. Huruursi kunis yaada hawaasni ittiin ibsatu irra darbee akka afaan hiikkatan gochuu irrattis gumaacha guddaa qabaachuu isaati. Maalummaa hurursaa ilaalchisee Ruth Finnegan (2012:292) *“Lullabics provide a good example of the way in which what might be expected to be a simple, ‘natural’ and spontaneous expression of feeling in all societies a mother singing to her child is in fact governed by constitution of the society”*. Kana jechuun huruursi daa'immanii kan haadhooliin jaalala, fedhiifi hawwii ijoollee isaaniitiif qaban bifa weedduutiin ittiin ibsaniidha.

Daa'imman fedhii isaanii jechaan dubbachuu umurii hindandeenyetti, waan hunda boo'ichaan ibsatu. Fakkeenyaaf, dhukkubsachuu, beela'uu, bakki ciisichaa itti toluu dhiisuu danda'a. Haatis daa'ima sana olkaastee hammaattee harma itti kenniti. Yoo hodhuu didde ofitti qabdee urursiti.

Ijoollee hurursuun kaayyoo garagaraatif kan taasifamuufi qabiyyee garagaraa kan qabateedha. Ijoolleen yoo boo'an, yoo raffisuun barbaadameefi nyaachisuun yeroo barbaadamu hururfaman. Hurursi daa'immanii sossobuuf, nyaata nyaachisuuf yookiin raffisuuf qofa kan itti fayyadamnu osoo hintaane kan jaalala qaban kan ittiin ibsataniifi mararfataniidha. Kanaafuu, ergaan afwalaloo hurursa daa'immanii jaalala, dinqisiifannaa, hawwiifi kabaja daa'immanii ibsa. Kana malees, haati daa'ima manaa deemtee daa'imni yoo boossu guddistuun akkas jechuun hurursu;

Ushururuu x2

Haati tee eessa dhaqxee

Agamsa guuruu dhaqxee

Agamsii dheedhii qaba

Mormi kee meetii qaba

Qabiyyeen walaloo hurursa daa'immanii jaalala, dinqisiifannaa, abdiifi kkf kan qabatu yommuu ta'u, walaloo hurursaa kanaan bashannasiisuu, akeekkachiisuu, jajjabessuufi afaan barsiisuun ni danda'ama. Kana malees, Dr. Filee (2016) haati daa'ima argatteef Waaqa galateeffachaa yeroo sossobdu akkas jetti:

Ilaalatti baate jabbiin qaraxaa

Araada nabaase Rabbiin galataa

Galanni haagayu rabbi kiyyaa

Saddeetam galata dachii kiyyaa

Walumaagalatti, hurursi daa'immanii jaalala daa'ima dhalateef qabaniifi galata Waaqa daa'ima kenneef faarsuuf akka oolu qorattuun hubattee jirti.

4.1.2 Jechama

4.1.2.1 Jechamoota ijoollee argachuufi argachuu dhabuun walqabatan

Jechamni goroowwan ogafaanii keessa tokko. Gooroon kun caasaa isaatiin mammaaksa waan fakkaatuuf namoonni hedduun akka gooroo ofdanda'eetti hinilaalan. Jechamni akkuma mammaaksaa dubbii qolaa akka fayyadamu Kipury (1983:14) akkanatti ibsa: *"An idiom is another form of figure of speech that is used commonly both in oral and written literature. For example, the saying children are 'the bright moon' is a simile"* jechuun ibsa. Yaada kanarraa jechamni unka dubbii qolaa akka qabu, ergaa isaa caasaa isaa irra akka caalu yaada bal'aafi

gadfagoo akka dabarsu hubanna. Akkasumas jechamni afaan dubbii keessatti qofa kan fayyadamnu osoo hintaane ogbarruu keessattis faayidaa guddaa akka kennu ibsa kanarraa hubachuu dandeenya.

Faayidaa jechamaa akka Mangashaa Riqituu (1999:12)ibsutti: “*Oromo people use proverbs and saying to communicate with others through double meanings, cross words, cross games, cross joke etc. to give practical example of the usage of doubled un polished phrases,*” Fkn,Hoo’u! Eeboo abbaa kee kaa’ii”jedha. Barreessaan kun hiikni jechama kanaa hoo’u eeboo kanaan abbaakee ajjeesi jechuu akkata’e ibsa. Jechamni yaada dhokataafi baay’ee barbaachisaa jechoota hiika kallattii hinqabneen ibsuuf akka gargaaru addeesseera .yaada kana Fiqaaduu Gadaa (2008) akkana jechuun cimsa: Jechamni jecha hiika dachaa qabu dha. Afaan Oromoo keessattis hedduminaan argama. Hiika dacha qabaatullee dubbataan kan itti fayyadamu hiika dhokataa sana ibsuufi. Hiikni kunis dubbii dubbatamu sana mi’eessuufi, yaada icciitii ta’e dabarsuuf akka gargaaru ibsa. Fakkeenyaaf, jechamni ‘gurra guddaa qaba’ jedhu, qaama miiraa gurra qabaachuu osoo hintaane namichi beekamaa akka ta’e ibsuudhaaf jedhama

A. Ijoolleen kennaa waaqaati

Bultiin tokko kan haala gaariin gaggeeffamuufi fufiinsa qabaachuu danda’u yoo dhala qabaataniidha. Haadha manaafi abbaa manaa kan walitti fidu waaqa akka ta’e, gidduu isaaniitti sanyii kan uumus isuma akka ta’e amanama. Haata’u malee, dubartiin dhala hingodhanne hawaasa biratti maqaa adda addaatu kennamaaf. Maqaan kunis jechama armaan gadiitiin ifa.

B. Kan waaqni abaare ykn gaangee

Kan waaqni abaare ykn gaangee jechuun kan arrabsamu dubartii dhala dhabdeedha. Kunis, afseena sababa gaangeen dhala dhabdeef waliin walqabsiisu. Dubartiin hindeenye bultii ishee irratti abdi dhabdi. Abbaan manaa ishee akka wajjin hinturretti waan yaadduuf, yeroo hunda nishakkiti. Alaa dhalchuu danda’a jettee waan yaadduuf qabeenya isheetiifis ni yaaddofti. Tarii ilaalchi hawaasaan kennamu dubartii qofa irratti osoo hin taane dhiiraanis akka dadhabaa ta’etti lakkaa’amuun waan jiruuf gara alaa yaaduun isaa hinoolu. Kana irraa kan ka’e bultiin sun diigamuu danda’a. Osoo waliin jiraachuun danda’amee iyyuu maatii gammachuun jiraatu hinta’u.

Walumaagalatti, ijoolleen jireenya namaa keessatti hiika guddaa kan qabaniifi jaalalaafi gammachuu maatii tokkoo keessatti murteessaa akka ta’an odeeffannoon argame ni mirkaneessa. Ijoolleen qabeenya hinguufamne, kan baay’atan jedhamee nuffaman osoo hintaane kan itti boonaniifi abdataman ta’anii guddatu. Kan maatiin itti boqatu, kan hawaasaafi biyyaaf barbaachisaniifi eeggamani. Ilaalchaafi jaalala Oromoon ijoolleef qabu ilaalchisee Dr. Filee (2016), Oromoon daa’ima isaa mataa isaa caalaa jaallata; hurursa; kunuunsa; faarsa. Kanaafis, dhala argachuu isaa Waaqayyoo isaa kallattii adda addaan galateeffata; faarsa. Oromoon dhala yommuu argatu yookiin haati manaa isaa yeroo deessee /hiikkatte maal deesse? dhiira moo durba? jedhee hin gaafatu. Akka armaan gadii jedhee Waaqa isaa galateeffata.

C. Galata kee yaa Waaq sihaagalatu /Baga Waaqayyo miila ishee walnaa qixxeesse/

Akka kana jedhee barruu harka isaa waaqatti olqabatee galateeffachuun abbaa warraa jaalala lubbuu haaraa gara addunyaa haaraatti dhufeefi nagaan hiikamuu haadha warraa isaa gammaduu isaa ibsuufi. Akka ragaa barreeffama kanaattis ta’ee ibsa odeeffannoota irraa argameetti Oromoo biratti ijoolleen kan qabeenya kamiyyuu caalaa jaalatamaniifi mararfatan, jireenya maatii keessatti hiika guddaa qaban ta’uu isaanii qorattuun mirkaneeffattee jirti.

4.1.2.2 Jechamoota amalaafi xiinsammuu ijoollee ibsan

A. Ijoolleen horiidha

Namoonni dubbii nama tokkoo kallattii adda addaatin waan hiikaniif walitti bu’iinsa uumuu ykn yaada sana qajeelummaan fudhachuu irra yeroo balaaleffatan dhagahamu. Kuni ammo, gorfamuufi sirreeffamuuf fedha qabaachuu dhabuu isaanii agarsiisa. Amala kana daa’imman irratti arguun kan barame miti. Kanaafuu daa’imman sammun isaanii qulqulluu waan ta’eef dhiifama gaafachuufi dhiifama gochuudhaafis qophiidha. Ummanni Oromoo sababa ijoollettiin walitti hinbu’u.

Ijoolleen horiidha

Boru walitti deebi’an jedhanii dubbii ijoollee salphisanii ilaalu. “Ijoolleen horiidha” jechuun isaanii garuma oofanitti oofamu malee mirga isaanitiif kan hin falmanne ta’uu isaanitiin walfakkeessu. Kanas ta’u garuu karaa deemuu qabaniifi irraa deebi’uu qaban agarsiisuun hojii guddaa maatii irraa eegamuudha.

B. Daa'imni Sanyiidha

Namni tokko sadarkaa isaa eegge kan irraa hinhafne jedhamee yaadamu keessaa tokko fuudhee ykn heerumtee sanyii bakka buufachuudha. Kunis ajaja waaqni namaa kenne keessaa isa tokko waan ta'eef, kan gaa'ela booda hawwii guddaa ta'een eeggamu dhala isaanii arguudha. Dubartii deesse wajjiin kan gammadu maatii qofa osoo hin taane nama wajjiin jiraatu hunda. Kabaja sirna sadarkaa ce'umsaa kanaaf qaban ibsachuuf kennaa garagaraa qabatanii deemuun deessuu eebbisu, gaafatus.

Karaa biraatin ammoo dubartii heerumtee ykn dhiira fuudhee dhala hinarganne sanyii dhabe jechuun ija gaddaatin ilaalu. Nama dhala osoo hin argatin du'eef gaddi dacha ta'a. Homaa hin argine, kan maqaan ittiin waammamu illee osoo hin qabaatin akkanumatti hafe jechuun mararafatu. Kan maqaan isaa ittiin dhahamu hin qabu jechuun boo'uf. Yoo dhala qabaate garuu, du'e hin jedhmu kan maqaa isaa waamsisu qaba jechuun maatiin akka ijoollee sana arganii jajjabaatan gorsu. Obbo Imaanaa Sabbooqaa akka ibsanitti,

Aadaa Oromoo keessatti namni ijoollee qabu nikabajama, yoo dubbate yookin nama gorse dubbiin isaa nidhagahama. Lakkoofsaan baay'achuun ijoolletis akka badhaadhinaatti ilaalama. Ijoollee argachuun hiika guddaa qabaachuu isaa irraa kan ka'e yoo dhala qabaachuu baatanillee fira yookin nama biroo irraa fudhatanii akka dhala ofiitti guddifatan. Akkaa maqaa isaatin waammamus ni godhu”.

Akka yaada maanguddoo kanaarraa hubannutti ijoolleen kan hin quufamneefi jireenya maatii tokkoof hiika guddaa kan qabudha. Ijoollee dhabuun deega yookin hiyyummaa maallaqaa yookin horiitiin kan bakka hinbuufamne waan ta'eef, ijoollee nama biroo fudhatanii guddifachuun gammachuu dhaban sana argachuu akka danda'an qorattuun hubachuu dandeessee jirti. Walumaagalatti, akkuma sanyiin takka lafa buutee ija baay'ee godhattu dhala ofiitin gosa baay'ifatu. Keessattuu yoo daa'imni duraa dubara taate hormaanni qajeele jedhama. Yoo sanyiin isaanii akka baay'atuufi itti fufu hawwii qabaatan maqaan itti moggaasan kanuma kan ibsuudha. Fkn. Leellisee, Daraartuufi Magartuu fa'a itti moggaasu. Odeefkennituun Adde Jifaaree Dhaabaa yaaduma kana cimsuun ijoollee duraa yoo godhatan

Ija koo ijaan arge

jechuun gammachuu isaanii haala garagaraatin akka ibsatan dubbatan

C. Sammuun daa'ima waraqaa adiidha

Waraqaa adiin halluu itti diban ykn tuqsiisan ifa baasee mul'isa. Akkuma kana daa'imni beekumsa addunyaa kanaa qabatee dhalatti osoo hin taane, maatii keessatti dhalatan irraa waan hedduu baratu. Maatiin kamiyyuu jireenya isaa keessatti akkaataa itti jiraataniifi itti walbulchan kan ijoollee jalaa dhokatee miti. Abbaan manaa waan raawwatu, haati manaa kan hojjettu hangafoonni isaanii gahee akkamii akka bahan argaa guddatu. Kan maatiin raawwatu hundumtuu isaanif sirriidha. Namni guddaan hin dogoggoru, hinsobu, hunduma beeka jedhanii waan yaadaniif, sirrummaa maatii Sanaa filatanii fudhatan osoo hin taane akkuma jirutti fudhatu. Afgaaffii 5/8/2011 obboo Magarsaa Tufaa dhiyaateen waa'ee ijoollee yommuu ibsan, “Maatiin fakkeenya gaarii ta'ee gocha gaarii, waliigalteen ollaa isaa waliin qabu nageenyaan jiraachuu yoo danda'e qofa ijoolleen isaa hiriyaadhaan akkasumas, warra ollaa kabajuun gocha gaarii raawwachuun amala gaarii isaan qabaniin eebifamanii guddatu.” Akka yaada kanaatti maatiin ijoolleef fakkeenya guddaafi sammuu ijoolleetiin fudhatamummaan isaanii baay'ee olaanaa kan ta'eedha. Yoo maatiin gochaafi jecha isaatin ijoollee isaa karaa sirrii ta'een qajeelchuu hin dandeenye ijoollee naamusa gaarii qabaniifi nama hunda ija tokkoon ilaalanii jaalalaafi wal kabajuudhaan akka jiraatan kan isaan dirqisiisu hin jiraatu.

Ijoollee sammuu qulqulluu qaban kana beekumsaa, ilaalcha, jibbafi gartummaa homaayyuu hinqabne kanniin guddisuun ittigaafatamummaafi of eeggannoo guddaa kan gaafatuudha. Yaada qajeelaa, jaalalafi amanamummaa itti agarsiisaa yoo guddisne isuma qabatani guddatu. yoo ta'uu baate kan dura dabsinee guddisne erga guddatanii umrii yaada maatii fudhachuu rakkisan irratti deebisuuf yaaluun gatii guddaa kan gaafatu ta'a. Yaada sammuu isaanii keessa jiru sana baasuuf waan qabatamaan arganii irraa baruu danda'aniin alatti laayyootti deebisuun rakkisuu akka danda'u qorattuun hubatee jirti. Kanaafis, maatiin ijoollee isaanitiif barsiisaa gaarii ta'ee argamuu qaba.

4.1.2.3 Jechamoota Ilma Dhiiraafi Intala Dubaraa argachuu irratti jiran

Ijoolleen ummata Oromoo biratti qabeenya guddaafi kan yeroo hunda hinqufamneedha. Horiin nidhuma, ijoolleen garuu kan umrii isaanii keessatti itti gammadaniifi milkaa'ina isaanitiif hawwii guddaa qabaniidha. Haata'u malee dhiirri yeroo dhalatuufi dubartiin yeroo dhalattu haalli gammachuu isaanii itti ibsataniifi hiikni kennaniif addaaddummaa qabaachuu isaa afgaaffii

25/9/2011 Adde Jifaaree Dhaabaa Abdiifi Gishuu Taaddasaa Afree waliin taasifameen hubachuun danda'ameera.

4.1.2.3.1 Jechamoota ilma dhiiraa argachuu irratti jiran

Ilaalcha dhiira argahuu waliin walqabatee hawaasa bira jiru Adde Jifaaree Dhaabaa afgaaffii 25/8/2011 dhiyaatef irratti “Ilmi dhiiraa yommuu dhalatu gammachuu isaanii ibsachuuf qawwee dhukaasu.

Kallachi dhalate

jedhanii ililchu. Kana jechuunis dhiirri hangafa yaada jedhu qabu. Kana malees,

Dhiirri abbaa qe'eeti.

Qe'ee abbaatti kan hafuufi kan kabachiisu ilma dhiiraati jedhama,” jechuun ibsan. Kan yaada kanarraa hubatamu, dhiirri maatii keessatti eddoo guddaa qabaachuu isaati. Ilma argachuun akka dawoo kan itti boqatani fuuladuraaf ulfina itti argatan akka ta'etti ilaalamuu isarraa kan ka'e itti gaafatamummaan maatii sanaa kan isa irratti kufuudha. Abbaanis yeroo hojiitti bobba'u of duukaa fudhatee deemuun akkaataa itti qotiyoo camadatuufi itti qotu itti agarsiisa. Yoo jabaatee hojjetee beelli sin argatu, bara kee quufaan dabarsita jechuun jajjabeessa. Maqaa ilma dhiiraa hangafaa yoo moggaasan abdii boru guddatee irraa eegan sana ibsachuuf, Gaaddisaa, Guddataa, Bulchaa, Jabeessaafi kkf jedhuun. Yoo mucaan dhibaa'aa ta'ee hojii hin jaalanne ta'e qe'een, qe'ee abbaa hin qabne ta'ee kan abbaan arge itti taphatu ta'a. Abbaan manaa yoo du'e, ilma qabaa jedhamee gaafatama. Qaba taanaa cimina mucaa sanaan kabaja argatee bula. Yoo ta'uu baate garuu qe'ee abbaa hin qabne yookin kan abbaan irraa du'e jedhama.

4.1.2.3.2 Jechamoota intala dubaraa argachuu irratti jiran

Maatiin tokko ijoollee argachuu isaatti gammachuu guddaatu itti dhagahama. Dhalli dhalarra caala yaada jedhuun osoo hin taane yoo guddatan tajaajila maatiif kennaniifi akka aadaatti gaa'ela booda walitti dhufeenya maatii waliin qaban akkasumas, aboo dhaaluu qabeenyaa maatii isaanii irratti hundaa'uun ilaalcha jiruun adda baasu. Dhimma kanarratti Adde Jifaaree Dhaabaa akka ibsanitti, Dubartiin yoo dhalattu:

Hormaanni qajeele

Sanyiin nuuf baay'ate

jedhaniitu gammadu. Haata’u malee akka yeroo dhiirri dhalatee sanatti qawwee dhukaasuun hinjiru. Ililleenis lakkoofsaan hamma dhiiraa sana miti. Yoo dubartiin takka deesse, maal deesse jedhanii gaafatu; yoo dubara taate:

Hataatu

jedhuun. Osoo dhiira ta’ee garuu gammachuun isaanii dachaadha.

Akka odeefkennitoonni ibsanitti, dubartii xiqqeessuun sababa qabaachuu isaa kaa’u. Kunis,
Dubartiin kan ormaati

Yaadni kunis, qe’eetti kan hafu dhiira malee dubartii miti yaada jedhu qaba.

Qe’een dubartii kabaja hin argatu

Osoo fuutee qe’ee sanatti hafteeyyuu qabeenya warraa dhaalchiste jedhama malee, akka dhiiraa sanatti hinlaalamtu. Kana irraa kan ka’e yeroo guddisaniyyuu boru bultii qabatee gaafa baate mana dhirsatti akkaataa itti jiraattufi mana ishee hooggantu itti himaafi agarsiisaa guddisu. Dhiiraan garuu qe’een kun yoo toles yoo bades sumaafi jedhanii akka abbummaan itti dhagahamu gochuun guddisu. Kanaafuu, ijoolleen dhiiraas ta’e kan dubaraa yoo dhalatan maatiin gammaduun isaanii kanuma jiruufi eeggamu ta’ee, erga guddatanii jireenya isaanii qabatani booda humna isaan maatiifi qe’ee maatii hoogganuufi bulchuuf qaban irratti hundaa’uun hiika ykn ilaalcha garagaraa kennuufii akka danda’an ibsu.

4.1.3 Mammaaksa

Mammaaksi damee afoolaa keessaa tokko ta’ee karaa gabaabaa ta’een ergaa dabarfachuuf kan gargaaruudha. Maalummaa mammaaksaa ilaalchisee Misgaanuu (2011) Dundes (1975) wabeeffachuun, “*Mammaaksaaf hiika kana jedhame laachuun ulfaataadha. Haata’uutii garuu, mammaaksi gosa ogafaanii ta’ee, kan unka gaggabaaboofi bifa walalummaanillee dhiyaachuu danda’aniidha*” jechuun ibsa. Oromoon yoo araarsu, gorsuufi qeequ mammaaksatti dhimma baha. Dubbii icciitii qabu waan ta’eef ittiin dhaamsa dabarfatu. Kanaaf, fookilooriwwan guddisa ijoollee ilaalchisee amala, dandeettii, cimina, dadhabbina, abshaalummaa, gootummaa, beekumsafi barsiifata isaanii mammaaksatti fayyadamuun ibsatu. Ittiin gorfatu.

Fkn: Ijoolleefi sareetu warra walitti naqa.

Daa’imni ulee malee Waaqa hinbeektu.

Ijoollee boo’uu feetu jabbiitu irra ejjeta.

Ijoolleefi fuulli hindhaamotu.

Mammaaksota kanniin kana fakkaatanitti fayyadamuun ijoolleen gocha gadhan irraa deebisuu, dandeettii isaanii jejuu, jajjabeessuufi akka waa beekan gochuun ni danda'ama. Mammaaksi haasaa eegaluufis goolabuuf ni oola. Yeroo biroo ammoo dubbii miidhagsuuf tajaajila. Yeroo itti aadaa hawaasaa calaqqisiisuuf, barsiisuuf gargaarus ni qaba.

A. Gogaa jiidhaatti maru

Gochaafi amala ijoollee duuba maatii isaaniitu maqaa dhahama. Ilma eenyuuti, intala eenyuuti jechuun hinoolu. Yoo gochi isaanii gaarii ta'e, galata argatu, yoo gocha yaraa ta'e, akka itti guddisani ykn guddisa bade jechuun abaaru. Kanaaf, ijoollee gocha gadheerraa deebisuuf maatiin ni lola, ni adaba. Knaaftu, Oromoon yoo mammaaku, Gogaa jiidhaatti maru jedha.

B. Ijoolleen ulee malee Waaqa hinbeektu

Ijoolleen waan itti himame sammuu qulqulluudhaan fudhachuun isaanii tarii akkuma ooyruu sanyiidhaaf qophaa'etti yaada dhagahaniifi gocha namoota isaan yeroo hunda sirriifi beekaadha jedhanii fudhatanii akkeessuu, akkasumas irra deebi'anii raawwachuun isaanii kan akka ciminaafi ga'umsaatti ilaalaniidha. Kanaafuu, waan gaarii itti himuu qofa osoo hin taane godhanii agarsiisuun maatiifi guddistoota irraa kan eeggamuudha. Gochi ijoolluummaatti argan kan umrii isaanii keessatti hin daganneefi dhugaa sanaaf dhaabbatan ta'a. Maatiinis kana hubatanii aadaafi duudhaa ummataa dhalootaaf beeksisuun, eegsisanii dabarsuun dirqama lammummaa isaanii bahuudha.

C. Amalli haadhaa ilmoo hinhanqatu (Intala dura haadhatu miila walitti qaba)

Haalli jireenya maatii tokkoo karaa adda addaatin ijoollee irratti dhiibbaa geechisuu danda'a. Maatiin jaalala hin qabne ijoollee jaalala qaban guddisuun rakkisaa ta'a. Abbaan kan lolu, kan reebu, kan dhugee machaa'e galu, kan namootaan walitti bu'uufi jibba namootaa mana keessatti haasa'u yoo ta'e, mucaan gocha kana argaafi dhagahaa guddate akka ciminaa ykn gootummaatti waan yaaduuf gocha kana raawwachuun isaa hin oolu. Kuni ammoo, walitti dhufeenya nama waliin qabaniifi ilaalchi isaan keessatti guddatu rakkoo irratti uumuu danda'a. Fakkeenyaaf, abbaan manaa kan ala turee dhufuufi yeroo gale ammoo kan haadha manaa doorsisuufi humnaan bulchu yoo ta'e, akkasumas, ijoolleetti fuula hin kennu taanan ykn ofitti dhiyeessee fuula gaariin

hin simatu taanan, abban kan sodaachisuufi sodaatamee bulu akka ta'etti hubatu. Haati ammo, akkuma abbaan manaa jedheenitti kan bultuufi kan badii isaa mormuu hin dandeenyetti fudhatu. Kanaafuu, abbaan olaantummaadhaan kan bulchu yoo ta'u haati garuu, akka abbaan manaa jedhetti qofa akka buluu dandeechutti hubatu.

Kan ijoolleen maatii irraa barachuu qaban keessaa nama kabajuu, walitti dhufeenya gaarii uumuu, maanguddoo kabajuufi gargaaruun eebba argachuu akka ta'e, ogummaa haadhaa keessaa kan akka qulqullina ofii eeggachuu, mana qulqulleessuu, uffata miiccuu, nyaata bilcheessuu fi kkf. Ogummaa barsiisuun dhiira ykn dubara jedhanii adda baasuun osoo hin taane, sadarkaa umrii isaanitiin kan humni isaanii danda'u hojjechiisuun gaafa guddatan kuni hojii dhiiraati, kuni kan dubaraati osoo hin jedhin akka hojjechuu danda'an isaan dandeechisa. Yoo hojii saalaan adda baasnee itti agarsiisne garuu, hojjechuuf akka qaaniitti lakkaa'u. Walumaagalatti, ijoollee waanuma goone itti agarsiisnefi dubbannee qabsiisne fudhatanii alatti bahu. Fakkeenyummaa qabaachuu maatii ilaalchisee mammaaksi Oromoo,

Amalli haadhaa ilmoo hinhanqatu

Intala dura haadhatu miila walitti qaba

Haati waan baratte, intalli waan agarte

(Gumbii Mammaaksotaa, 2005).

4.1.3.1 Mammaaksota gocha ijoolleen irraa maquu qabaniifi akka itti madaqan ibsan

Ijoollee waan gochuu qabaniifi gochuu hin qabne, maaliifa akka godhan beekan uumuun akka hawaasaattis ta'ee akka biyyaatti kan xiyyeeffannaa guddaan kennamuufii qabuudha. Daa'imni tokko maatii isaa irraa wantoota hedduu barata. Kanas kan itti himan caalaa gocha isaanii irraa baratu. Dhimma kana irratti afgaaffii 25/8/2011 Obboo Imaanaa Sabbooqaafi Wandimmuu Hundee yaada kennan xiinxaluun qorattuun akka armaan gadiitti ibsitee jirti. Yeroo baay'ee dhaloonni ammaa aadaa hin beekan yookiin ammoo aadaan bade yeroo jedhamu dhagahama. Aadaan cabe jedhamu kun kan silaa ijoolleen beekanii gochuun isaan irraa eeggamu ta'ee, garuu kan isaan irraa dhabameedha. Obboo Imaanaan yaada isaanii akka itti aanutti ibsanii jiru.

Ijoolleen yeroo maatii waliin qofa oolaniifi erga alatti bobba'anii hiriyoota garagaraa waliin ooluu jalqabaniifi amalliifi gochi isaanitis jijjiiramaa dhufa. Kan caalaatti qalbii isaanii booji'u isa hiriyyaa irraa arganiifi waliin raawwataniidha. Ijoolleen waggaa sadi booda ijoolletti makamani

taphachuu, kan isaan gitu duukaa haasa'uu, gocha isaaniifi dubbii isaanii irra deebi'uun shaakaluun irratti mul'ata.

Akka qorattuun yaada kana xiinxaltetti, ijoolleen umrii muraasaan booda maatiin alatti namoota waliin oolan, kan gocha isaanii hodofaniifi duuka bu'an baay'achaa deemu. Kanarraa kan ka'e akka ijoolleen umrii duraa waanuma maatii qofa dhagahaniifi arganitti hin hafan. Sababa kanaan dhiibbaa garagaraa jala ooluu danda'u. Kanaaf ammo, maatiin tooftaa mata isaa uummachuun haala iftoomina qabuufi jaalalaan guuttameen yaadafi sammuu ijoollee to'achuu qabu.

Waan ijoolleen mana keessatti argaafi barsiifata godhachaa guddatan keessaa inni guddaan ammoo, akkaataa hawaasni walwajjiin jiraatu, haala ittiin walsimatuufi walgaggeessu beekuudha. Obboo Imaanaan akka ibsanitti,

Akka aadaa Oromootti keessummaan yoo namatti dhufe, bishaan miilaa dhiyeessanii, waan qaban mi'eessanii dhiyeessuu, eddoo ciisichaa mijaa'aa ta'e qopheessuufi waan garaa isaanii waliin taphachuun halkan gabaabsatu. Kanaaf, "Keessummaa waan sadiin gaggeessu" jedhama. Isaanis:

Gogaa rifeensa hinqabneen

Lafee foon hin qabneefi

Foon lafee hin qabneen.

Hiikni isaatis, fuula ifaan, ilkaaniin/taphachiisuufi dubbii gaaridhaan kan jedhuudha. Egaa yeroo maatiin waliin jireenya isaanii keessatti gocha garagaraa raawwatan haala kamiin akka ta'ewaan arganiif, alatti yeroo bahan tapha isaanii keessatti gocha maatii isaanii akkeessu. Yeroo guddatanii jireenya isaanii gaggeessu jalqabanis kana raawwachuun itti hin ulfaatu.

Akka yaada odeefkennaa kanaatti jireenyi nama kamiyyuu kan bu'ureffatu isa yeroo daa'imummaa irraa kaasanii maatii keessatti arganiifi aadefatan irratti. Namoonni yeroo baay'ee jireenya keessatti waan namoonni biroo raawwatan arganii, akkamitti akkas godhan jedhanii gaafatu. Gochi sun isaaniif kan itti guddatan waan hin taaneef ofitti fudhachuun isaan rakkisa. Namni walitti dhufuun, waliin nyaachuufi waliin dhuguun jaalala waliif qaban akka ta'e baru. Walitti dhufeenyi gaariin ollaa gidduutti yoo uummame, walitti dhufeenyifi jaalalli ijoollee isaanii gidduutti uummamaa deema. Yoo maatiin isaanii walitti hin dhufneefi yaada gaarii waliif

hin qabaanne garuu, isuma maatii irraa argan kana calaqqisu. Kanaafuu, ijoolleen kan jaalalaafi kabaja namaa qaban ta'uu qabu. Kanaafis, gaheen maatii baay'ee olaanadha. Ofii isaanitii hamma fe'an lola walirraa haaqabaatan malee ijoolleen rakkoo maatii sanaan qabamuu hin qaban. Karaa biraatin ammo, ijoolleen kan hojii jaalatan ta'uu qabu. Maatiin tokko tokko ijoolleen yoo hojii humnaa hojjetan akka jala miidhamaniitti waan lakkaa'aniif hojiitti osoo hin bu'in guddatan. Ijoolleen akkanaa kan ofitti hin amanne, kan hojii jibbaniifi dafanii nuffan ta'u.

Aadaa Oromoo keessatti wantootni safeeffataman jiru. Ijoollee yoo guddisan, ijoolleen waan akkanaa hingootu ykn saalaanis ta'u dubbarri kana hingootu jedhanii kan sammuu ijoollee keessatti akka hafu godhanii itti himan jira. Akkuma walii galaatti yoo ilaalle ijoolleen gochu hinqaban kan jedhaman keessaa tokko waan namni guddaan jedhu gidduu seenuu hinqaban. Kana jechuun, maatiin ykn maanguddoon dhimma garagaraa irratti dubbachuun ykn mari'achuun rakkoo hiikuu, maatii wallole araarsuu, waa'ee biyyaa mari'achuu danda'u. Maatiinuu yeroo waa'ee mana isaanii icciitii, kan ijoollee bira gahuu hin qabne qofaatti waliin dubbatan qabu. Yeroo kanatti maal haasoftan ykn waa'ee eenyuu dubbattan jedhanii gaafachuunis ta'ee gidduu galuun ijoollee irraa hineeggamu. Waan manatti haasa'ame qabatani alatti haasa'uu hin qaba. Kana hunda kan itti himuufi itti agarsiisuu qabu maatiidha. Ijoolleen kan alatti dhagahanis yoo fidanii dhufanii maatiitti himan irraa fuudhuu hinqaban. Oromoon yoo dubbatu:

Waan ijoollee dhagahuun ijoollee ta'uudha

jedha. Kana jechuun, dubbii ijoollee qabatani waan akkasii naan jette jedhanii namaan walitti bu'uun salphina. Kanaafuu, waan ijoolleen fidanii dhufan eessaa dhageesse, eenyu irraa fidde jedhanii gaafachuu irra darbanii lammata oduu namaa fiddee akka hin dhufne jedhanii akka amalli akkasii itti hinbarre gochuu qabu. Qabeenya ykn horii namaa arganne jedhanii fidanii yoo dhufan irraa fuudhuu dhiisuun akka waan namaa kaasuu hinbarre itti agarsiisuu qabna. Akka ilaalcha hawaasichaatti, qabeenya lafaa argatan yoo kan ofiitti dabalani, keenya qabatee deema waan jedhaniif horii ofiitti hindabalani. Aadaa kana ijoollee barsiisuun, qabeenya nama biraatiif akka hinhaafofne isaan godha. Gochi ijoolleen irraa dhorkaman keessaa inni biroon:

Ijoolleen nama guddaa dursitee hinteechu

Kan jedhuudha. Kana jechuunis yoo keessummaan dhufe fuulleetti bahanii keessummaa wajjin taa'uu hinqaban jechuudha. Ijoolleen mana keessatti hangafa yoo kabajuu baran, eddoo hundatti

hangafaaf eddoo gadhiisuu, yoo mana seenan jalaa ol ka'uu, maanguddoonni yoo ba'aa qabaatan harkaa fuudhuufi dadhabbi isaanitti qoosuu osoo hintaane kan garaa laafaniif akkasumas, kan mararfatan ta'u. Kanaafuu, ijoolleen kan ofuma jaallataniifi waa'ee namaa hin dhimmamne, namaaf eddo hin kennine, kan rakkinni namaa isaan hin dhiphisne ta'uu hin qaban. Akka aadaa Oromootti namni namummaa isaatiin kan kabajamu waan ta'eef, ijoolleen, kan nama hintuffanne, nama gargar hinqoodne, kan nama amantaa, saba, gosa, sanyiifi naannummaadhaan hinfilanne ta'uu qabu. Safuu hawaasichaa eeguu waliin walqabatee,

Dubartiin nyaachaa karaa hindeemtu

Dhaabbatee hindhugdu

Abbaa argite waliin hinkofaltu

Ilaallatee teechi

Of kabachiistee maatii kabachiisti

malee kan maatii qaanessitu ykn salphistu ta'uu hinqabdu. Kana malees, waan arganiifi dhagahaniin alatti sobanii badii ofii dhoksuufi nama biroo gaafatamaa gochuun amala ijoolleen baruu hinqabneedha. Sobni gocha jibbamaa ta'uu yommuu hubachiisan

Sobuun mooruudha

jedhanii mammaaku. Sobni kan nama salphisuufi irra gahamuun isaa hinoolle akka ta'e agarsiisuuf ammoo

Karaan sobaan dhaqan galatti nama dhiba

jechuun itti mammaaku. Gocha kamiinuu ijoolleen amanamummaa isaanii akka eegan gochuuf, akka sodaatanii waan hin goone, goone jedhanii maatii gammachiisuuf raawwatan irraa akka ofqusatan gochuun barbaachisaadha.

4.1.3.2 Mammaaksota barbaachisummaa Maatiin guddisa ijoollee keessatti qabu ibsan

Maatiin jireeya isaatti gammadee jaalalaan walii wajjin jiraatu, rakkoo isaas waliin furee fuulduratti tarkaanfachuu danda'a. Ijoolleen hunda caalaa jaalala maatii sirriitti barbaadu. Keessattuu haati ijoollee ishee fuula ifaan simattee, furrii irraa haqxee, dhiqxee, haxooftaafi nyaachistee deebitee ofii gammaddi. Gammachuun ishee fayyummaa ijoollee isheeti. Maatii tokko keessatti,

Abbaan utubaa manaati

Haati dagalee manaati

jedhamee mammaakama. Abbaan hundeeffamuu maatii tokkootiif bu'uura; mana sana kan bulchu isa. Haatis tokkummaa maatii Sanaa eegsistee, hundumaa akka amalaafi fedhii isaaniitti keessummeessitee kan jiraachistuudha. Yoo haadhafi abbaan gargar bahan garuu, ijoolleen rakkoo kana hin jedhamne keessa seenu. Yoo abbaan niitii biraa fuudhee galchee ijoolledhaaf akka haadha deessee hin ta'u. Waa'ee haadhaa yoo mammaakamu

Haati ishee deesse, kan ishee bira teesse

jedhama. Haati ijoollee ishee teessee hin guddisne haadha miti yaada jedhu ofkeessaa qaba. Haati biddeenaa yoo loltes maqaan hin tolu.

Haati hindhalin nama hindhaanin

jedhama. Waan hindhalleef garaa jabaachuu ishee kan ibsuudha.

Ijoolleen abbaa waliin qofa jiraattus akkuma kana guutummaan itti hindhagahamu. Kan haati gootuuf, kan sossobdu, kan ofitti qabdee mataa qaqqabdu, beela'uu isaa fuularratti beektee nyaachistu sana yaadachuun gaddan. Faayidaafi barbaachisummaa haadhaa yoo ibsu Oromoon

Kan haati jalaa duutes, kan bishaan buutes qixxuma boo'a

jechuun mammaaka. Haati fagaattee bakka ijoolleen dhiyeenyatti arguu hin dandeenye deemtee mitii, kan yeroof argaa isaanii jalaa dhokatanuufuu ijoolleen baay'ee yaadu. Rakkoon gargar bahuu maatii kan yeroodhuma sanaaf yaadda'aniifi gammachuu dhabanii darban qofa osoo hin taane umrii isaanii guutuu kan yaadataniifi carraan kun isaanis akka qunnamuu danda'utti waan yaadaniif jireenyi isaanii kan fuula duraa carraan akkanaa akka isaan mudatu waan yaadaniif xiin- sammuu isaanii kan miidhu ta'a. Haata'u malee akka aadaa Oromootti sababa walitti bu'iinsa haadha manaafi abbaa manaatin bultiin diiggamuun akka filannootti hin fudhatamu. Akka aadaa Oromootti dubbii mana murtii gaheeyyuu jaarsoliin ni araarsu. Keessattuu maatiin ijoolleen gidduu isaanii jiran osoo waliigaltee dhabaniyyuu ijoollee isaanii laalanii araara buusuu akka qaban jaarsoliin dubbatu. Walumaagalatti, jireenyi maatii kan isaanii qofa osoo hin taane kan dhaloonni haaraan itti oomishamaniifi of eeggannoodhaan itti bocamanii bahan akka ta'e beekanii qooda ofii bahuun dirqama kennameefiidha.

Ijoolleetti maal fa'a itti himaa guddistu? jedhamee gaaffii Obboo Immaanaa Sabbooqaaf dhiyaateen yaadni kennan,

Ijoolleen eenymmaafi hidda dhaloota isaanii akka beekaniif maqaa isaanii hamma mana torbaatti akka qabatan ittan hima. Durduriifi hiibboo akkasumas taphoota adda addaa itti himuun akka irraa baraniifi ittiin naannoo isaanii hubatan bifa bashannanaatiin itti himuun akka isaanis deebisanii nutti himaniifi walii wajjin taphatan duukaa bu'ama, jechuun ibsu.

Ijoolleen waan bifa bashannansiisaa ta'een itti himame sammuutti qabatu; yaadataniis nama biraatti himu. Kanaaf, gama sammuu ijoollee qaruufi beeksisuu irratti maatiin qooda olaanaa qabu. Ijoollee mana keessatti maatiin hinlolle ollaan lolee deebisuu hindanda'u. Yaada kana ibsuuf Oromoon yoo mammaaku

Horii abbaan gaafa cabse ormi ija balleessa

jedha. Akka fakkeenyaatti marii garee gaggeeffame keessatti Aadde Warqinash Galatuu Waaqee kan kaasan ijoolleen isaanii bakka horii eeganitti osoo taphachaa jirani horiin midhaan ollaa seenuun dheedan. Abbaan midhaanichaas “*Horiin kun kan eenyuuti? yoo maal gootan midhaan nyaachistan?*” jechuun yommuu itti dheekkaman ijoolleenis deebii hintaane deebisaniif. Namichis, isaan keessaa tokko ofitti waamee

Haadha keetiin teepa kana jiidhaatti mari, yoo goge sijalaa caba

jedhee itti erge. Ijoolleenis akkuma galaniin ergaa kana haadhatti himan. Haatis horii galchani erga irbaata nyaatanii booda, ergaa kana yeroo isinitti himan isin maal gochaa turtan? jechuun qulqulleeffattee balleessaa isaaniitiif adabbii qixa ta'e kennitee akka lammata badii sanatti hindeebine akka gorsite dubbatan. Yaada kana irraa kan qorattuun hubatte, ollaan kabaja waliif qabu irraa kan ka'e badii ijoolleedhaan uummame maatii biraan gahuun akka maatiin sirreessu gochuu isaaniiti. Kana malees, karaa icciitii ta'een ogafaanitti fayyadamanii ergaa waliif dabarsuu isaaniiti.

A. Mammaaksota barbaachisummaa haati guddisa ijoollee keessatti qabdu ibsan

Haati ijoollee isheetiif kafana. Haati qabaattus dhabdus ijoollee ishee alatti hinbaastu. Egaa guddisa ijoollee keessatti gaheen haadhaa hammana jedhamee safaramee taa'uu baatus,

yaadoleen odeeffkennitoota irraa afaaffiidhaan argameefi sakatta'a galmeetiin mammaaksa waa'ee haadhaa mammaakame xiinxaluun akka armaan gadiitti ibsamani jiru.

Haati ilmoo isheetti waan qusattu akka hinqabneefi gammachuu ijoollee isheetiif akka dursa kennitu Addee Jifaaree Dhaabaa yommuu yaada kennan,

Haati hammuma ji'a sagaliif garaatti baattee, ciniinsuu du'aafi jireenya gidduu darbuun argatte sana, ijoollee isheetiif abbaa caalaa itti dhiyaachuun daa'imummaa irraa kaastee wan isaan barbaadaniifi barbaachisaadha jettee yaadde hunda gochuun hanga dhumaatti baatti. Haati ijoollee ishee gara laafinaan akkasumas, obsa guddaadhaan qabatee akka bulchitu ibsuuf,

Haati akka abbaa garaa hinjabaattu

jechuun mammaakama. Qanani ofii dura kan ijoollee ishee dursiti. Haati mana keessatti ogummaa barsiisuu irratti fakkeenya gaarii taatee argamuu qabdi. Ogummaa dhabuun haadhaa intala akka hinhanqanne ibsuuf Oromoon Yoo mammaaku,

Haati marquu hintolle intallis liqimsuu hintolle

jedha. Eggannoo dubaraaf godhamurraa kan ka'e mucaan dubaraa alatti yoo ergantus, fagaattee akka hindeemne haati ni gorsiti. Ogummaa mana keessaa akka bartuuf, itti kennuudhaan irratti ilaalti. Kan dogoggortes achumatti itti agarsiisuun sirreessiti. Yeroo ijoollummaa waan hojjetan tokko harka bitaatiin yoo jalqaban harki kee haacabu jettee rukutuun akka itti hinbarre sirreessiti. Fakkeenyaaf, harka bitaatiin hinyaatan, bukootti hinseenan, biddeen hintolchan, hinhodhan. Intalli dubaraa yoo ogummaa qabaachuu baatte dhirsi hinbulchu, haati guddistes ni arrabsamti. Umriin ishee dabalaa yoo deemu waan ishee mudachuu danda'uufi akkaataa itti of eeguu qabdu itti himti.

Xiyyeeffannaa dubaraaf godhamuu qabu ilaalchisee Aadde jifaaree Dhaabaa yoo ibsan “*Intalli waggaa 8fi 9 geesse eeggumsa isheef godhamu dabalaa deema. Umrii bilchinni qaama ishee dabalaa deemu waan ta'eef, lagu arguu akka dandeechu, hiriya dhiiraa wajjin akka hinoolle, bakkaafi akka itti taphachuu qabdu akka filattu haati ni gorsiti.*” Umrii kanatti mana namaa deemtee akka bultu hineyyamamuuf. Mammaaksi Oromoo,

Dubaraafi okkotee namaa hinergisan

jedhu. okkoteen ergisaa cabuu danda'a, dubarri gandarra deemsa baay'iste rakkoon irra gahuu danda'a. Intalli gaa'ila dura durbummaa ishee dhabde maqaatu bada. Maatiin ni arrabsama, osoo hinbeekin yoo fuudhes abbaan manaa arrabsuu, jibbuufi ari'uu danda'a. Kanaafuu, haati yeroo kamiyyuu caalaa umrii kana irratti baay'ee dhiphattee eegdi. Yoo gorsitus dhiirri akka hingowwoomsine, hiriya hintaane waliin hinoolin, fuula hinagarsiisin, yoo deemtu suuta tarkaanfadhu, hinutaalin jettiin. Fedhiin hiriya dhiiraa barbaaduu yeroo malee akka hinuumamne, akka dhiiraa baay'ee hinyaatin, waan akka barbareefi corqaa nyaachuun dubaraaf gaarii miti jechuun gorsiti. Akka yaada odeefkennitoota irraa argameen, baay'ee nyaachuun qaamni ishee akka dabaluu gochuun fedhiin saala faallaa yeroo malee itti dhagahama kan jedhuudha. Waan nama gubu yoo nyaatte laguun dafee itti dhufa, arraba oo'iti ykn haasaa baay'isti jedhu. Yoo utaalte ammoo durbummaa isheetu bada jedhu. Kun ammoo akka aadaa Oromootti eddoo guddaa kan qabuudha.

Akka aadaa Oromootti intala takka fuudhaaf gaafachuun dura eenyummaa ishee qoratu, dhaabbii ishee ilaalu, amala isheefi cimina ishee qoratu. Intala duuba ammoo warra ilaalu. Haati cimtuu, amala qabeettiifi kan jireenya ishee haala gaariin gaggeessitu taanaan intala warra ebaluu jedhanii filannoo ilma isaaniif dhiyeessu. Yoo mammaakanis,

Haadha ilaalii intala fuudhi

jedhama. Walumaagalatti, haati intala isheetiif waan hunda.

B. Mammaaksota barbaachisummaa abbaan guddisa ijoollee keessatti qabu ibsan

Ijoollee guddisuun kan haati ykn abbaan qofa qofaatti raawwatan osoo hintaane waliin ta'uun kan dirqama isaanii bahaniidha. Ilmi dhiiraas ta'e intalli dubaraa haadha isaanii caalaatti, abbaa isaanii sodaatu. Ijoollee abbaa hinqabneen, ijoollee nadheen guddiste jedhanii akka ijoollee naamusa hinqabaanneefi farda fuuloo hinqabneetti ilaalu. Barbaachisummaa abbaa yoo ibsanis,

Abbaan dawoodha

Abbaan utubaa manaati

jechuun ibsu. Abbaan dawoodha yommuu jedhamu, ulfinniifi kabajamuun maatii tokkoo abbaadhaan akka ta'e agarsiisa. Manni dallaa ykn dawoo hinqabne akkuma dhorkaa malee

abbaan fe'e itti seenu, qe'een abbaa hinqabnes abbuma argetu itti roorrisa. Kanaafuu, ilmi dhiiraa waan gaarii abbaa isaa irraa argeen cimina, dandeettifi gootummaa gonfatee guddata. Osoo abbaan irraa du'eellee ilma cimaa qabuun qe'een isaa kabaja argata. Obbolaan isaa gadii akka gaariitti bulchuu danda'a. Intalli dubaraa eessa akka ooltuufi maal akka hojjetu sirritti waan hordofuuf ni sodaatama.

Abbaan utubaa manaati yoo jedhamu ammoo, manni utubaa malee akkuma hindhaabbanne itti gaafatamummaa guddaadhaan kan maatii tokko qabatee deemuufi jiraachisuu danda'u abbaadha. Akkuma haati intala dubaraa ofitti qabdee waan umrii isheetti beekuufi irraa of eeguu qabdu itti agarsiistuufi barsiistu, abbaanis intalas ta'e ilma isaa haala barbaachisaa ta'een badii irraa eeguun kan isa ilaallatuudha. Intalli dubaraa nama biraatiin akka miidhaan irra hingenye, haati gara laafinaan akka hingadhiisne hordofa. Intalli yoo manaa baate eessa dhaqxii, eessatti ergite jedhee gaafata. Yoo dhirsi dhufeef, sirriitti qorata. Ilma eenyuuti, maal hojjeta eenyu fa'a wajjin oola, amala akkamii qaba, bulchuu danda'aa? jedhee iyyaafata. Kunis, jireenyi intalaa kan milkaa'e akka ta'u hawwu irraa kan ka'eedha.

C. Mammaaksota barbaachisummaa ollaafi hawaasni naannoo guddisa ijoollee keessatti qabu ibsan

Ollaan guddisa ijoollee keessatti itti gaafatamummaa guddaa qabu. Ijoolleen maatii tokko irraa argaman maatii sana keessatti kan hafanii miti. Hiriyummaadhaan, gaa'elaanfi hojiidhaan eddoo garagaraa gahu. Namni tokko tasumaa ollaadhaan ala jiraachuu hin danda'u. Oromoon yoo mammaaku

Ollaafi garaan nama hindhibin

jedhu. Namni garaan isaa isa dhibe gara itti deemu akkuma hinqabne ollaa irraa mana buqqisanii hinbaqatan. Ollaan kan walddhibu horiidhaan yookiin ijoolleedhaan ta'uu danda'a. Ijoollee gaariin ollaadhaaf akkasumas, biyyaaf tolan. Ijoollee har'a maaltu nadhibe jedhanii dhiisantu ollaafi biyya dhiba. Manni tokko gubatee yoo bahanii irraa dhaamsuu baatan mana ollaatti darbuun isaa hinhafu. Kanaafuu, ijoollee guddisanii sadarkaa guddaadhaan gahuuf ollaafi hawaasni naannoo gumaacha isa irraa eeggamu bahuu qaba.

Gahee ollaafi hawaasni naannoo guddisa ijaallee irratti qabu ilaalchisee Obboo Abarraa Dawoo yommuu ibsan, "*Wanta gariinis ta'e yaraan maatii tokkoo ollaa hinhanqatu. Namni ollaa gaarii*

qabu nagaan bula. Maatiin sababa ijoollettiin walitti michoomuus ta'ee walitti bu'uun isaanii hinhafu. Kanaafuu kallattiinis ta'ee al kallattiin dhimmi ijoollee kan maatii qofa osoo hintaane kan nama hundaa ta'uu qaba."

Ijoollee maatiin gadhiise ollaan ittuu fageessa

Daa'ima warri hinjaalanne, ormi furrii itti haqata

jedha. Ijoollee ollaa akka ijoollee ofiitti gorsanii gocha badaa irraa deebisuun bu'aa kan buusu maatii ijoollee qofaaf osoo hintaane ofii akka ta'e beekuun barbaachisaa akka ta'e odeeffkennitoonni ibsanii jiru. Ijoollee gocha sirrii hin taane irraa deebisuuf obsaafi dandeettii isaan ittiin amansiisan qabaachuu gaafata. Yeroo dogoggora isaanii itti himanitti dafanii amananii fudhachuu dhiisuu danda'u. Haata'u malee oolani bulanii gochi sun dhuguma akka dogoggora ture yommuu hubatan isaan galateeffachuu danda'u. Yoo badii isaanii arganii itti himuu baatan garuu yeroo isaanii galetti ni komatu. Kanaafuu, maatiifi ollaan tokkummaadhaan guddisa ijoollee irratti yoo hirmaatan bu'aan argamu guddina ijoolleetiifis ta'ee maatii, hawaasaafi biyyaaf eddoo olaanaa kan qabu ta'a. Aadaan Oromoo walitti dhufeenya akkanaa kan cimsee deeggarufi kan ummanni ittiin bulaa ture waan ta'eef bu'aa tokkummaa yookin waliin jireenya kanaan argamus bareechee beeka. Walitti dhufeenyi maatiin waliin qabu ijoolledhaaf fakkeenya gaarii ta'a. Kana irraa ka'uun ijoolleen jibba irra jaalala, addaaddummaa irra tokkummaa, waldhabbi irra waliigaltee, wal miidhuu irra walgargaaruun akka bu'aa qabu baranii guddatu.

4.1.4 Hibboo

Hibboon hawaasa Oromoo biratti tapha ijoollee jedhamuun beekama. Taphni kun yoomessa mataa isaa kan qabuufi bifa gaaffiifi deebiitiin kan taphatamuudha. Kan taphatamus yeroo baay'ee galgala erga loon galanii booda bakka maatiin walitti qabamee jirutti adeemsifama. Kanaafuu, maatiin yeroo boqonnaa isaatti kan ijoollee isaatti himuufi ittiin bashannansiisuudha. Ijoolleen yeroo baay'ee gurra kennuun kan dhaggeeffatan waan si'aayina isaan keessatti uumu, waan haaraa baruuf isaan kakaasuudha. Kanaafuu, maatiin akka ijoolleen miira dorgommii keessa seenanii dhaggeeffatan, gadifageenyaan yaadan, yaadataniifi deebisan gochuuf hibboo hibbifata. Ijoolleen hawwii guddaadhaan galgala galgala eeggatu. Hibboon jiruufi jireenya ummata Oromoo keessatti eddoo olaanaa kan qabu ta'uu isaa irraa kan ka'e daa'imman faayidaa

hibboo irraa argachuu qaban akka argataniif itti fayyaadamu. Dhimma kana irratti sakatta'a galmeetiin odeeffannoon argame Addunyaa (2014)

Oromoon gara hundaanuu aadaa garagaraan kan miidhage ta'uun isaa waan beekamuudha. Miidhaginni aadaa Oromoo kan ittiin calaqqifamu keessaa inni tokko kutaaleen garagaraa hawaasichaa aadaafi duudhaa guddicha keessatti kan ofii isaanii kan qaban ta'uu isaati. Aadaa Oromoo keessatti maanguddootni, dubartoonni, dargaggoonniifi ijoolleen kan ittiin beekaman ittiin miidhagan aadaaleen gargaraa jiru. Isaan keessaa tokko hibboodha, jechuun ibsa.

Yaada kana irraa qorattuun kan hubatte hibboon uummata Oromoo biratti eddoo olaanaa kan qabuufi miidhagina uummatichaa ta'uu isaati. Aadaan Oromoo umriidhaan kan gargar hinbaasne, hunda kan hirmaachisuudha. Kanaafuu, hibboon kan taphatamu ijoollee qofaan osoo hintaane maanguddootas kan dabalatuudha. Hibboon akka qaamni namaa Ispoortiidhaan leenjifamu sammuu ijoollee kan leenjisuudha. Hibboo nama lama gidduutti gaggeeffama, gaafataafi gaafatamaa qaba. Kan gaafatu 'Hibboo' yoo jedhu kan gaafatamu ammoo 'Hibib /Hiibbaka/ jedhamuun jalqabama. Erga gaafataan gaafatee booda gaafatamaan deebii yoo argate, gaaffiin biroo itti fufa. Yoo deebii dhabe garuu biyya /lafa/ kennee deebii eeggata. Adeemsa kana keessatti yoo gaafatamaan dammaan siqabe jechuu baate ni arrabsama. Haata'u malee, adeemsa taphichaa ta'eef malee kan lolaafi jibbaa /haaloo keessa nama galchu miti.

Hibboon halkan halkan ijoollee lamaan bifa gaaffiifi deebiin kan taphatamuudha. Hibboo guyyaa yoo taphatan gaafa baasu jedhamee waan amanamuuf galgala galgala malee guyyaa guyyaa hintaphatamu. Tapha kana keessatti walarrabsuun waan jiruuf abbaaniifi haati, manguddoonni akkaataa itti taphatamu ijoolleetti agarsiisu malee ijoollee waliinis ta'e walii isaanii waliin hintaphatan (Abarraa Nafaafi warra biroo 1992:1). Warquu Dachaasaafi warri biroo (1992:122) ammoo hibboon gaaffiifi deebii irratti hundaa'ee yeroo boqonnaa ofii gammachuun dabarsuuf, mukuu ba'uuf kofalchiisaafi barsiisaa tapha gaggeeffamuudha jedhu.

Guyyaa yoo taphatan ijatu nama jaama ykn gaafa baasu kan jedhu barsiifanni hawaasicha keessa akka seeraatti jira (kipury 1983, Bukenya 1994). Kanumaaf 'hibboon guyyaa hinjirtuu; ekeraan mataa sihaa injirtu', jedhanii guyyaa yeroo hojii akka hintaphatamne sossodaachisu (Warquu Dachaasaa 1992). Yaada kana ilaalchisee Finnegan (1970:141-42) akka ibsitetti ammoo, "*It is*

very common in all parts of Africa for there to be a general rule. Not always strictly absorbed, but a rule nevertheless that riddle telling and not during the day, see on day it is generally children who are expected to take an interest in the light hearted asking of riddles” jetti.

Ibsa hayyoota armaan olii irraa hibboon tapha ijoollee lama gidduutti gaggeeffamu. Yoomessi hibboo halkan, ijoolleen hanga rafaanitti kan ittiin waarisiifatani. Guyyaa hibboon hintaphatamu, baay’ee dhorkaadha. Seera kana ijoolleen akka eeganiif guyyaa yoo taphattan gaafa baastu, haadha keessantu du’a jechuun akeekkachiifamu. Akkasumas hibboon bifa gaaffiifi deebiin haala dorgommiitiin dhiyaata. Kanarraa kaanee hibboo gooroowwan ogafaanii biroorraa maaltu adda akka godhu ilaaluu dandeenya. Hirmaattonni isaa ijoollee qofa, yoomessi isaa halkan, haalli itti dhiyaatu bifa gaaffiifi deebiin waldorgommii waan ta’eef tapha baay’ee ho’aa akka ta’e hubachuu dandeenya.

Tapha hibboo keessatti gaafataan gaaffii hibboo isaa akka xumureen namoota waliin taphatan keessaa kan ariitiifi qalbii qabu dursee akkana jedha. Gaafataa yoo ta’e

Hinqorattu, hinqorattu, mana saayyaa hinseentu

jedha. Yeroo kana gaafatamaan deebii hibboo gargaarsa gaafataa malee soqee argachuu qaba. Yoo gaafatamaa ta’e ammoo ‘ninqoradha ,ninqoradha’jedha. Yeroo akkaanaa namni hibbifate nama hibbifate sana gaaffii barbaade gaafachuu danda’a. Nama tapha hibboo sana keessa hinjirreen

Buna jaalaa afaan sika’a

jedhama. Gaafaatamaan dursee yoo akkana ittiin jedhe deebii himuurratti nigargaara, gaafataatu dursee jedhe yoo ta’e ammoo deebii himuurraa ofqusata (Warquu Dachaasaafi warra biroo 1992:5). Gaafataan tapha hibboo eegaluuf ‘hibboo’ kan jedhu yoota’u gaafatamaan ammoo ‘hibib’ ykn ‘hibbak’ ykn ‘hibbakka’ jechuun tapha kana taphachuuf fedhii qabaachuusaa agarsiisa. Yaada kanarraa kan hubannu hibboon akkaataa itti eegaluufi seera ittiin taphatamu qabaachuudha. Seera kana taphattoonnis ta’e dhaggeeffattoonni akka kabajaniifi ittiin bulan agarra.

Akkasumas, hibboon akkaataa itti dhumu kan ofiisaa qaba. Akkaataa hibboon itti xumuramu lamatti qooduun nidanda’ama. Kunis gaaffii gaafatameef deebiin sirrii yoo argameefi deebiin

sirrii yoo hindeebi'iin hafe akki itti xumuramu adda adda. Yaada kana ilaalchisee Abarraa Nafaafi warri biroo (1992) akka itti aanutti ibsan: Yoo gaafatamaan waamee waamee deebii bira ga'u, gaafataan, isattuu/agatte' jedhu. Kan gaafatamu haala kanaan deebii gaaffii erga argatee booda gara gaaffii biraatti taruudha. Taphichi dabaree dabareedhaan walgaafachaatu itti fufa.

Kan gaafatamu deebii gaaffii argachuu baannaan gaafataaf lafa kenna. Gaafataan lafti gaarii kennamuufii baannaan hinfudhadhu jechuu danda'a. Kan gaafatamus lafa erga kenneefii booda akka hinarrabsamneef ariitiin 'mana saayyaa seene, gaadii jiidhaa qabadhe' jedha. Yeroo akkanaa of eebbisee deebii himaaf malee hinarrabsu (Abarraa Nafaafi biroo 1992:5-6) akka ibsanitti. Akkaataa hibboon itti xumuramu kana Warquu Dachaasaafi warri biroo (1992) yoo ibsan: Gaafatamaan deebii sirrii yoo kenne taphni dabareen taphatamu akka itti fufuufi yoo deebii wallaale garuu hatattamaan isa hibbifateef biyya, sawwaa, ykn gabaa kennuun (obaasuun) dirqama jedhu. Kennus 'afaan kee dammaan qabe' jechuu baannaan ni arrabsama. Hibbifatamaan 'afaan kee dammaan qabe jennaan hinarrabsu yoo arrabsaa jiraates dhaabee deebii hibbicha akka himu (Warquu Dachaasaa 1992:131-32) ibsu.

Yaada armaan olii lamaan irraa wanti hubannu gaafatamaan hibboo, deebii sirrii hibbichaa yoo argate gaafataaf wanti kennu hinjiru. Akkasumas arrabsuunis ta'e arrabsamuun hin jiraatu. Abbaa dabareetu tapha itti fufa. Gaafatamaan deebii hibboo yoo dhabe garuu gaafataaf biyya, horii, gabaafi kkf kennaaf. Hibbifatamaan kenna akka kenneen 'afaan kee dammaan qabe' ykn 'mana saayyaa seene gaadii jiidhaa qabadhe' yoo jechuu baate; gaafataan lafa isaa eebbifataa ykn horii isaa galchataa gaafatamaa ammoo arrabsa. Yoo dursee jedhe hinarrabsamu, yoo gaafataan arrabsuu eegallaan gidduutti jedhes arrabsoo akka dhaabu ibsa armaan oliirraa hubachuu dandeenya.

Hibboo walxaxaa kan jedhamu ammoo himoota lamaa oliin kan gaafataman ykn himoota lamaa oliin kan deebii argatanidha. Kana jechuun karaa biraa hima lamaafi isaa oliin gaafatamanii deebis himoota lamaafi isaa oliin yoo deebii argatan walxaxaa jedhamu jedha. Fakkeenya:

1. Hima tokkoon gafatamee hima lama oliin kan deebi'u.

Gaaffii: Waa ja'a jaju

Deebii A. Hiddii soora malee gabbatu

B. Bishaan ooficha malee yaa'u

C. Lafa dhiisa malee diriire

D. Waaqa utubaa malee dhaabbatu

E. Uummoo dhukkuba malee aaduufi F. Qoree qaraa malee qaramuudha

2. Hima tokkoon gafatamee hima tokkoon kan deebi’u.

Gaafataa: Hibboo

Gaafatamaa: Hibbakka

Gaafataa: Sabbata aayyoo maree mareen dadhabe.

Gaafatamaa: Karaa

Gaafataa: argatte /sirriidha/ jedheetu mirkaneessa

Haaluma kanaan naannoo isaanii akka baran, gadifageenyaan akka yaadan, jechoota akka baran isaan gargaara. Kana malees miira waldorgommii keessa akka galan taasisa. Gaafatamaan yoo deebii wallaale lafa walii kennuun adeemsa xummuru. Namni deebii wallaalee arrabsame seera tapha hibboo ta’uu isaa malee kan walitti bu’iinsa uumu miti.

4.1.5 Durdurii

Durduriin bifa seeneffamaatiin kan dhiyaatuudha. Duudhaa, amantaa, muuxannoo, ilaalcha, seenaafi falaasama uummata tokkoo dhalootarraa dhalootatti kan dabarsuufi haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan calaqqisiisudha Durduriin dameewwan biroorraa kan adda godhu wantootaaf amala namaa kennuun (mukaaf, biqilootaaf, bineensotaaf) akka namaatti ga’ee akka taphatan taasisu isaati. Durduriin amanamuu kan hindandeenyeeffi dhugaa qabatamaa irratti kan hundaa’eefi mankuusa beekumsaa, mala ogummaan durii ittiin yaadatamuufi dhalootarraa dhalootatti ittiin darbu, fakkii amala dhuunfaafi amala gaarummaa uummataa duudhaa miidhagsee kan agarsiisu, ilaalcha hawaasa tokkoo kan mul’isudha. *“Narrative is essentially a story of happening or events which may be real or imagined. Usually the narrator includes those events she or she considers interesting or important,”* (Bukenyafi warra biroo 1994:67).

Akkuma ibsa barreessitoota kanarraa hubannu durduriin bifa hololoon dhiyaata akka seenaa kanaan dura raawwateetti himama. Qooddatoonni durdurii wantoota nama hintaane uumamoota biroodha. Fakkeenyaaf bineensota, biqiloota, uumaa (waaqaa)fi wantoota biroo amala namaa kennuun dhiyaatu. Kana yoo jennu durduriin namoota qooddataa godhatee himamu hinjiru jechuu miti. Durduriin gaaffiiwwan sammuu namaa keessatti ka’uu malan ilaalcha namoonni uumama irratti qaban ni ibsa.

Lafti akkamitti uumamte?

Nama maaltu uume?

Horiifi bineensonni eessaa dhufan?

Kan jedhaniifi gaaffiiwwan biroof deebii qaba (Mulugeetaa Nagaasaafi warra biroo 1992). Durduriitti yeroo hedduu kan fayyadamu daa'immaniidha (Kipury 1983:10). Daa'imman ammoo uumamaan amala waa gaafachuu qabu. Akki wantoonni uumamaan itti jiran kun sababa maaliif akkana akka ta'an gaafatu. Fakkeenyaaf:

Gaangeen maaf hindhaltu?

Gaaffii jedhuuf, dur waaqni lafatti dhiyoodha. Yeroo sana waaqa waan dhiitteef waaqni akka abaare himama. Gaaffilee kanaafi kkf hedduuf durduriin deebii qaba. Gaaffiiwwaniifi deebiiwwan isaanii kan dhugaas dhugaa ta'uu dhabuu danda'u. Garuu hawaasni durdurii sanatti fayyadamu dhugaa ta'uu isaa beeka.

Yoomessi durdurii, mana jireenyaa, bakka ciibsaa, bakka oobdii (midhaan itti dhayan), mana daboo, mana araaraa, mana cidhaafi mana booyaa jechuun bakka saddeetiifi isaa olitti hiramuu akka danda'u ibsee jira. Bakkeewwan kana saddeettanitti durduriin galgala galgala akka himamu barreessaan kun ibseera. Yaada kanarraa durduriin akkuma hibboo galgala galgala akka himamu, tapha kana keessatti daa'imman malee ga'eessonni illee hirmaachuu akka danda'an hubanna. Bakki itti himamu mana daboo, bakka araaraa, mana cidhaa, mana booyaafi manaa gadyaa'anii ji'a keessa taa'anii akka himamuu danda'uuf yeroo baay'ee garuu mana jireenyaa keessatti akka hojiirra ooluudha.

Durdurii manguddoota umrii dheeraa qabantu daa'immanitti hima. Daa'immanis walii walii isaaniitti himuu danda'u. Kanaaf hirmaattotni durdurii baay'inaan ijoolleefi manguddoota. Kana jechuun garuu miseensonni maatii isaan biroon hindhaggeeffatan jechuu miti.

Durdurii himamu hubachuuf jechoota inni ittiin jedhame beekuun gahaa miti. Haala inni keessatti jedhame, bakkaafi yeroo inni itti himameefi aadaa hawaasichaa beekuun barbaachisaadha. Durdurii tokko hubachuuf wantoota ja'a beekuun barbaachisaa akka ta'e Bukenyafi warreen biroon (1994) ibsaniiru: Ruqooleen kunis oduu himaa (narrator), kaayyoo, ergaa, haala itti himame (method) galumsa ykn yoomessa (context) fi hirmaattoota (audance) dha jedha. Yaadni kunis jechuma barreessaan yoo taa'u. *“The narrative would be understood using*

the model. Who is narrating the story for what purpose? What is the message of the narrative? What is the method used in the narration? What are the circumstances of the narrative act? And who is the audience? ” Bukenyafi warreen biroo (1994:67) jechuun durdurii keessatti ruqooleen kun akka barbaachisoo ta’an ibsaniiru.

Dudurii yookiin sheekkoon damee afoolaa keessaa isa tokko ta’ee bifa himamsaatiin kan dhiyaatuudha. Durduriin taatee darbe kan seenessu jiruufi jireenya hawaasaa kan agarsiisu ta’uu isaatiin dhaloota kan barsiisuudha. Faayidaa durduriin ijoolleef qabu ilaalchisee Taaddasaa (2014) yoo ibsu:

The children are interested in storytelling as a means of play and entertainment. For the grandfather, performance and interpretation of stories are ways of raising children’s awareness to distinguish what is safe from what is unsafe and to prevent them from acting foolishly. Through the telling process, he entertained the children and demonstrated to them the skill of storytelling. Through interpretation, he communicated to the children that being conscious and careful are essential attributes in life.

Akka yaada hayyuu kanaatti durduriin kan ijoollee hawwatuufi gammachiisu ta’uurra darbee akkaataa durduriin itti himamu, haala ibsa qaamafi miira dubbataa, tooftaa seena durdurii Sanaa lubbuu itti horee dubbataan himu irratti hubannoofi dandeettii akka horatan akka isaan gargaaruu danda’u hubaachuun ni danda’ama. Ergaa durdurii tokkoo irraa ka’uun waan gochuu qabaniifi irraa ofeeguu qabanis nibaru. Dabalataanis, duudhaafi safuu hawaasaa barsiisudhaafis akka oolu addeessa. Kanaafuu, maatiin durduriitti fayyadamee haala jiruufi jireenya addunyaa kanaa beeksisuufi gochaalee yaraa ta’an irraa akka of eegan gochuun ni danda’ama. Akka afgaaffii itti gaafatamaa Aadaafi Turiizimii Aanaa Ada’aa Obboo Abbooyyeef dhiyaatee qorattuun hubatteetti. Durduriin cimina, gootummaa, jaalala, jibba, gaddaafi gammachuu addunyaa kana irratti nama mudachuu danda’u, akkaataa rakkoo keessaa itti bahuu danda’an tooftaafi gamnummaa beekuu qabaniif isaan qopheessuu danda’uu isaati.

Durdurii keessatti seenaan dhiyaate waa’ee hawaasummaa yoo ta’e waliin jireenya keessatti waan isaan mudate, akkaataa rakkoo injifatanii ciminaan keessa darban baratu. Kan cimina dhabuun rakkoodhaan mo’aman waan isaan mudate irraa ka’anii jireenya isaanii akkamitti

gaggeessuu akka qaban karaa itti agarsiisa. Yeroo baay'ee ijoolleetti waan sodaachisaafi isaan naasisu yoo itti himan rifachuufi hirriiba keessaa dammaquu danda'u. Fakeenyaaf bulguun isa/ishee nyaate kan jedhu yoo dhagahan waan sodaataniif fedhii dhaggeeffachuu isaaniirratti gufuu ta'uu waan danda'uuf waan isaan barsiisuufi madaalu filatanii itti himuun barbaachisa ta'a. sodaachisuuf itti fayyadamu. Umriin isaanii yoo dabaluu fedhiin durdurii dhaggeeffachuu isaanii waan dabalaa deemuuf kan sadarkaa umrii isaanitiin madaalu, kan isaan barsiisuu danda'u filatanii itti himuun sammuu ijoollee haala jireenya addunyaa kanaaf kan qopheessu, dogoggora irraa kan deebisu, badii irraa kan eegu, qaroominaaf kan isaan qopheessu akka ta'e yaada odeeffennitootaa irraa hubatamuun danda'amee jira.

Oromoon durduriitti fayyadamuun isa darbe, kan amma jiruufi kan fuula duratti ta'uuf jiru ijoollee beeksisuuf kan itti fayyadaman aadaa cimaa qaba. Kunis maatiin yeroo boqonnaa isaanii walitti qabamanii yommuu taa'an afoolatti fayyadamuun dhaloota barsiisu. Dhimma kana ilaalchisee Tadesse, J. and Ketil, J. (2014) yoo ibsan:

There is a strong cultural notion among the Oromo-speaking people that folktales are the voices from the past and a primary vehicle of passing on the experiences and wisdom of ancestors to new generations (Hussein). They regard parents and grandparents as mediators between the past, present, and future and recognize that their duty is to pass on the tales to children

Fkn:

Durdur hiriyoota lamatu waliin jiraatu turan. Gaaf tokko osoo waliin karaa deemanii bosona guddaa tokko keessa gahan. Oduma waliin haasa'aa deema jiranii isaan keessaa tokko bineensi yoo gara isaanii deemu arge. Yeroo kana fiigee muka guddaa tokkorra bahee gadi ilaala. Inni lafatti hafe mamaratee akka nama du'ee hafuura isaa dhokfatee ciise. Bineensichis itti siqee miilaa kaasee hamma mataatti fuunfatee nama du'e itti fakkaatee jennaan dhiisee deeme. Inni muka irra jiru akka bineensichi deeme argee bineensi ammaa maal jedhee gurratti sitti hime jedhee isa lafa ciisu gaafate. Innis miiltoo gaafa rakkoo sigate waliin hindeemin naan jedhe jechuun hiriyyummaan isaanii hafe.

Ergaa durdurii kanaa yoo ilaalle, hiriyyummaan kan gaafa gammachuu qofa osoo hintaane, gaafa rakkoos walbira dhaabbachuufi walamanuun akka barbaachisuudha. Haala kanaan ijoolleen jireenya keessatti hiriyaan dhugaa akkuma jiru, hiriyaan gaafa rakkoo nama ganu jiraachuu beekanii akka hiriyaan filachuu danda'an beeksisuuf gargaara.

4.1.6 Tapha ijoollee

Jechiifi gochi ijoollee kan maatii irraa waraabameefi kan haala garagaraatiin shaakalaniidha. Adeemsa jireenya isaanii salphisuu irratti qoodni tapha ijoollee guddaadha. Taphni ijoollee kan ijoolleen haala jiruufi jireenya hawaasaa ittiin fakkeessan, akkeessaniifi naannoo isaanii ittiin baraniidha. Ijoolleen eddoo taphaafi tikaatti hiibboo, sheekkoo, durdurii, weedduufi kanneen kana fakkaataniin walbashannansiisu. Dhimma kana ilaalchsee, Awwal (2012:127) “*Taphni ijoollee yoomessa adda addaa kan qabu yoo ta’u kunis galgala,waaree,ganama,guyyaa bakka loon tiksanitti,bakka bashannanaatti,manneen barnootaatti,dirree ispoortiitti,iddoo kabaja ayyaanaatti fi kkf keessatti ni taphatama.*” jechuun ibsa. Kana jechuun taphni ijoollee kan yeroon hindaangessineefi eddoo garagaraatti kan taphatamuu danda’u ta’uu isaati.

Taphni ijoollee kan haala salphaa ta’een ijoolleen qubee, lakkoofsafi jecha akka baran gargaaruudha. Daa’imman osoo mana barumsaa hinseenin qubee Afaan Oromoo bifa faaruutiin qomatti qabatani waamu. Kana malees, lakkoofsa yeroo shaakalan, tokkeen takkittuma, lamaan mucha re’ee, sadeen sunsummaani, afran mucha sa’aa jechuun hanga kudhaniitti kan lakkaa’an yommuu ta’u lakkoofsaafi wantoota baay’inni isaanii ibsaman hubachuu danda’u. Ijoolleen bifa faaruutiin qubee Afaan Oromoo osoo mana barumsaa hingalin hiriyaafi hangafoota isaanii irraa baratu. Kanaafuu, taphni ijoollee karaa bashannansiisaa ta’een naannoo isaanii akka hubatan dandeechisa. Fakkeenyaaf: Taphni ijoolleen yeroo baay’ee ittiin bashannanaa dandeettii lakkoofsa ittiin guddifatan keessaa ‘Tokkeen’ isa tokko. Tapha kana keessatti gaafataafi gaafatamaatu jira. Adeemsi isaa akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Gaafataa: Tokkeen maali?

Gaafatamaa: Tokkeen tokkittuma

Gaafataa: Lameen maali?

Gaafatamaa:lamaan mucha re’ee, tokkeen tokkittuma

Gaafataa:Sadeen maali?

Gaafatama: sadeen sumsummanii, lameen mucha re’ee

Tokkeen tokkittuma.

Gaafataa: Afur maali?

Gaafatamaa: Afran mucha sa’aa, sadeen sumsummanii

Lameen mucha re'ee

Tokkeen tokkittuma

Gaafataa: shan maali?

Gaafatamaa: Shanan quba harkaa, afran mucha sa'aa

sadeen sumsummanii, lameen mucha re'ee

Tokkeen tokkittuma

Gaafataa: Jaha maali?

Gaafatamaa: jahan jabbii qaraxaa, Shanan quba harkaa

Afran mucha sa'aa, sadeen sumsummanii

Lameen mucha re'ee

Tokkeen tokkittuma

Gaafataa: Torba maali?

Gaafatamaa: Torban naannoo sambataa, jahan jabbii qaraxaa

Shanan quba harkaa, afran mucha sa'aa

Sadeen sumsummanii, lameen mucha re'ee

Tokkeen tokkittuma

Gaafataa: Saddeet maali?

Gaafatamaa: Saddeettan dhala leencaa, torban naannoo sanbataa

Jahan jabbii qaraxaa, Shanan quba harkaa

Afran mucha sa'aa, sadeen sumsummanii

Lameen mucha re'ee

Gaafataa: Sagal maali?

Gaafatamaa: Sagal yaa'ii Booranaa, Saddeettan dhala leencaa

Torban naannoo sanbataa, jahan jabbii qaraxaa,

Shanan quba harkaa, Afran mucha sa'aa

Sadeen sumsummanii, lameen mucha re'ee

Tokkeen tokkittuma

Gaafataa: Kudhan maali?

Gaafatamaa: Kudhan mana digdamaa, Sagal yaa'ii Booranaa

Saddeettan dhala leencaa, torban naannoo sanbataa

Jahan jabbii qaraxaa, Shanana quba harkaa

Afran mucha sa'aa, sadeen sumsummanii

Lameen mucha re'ee

Tokkeen tokkittuma

jechuun ijoolleen guyyaa yommuu loon tiksan, galgala yommuu walitti qabamanii taa'an, mana barumsaatti yeroo boqonnaa bahanfi kkftti taphatu.

4.1.7 Geerarsa

Geerarsi gooroowwan ogafaanii keessaa tokko ta'e bifa walaloon kan dhiyaatuudha. Hinseenee Makuriyaas (2010:56) yaaduma kana yoo cimsu "*Geerarsi madaa keessa ofii qaban ittiin bulgaafatu, dhiphinaafi roorroo ofiis ittiin dubbatu. Geerarsi humna namaa onnachiisuufi kakaasuu qaba. Xiiqiin akka nama qabu gochuullee danda'a, gosa sirbaati. Garuu, sirba callisanii dhiichisan miti*" jedha. Yaada barreessitoota kanaarraa geerarsi gooroo afoolaa amala walaloo qabuufi gootummaa /cimina/ waliin walqabate ta'uu hubanna.

Geerarsi kan namichi waa jabduu dalage ittiin baannatu, animoo isaa himatu, kan ittiin dhaadatuudha. Faarsaan ammoo namicha waa gaarii dalage takka fkn goota maqaa dhahanii geerarsaan akka faarfatan (Asafaa Tafarraa 1997) ibsee jira. Yaadni kunis geerarsi tokko kan namoonni lolaan yookaan hojiin cimina isaanii ittiin himatan yoo ta'u kan lammaffaa ammoo namoota waan gaarii dalagan yookaan gosa ofii kan ittiin faarfatan ta'uu isaati.

4.2 Faayidaa ogafaan ijoolleef qabu

Ogafaan qabeenya uummata Oromoo keessaa isa tokko ta'ee kan afaaniin himamaa dhalootaa dhalootatti darbu ta'ee kan seenaa, aadaa, duudhaafi haala jiruufi jireenya uummataa agarsiisuudha. Oromoon ijoollee isaa karaa itti gorsaniifi kan irraa goruu qaban kan jechaan itti himu cinatti ogafaanitti fayyadamuun yaadaafi ilaalcha isaanii qaraa deemu.

Guddisa ijoolleetiif aangoo guddaan maatii harka jira. Maatiin tokko yommuu ijoollee argatan gammachuu guddaatu itti dhaga'ama. Haala keessa darbanii mucaa sana argatan yaaduun, carraa isaa kan fuula duraa mannaaguun, sababa mucaa sana argataniin waan isaaniif akka ta'u hawwuun maqaa moggaasuuf. Itti aansuudhaanis jireenya ijoollee isaanii kan fuula duraatiif yaaduufi jaalala qabanis ibsachuuf handhuuraa kennaniif. Kana boodas, itti gaafatamummaa

isaanii bahuuf, waan humni isaanii danda’u hunda gochuun, amala isaanii qaruun gahee isaanii bahuu itti fufu. Ogeessi kamiyyuu meeshaa hojjetu ykn oomishu tokko akkam godhee tajaajila barbaadamu sanaaf qulqullinaafi ga’umsaan qopheessuu akka qabu nibeeka. Meeshaan beekumsaan oomishame, tajaajila barbaadameef oola, ni tolas. Faayidaawwan ogafaan irraa argaman keessaa kan odeeffkennitoonni ibsan xiinxaluun qorattuun haala armaan gadiitti dhiyeessitee jirti.

4.2.1 Aadaafi duudhaa hawaasaa eegsisa

Ijoolleenis muuxannoo maatii keessatti gabbifatan irraa ka’uun aadaa waliin jireenyaa kan mataa isaanii uummatu. Dhimma kana ilaalchisee Taaddasaa (2013) *“Children create and participate in their own unique peer cultures by creatively taking or appropriating information from the adult world to address their own peer concerns,”* jechuun kaa’eera.

Akka aadaa Oromootti wanti tokko akkaataa itti gaggeeffamu seera mataa isaa qaba. Seera sana cabsuun ammoo safuu cabsuu akka ta’eetti fudhatama. Maalummaa safuu ilaalchisee Dr. Filaa (2016) *“Safuu jechuun akkaataa ummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeessu, ittiin wal to’atu, walkabaju, uumaafi uumama safeeffatu jechuudha.”* Akka yaada hayyuu kanaatti Oromoon seera ittiin qajeelfamaniifi itti bulan qabaachuu isaanii agarsiisa. Safuun ulfina, raajidhas. Safuun waan hunduma keessa jira. Kunis, gadda, gammachuu, du’a, waaqeffannaa, sirba, jiruufi jireenya, horii, gaa’ela, nyaata, dhugaatii, uffannaa, koorniyaa, umriifi kkf hunda keessatti akka argamu Firaa’ol (2012) Dirribii (2009) waabeffachuun ibsee jira. *“Safuun seera ummataa ta’ee eeguun dirqama jireenyaati. Yoo safuun cabe Waaqni fuula namarraa garagalcha”* jechuun Dirribiin ibsa. Kanaafuu, Oromoon yoo mammaaku ‘Namni safuu hin beekne amantii qullaa mil’ata’ jedha. Ummanni Oromoo kan ijoollee beeksisu keessaa safuu akka eegan gochuun seera hawaasichaa akka hin cabsine taasisuu akka ta’e sakatta’a galmee kana irraa hubachuun danda’amee jira. Fakkeenyaaf safuu gaa’elaa yoo fudhannee ilaalle, dubartiin gaa’elaan dura durbummaa ishee gatte safuu kan cabsite ta’uu ishee irraa kan ka’e ofis maatiis qaanessiti. Safuun miidhagina Orommoo waan ta’eef durbi qarree haaddachuun durbummaan ishee beekkama ture. Yeroo ammaa garuu qarree haaddachuun akka wallaalummaatti yookin gowwummaatti waan ilaalamuuf wanti mallattoo sabichaa ta’e kun hafa dhufuu isaa argina.

4.2.2 Ijoollee ogummaafi dandeettii qaban uuma

Dubartiin osoo mana ollaas ta'ee mana firaa ergamtee deemteellee kan jarri mana keessaa hojjetu harkaa fuutee hojjechuufi qarqaaruun kan baramedha. Yoo keessumummaan mana namaa deemtes

Dubartiifi gundoon keessummaa hinqabdu

jedhamee waan hojjetutu itti kennama. Bakka sanatti wanti hojjetee yoo tole, kan akka ebaluun hojjetee jedhameetu maqaa ishee ittiin kaasan. Kan hintolle taanaan garuu, maqaatu bada. Dubartiin dubartummaa isheetin kan raawwachu qabdu kan bartu mana keessatti haadha ykn obboleettii hangafaa irraa ta'uu danda'a. Daawwannaa mana jireenya Aadde Tsahaayitti 29/9/2011 gaggeeffameen faayidaa aadaa guddisa ijoollee irraa ijoolleen ogummaa mana keessaa akka baran guchuun isa tokko ta'ee dubartiin ogummaa baruun maqaa maatiifi kan ishee eeggachuu akka qabdu dandeechisuu ishee hubachuun danda'ameera. Yaaduma kana mirka-neeffachuuf qorattuun intalli dubaraa (Leensee Hayiluu kan umriin ishee waggaa 10 taate) umrii kanatti dadhabbi haadhaa hir'isuufi ogummaa dubartiin takka qabaachuu qabdu keessaa isaan bu'uura ta'an haala gaariin baruun ishee qorattuun adda baafachuu dandeessee jirti.

Ogummaan namni tokko qabaachuu danda'u keessaa, nyaata qopheessuu, mana qulqulleessuu, uffata miiccuu, hodhuufi foo'uu irra darbee kennaa addaa, ykn osoo hojjetee kan jireenya ishee jijjiiruu danda'u daa'imummaa irraa kaastee waan shaakaltu ilaalani jajjabeessuun akkaataa sana irra fooyya'aa ta'een hojjechuu dandeechu itti agarsiisuufi deeggaruun gahumsa maatii gaafata. Sana irra darbanii yeroo ijoolleen mana barumsaa galan kan yeroo isaanii baay'inaan dabarsan maal hojjechuu irratti akka ta'e beekanii gargaaruun barsiisaa irraa kan eeggamuudha. Waan keessa isaanii jiru sana argatan malee ijoollee kaaniin qixa tasgabbiidhaan barumsa hordofuunis isaan rakkisuu danda'a. Kanaaf, yeroo baay'ee ijoolleen jeeqanii daree keessa taa'uu rakkisan, yoo dareedhaa bahan maal akka hojjetan hordofanii gargaaruun barbaachisaa ta'a.

Akka marii garee 29/9/2011 gaggeeffameetti faayidaa aadaan guddisa ijoollee ogummaa barsiisuu keessatti qabu ibsanitti, ijoolleen mana tokko keessa jiran hundumtu dandeettii tokko qabaachuu dhiisuu danda'u. Oromoon yoo mammaaku

Garaan haadhaa burreedha

jedha. Akkuma bifniifi amalli isaanii gargar ta'e dandeettiin isaaniis gargar ta'a. Dubarri yeroo hunda haadha jala deemtee waan haati gootu harkaa fuutee hojjechuuf yoo rakkistu, suuta suuta hamma humni ishee danda'e yoo itti kennan dafttee baruu dandeechi. Yoo hindandeechuu deemi jedhanii irraa dhoorkan garuu dafttee barachuu hindandeechu. Dubartiin hojii dhiiraa hojjechuuf haamilee qaban jiraannaanis, haaluma fedhii isaaniitiin osoo irratti bobba'anii saalli isaan hindaangessu. Cimina dubartii akkanaa ibsuuf,

Maqaatu dubara malee dhiira caalti

jechaun hawaasni dinqisiifata. Akkasumas, ilmi dhiiraa ogummaa mana keessaa haadharraa baruun haala gaariin kan hojjetu jira. Dhiiris ta'ee dubartiin hojii baranii guddatan osoo maatii biraa fagaatanii deemaniifi tasa haati jalaa dhukkubsattee yookiin miidhamtee harka namaa eeggachuu jalaa bahan.

Gahee maatiin ijoollee ogummaa barsiisuu keessatti qabu ilaalchisee afgaaffiifi daawwannaa mana jireenyaa Obboo Wandimmuu Hundeeffi Haadhamanaa isaanii Aadde Warqinash Magarsaa waliin 17/10/2011 gaggeeffameen odeeffannoofi ragaa qorattuun argatte xiinxaluun akka armaan gadiitti dhiyeessitee jirti. Maatiin tokko seera ittiin bulu qabaachuu qaba. Miseensi maatii tokkoo aadaa walgargaaruu yoo qabaate dhiira yookiin dubara osoo hinjedhin gahee isaanii bahuu danda'u. Kana gochuun akka ijoolleen itti gaafatamummaa qabaatan gochuu irra darbee gaafa maatiin rakkate ofis ta'e maatii isaanii gargaaruufi rakkoo jalaa bahuu danda'u. Kanaaf jecha ilmi dhiiraas hojjetee nyaachuufi yoo maatiin dadhabe yookiin dhukkubsate rakkoo keessaa of baasuu akka danda'an ilma isaanii ogummaa mana keessaa nyaata bilcheessuu akka barsiisan qorattuun argitee hubachuu dandeechee jirti. Walumaagalatti, ijoolleen guddatanii dandeettiifi ogummaa akka qabaatan gochuuf, yeroo ijoollummaa isaanii irraa kaasanii gocha isaan si'aayinaan hojjetan irratti jajjabeessuun akka itti fufan gochuun, kan haamilee isaanii cimsu waan ta'eef maatiin xiyyeeffannaa kennuu qabu.

4.2.3 Jireenya ijoollee kan fuula duraa mijeessa

Akka aadaa Oromootti

Jaarsi ilmaan ilma isaa wajjin hiriyadha

jedhu. Yaada kana irraa kan hubannu, karaa akaakayyuun isaanii deeme ijoolleenis deemu. Maanguddoo muuxannoo hedduu qaban, kan bu'aa bahii jireenya hedduu keessa darban irraa waan hedduu baratu. Kufaatii isaan keessa darban, wallaalummaa isaaniitiin waan dhaban, gootummaa isaaniitiin waan argatan, cimina isaaniitiin waan dandamatani darban, akkasumas, raaga fuula duraaf qaban itti himuun haala fooyya'aa ta'een jireenya isaanii akka gaggeessaniifi isaanis seenaa ummattichaa dhaloota aanuuf dabarsanii akka darbuu danda'an ergama isaanii bahu. Akka yaada odeefkennitoota Aadde Jifaaree Dhaabaafi Gishuu Taaddasaa ibsanitti, *"Jireenya isaa keessatti maatiin kan gammadu, qabeenya guddaa argachuu, loon isaanii horuu ykn nyaata gaariifi uffata gaarii qabaachuu isaaniitiin osoo hintaane, ijoolleen dadhabbi guddaadhaan guddifatan bakka gaarii gahanii arguu isaanitiin kan qixxaatuuf hinjiru."* Kanaafuu, milkaa'inni ijoollee bu'aa ifaajee maatii akka ta'e qorattuun hubachuu dandeessee jirti.

4.2.4 Bashannansiisuu

Ijoolleen yeroo isaanii baay'inaan kan dabarsan tapha irratti. Kana jechuunis waan isaan bashannansiisu arguu, dhagahuu, raawwachuufi keessatti hirmaachuu barbaadu. Maatiinis yaada ijoollee hawwachuu yeroo barbaadan taphachiisuu, ogafaanota garagaraa itti himuu, akka himan gaafachuufi gaaffii garagaraatiin yaada isaanii akka ibsatan gochuun bohaarsu. Amalli ogafaanii osoo bashannansiisuu barsiisuudha. Fakkeenyaaf, hibboo yoo gaafataman deebii sana argatanii mo'achuuf si'aayinaan taphatu. Miirri waldorgammii sun ammoo akka caalaatti xiyyeeffannaa kennanii hordofan isaan gargaara. Durduriin yoo itti himamus seenaa isaa duukaa waan itti aanee uummamu baruuf dammaqinaan dhaggeeffatu. Walumaagalatti, ijoollee guddisuun ofeeggannoofi xiyyeeffannoo kan barbaadu waan ta'eef maatiis ta'ee qaamni biroo ijoollee haala sadarkaa umrii isaanii irratti hundaa'uun waan isaan madaalu itti himuun barbaachisaadha. Ijoolleen umrii isaanii malee sammuun isaanii qabamuufi dhiphachuu hinqaban. Kanaafis, ogafaan filatamaadha.

4.2.5 Barsiisuu

Uummatni Oromoo sammuu ijoollee dagaagsuufi barsiisuuf afoolatti akka fayyadaman itti gaafatamaan aadaafi turiizimii aanaa Ada'aa ibsanii jiru. Kan itti himaniifi barsiisan haaluma umrii isaaniitiin salphaa irraa gara walxaxaatti waan beekan kan mana keessa jiruufi argan irraa ka'uun naannoo isaanii akka sakatta'an kan godhuudha. Durdurii tokko osoo itti himanii ergaan isaa maal akka ta'e hubachiisu. Isuma gara gocha, amalaafi jireenya isaaniitti fiduun akka hiikan itti agarsiisu. Waan gochuu qabaniifi gochuu hinqabne yookiin kan seerri dhoorkuufi hawaasni jibbu adda baafatu. Gocha raawwachuu hinqabne yoo raawwatan miidhaa isaan irra gahuu danda'u, adabbii isaan eeggatu beekanii akka of eegan taasisa. Oromoon yoo mammaaku'

Ijoolleen nyaataaf waaman ergaa seetee diddi

jedhu. Ergaa mammaksi kun dabarsu yoo ilaalle ijoolleen ergaa jibbuun ykn dheeffuun waan argachuu malan dhabuu isaanii agarsiisa. Kanaafuu, ijoolleen yoo waamaman maalif akka waamaman osoo adda hinbaafatin diduun sirrii akka hintaane agarsiisaa. Yoo waamaman sababa isaa adda baafachuu akka qaban barsiisa. Akka aadaa Oromootti safuu cabsuun Waaqaanis ta'e namaan akka jibbamu, nama sanas akka qaanessuufi jibbamsiisu barsiisa.

4.2.6 Miliqsuu

Faayidaa ogafaanii keessaa barsiisuun waan ta'uuf jiru dura akka beekanii irraa of eegan gochuu yommuu ta'u miliqsuun ammoo, beekumsa argatan sanaan badii, yakka, dogoggora, safuu cabsuufi kkf irraa ijoollee oolfachuudha.

Gaabbiifi eegeen gara duubaati

akkuma jedhamu osoon akkas gochuu baadhee jedhanii gaabbuu jalaa kan nama baasu kan gochuu hinqabne sana beekuudha. Ijoolleen aadaa isaanii beekanii guddatan aadaa saba birootiin hinliqimfaman. Aadaa ofii eeggatanii kan nama birootis kabajanii akka jiraatan isaan dandeechisuudha. Aadaa miidhagaa ofii gataniin kan nama birootiin mul'achuuf yaaluun akka wayyaa ergisaa gala bada. Miidhaguun kan ofiitiini.

Osoo qabanuu rakkachuun kolfa

jedha Oromoon yeroo mammaaku. Ega mammaksonni kunniin hundi ergaan isaan dabarsan ogafaan humna barsiisuu qofa osoo hintaane miliqsuu yookiin oolchuu qabaachuu isaa qorattuun hubattee jirti.

4.2.7 Cimsuu

Oromoon ijoollee isaa cimsuufi jajjabeessuuf midhaan qofa osoo hintaane ogafaan sooruun guddisa. Ijoollee sammun isaani waan biraatiin osoo hinqabamin dura taphachiisaafi bashannansiisaa dhaamsaafi barumsa guddaa ogafaaniin dabarsuuf. Kunis, haamilee isaani kakaasuuf, kutannoo akka qabaatan gochuuf, aadaa ummata isaani akkuma maatiifi hawaasa irraa baranitti eegani tursiisuufi dhaloota itti aanuuf dabarsuu akka danda'an abbummaan akka itti dhagahamu gochuuf kan itti fayyadamaniidha. Faayidaa ogafaan ijoolleef qaburratti itti gaafatamaan Aadaafi Turiizimii Obboo Abbooyee Lataa yaada armaan gadii kennan.

Oromoon sammun ijoollee cimsuufi leenjisuuf ogafaan garagaraa itti himu.
Kunis, yeroo boqonnaa isaani maatiin hundi bakka walitti qabametti durdurii,
hiibboo, sheekkoo, weedduufi mammaaksa itti himuun bashannanaa beekumsa
akka horatan godha. Beekumsa waa'ee naannoo, uumaafi uumamaa akka
qayyabatan taasisuun hubannoo isaani cimsu. Kanarraa kan ka'e, akkaataa
naannoo isaani eegan, bineeldota kunuunsaniifi jaalatan qalbeeffatu

Yaada kanarraa ka'uun ogafaan bashannansiisuu irra darbee hubannoo waa'ee naannoo isaaniif qaban akka cimsatan gargaaruu isaa qorattuun hubachuu dandeessee jirti.

4.2.8 Dandeettiiwwan Afaanii Gabbisa

Ogafaan kan afaaniin dubbatamaa dhaloota dhalootatti darbu haata'u malee, dandeettiiwwan afaanii afran dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu cimsachuuf eddoo guddaa kan qabuudha. Namni tokko yoo dubbatu kan dhaggeeffatee deebii kennu yookiin ergaa fudhatu ni jiraata. Ijoolleen mana barumsaa osoo hinseenin dura dhagahuufi dubbachuu maatii, hiriyaafi ollaa irraa baran. Erga mana barumsaa seenanii ammoo dubbisuufi barreessuu dabalatanii isa fudhatanii dhufan caalaatti cimsatu. Dandeettiiwwan afaanii afran yoo cimsatan ergaan afaaniifi barreeffamaan dhiyaateef salphaatti dhaggeeffataniifi dubbisani qalbeeffachuu danda'u. Isaanis dubbii afaaniifi barreeffamaan dhaggeeffattoofaafi dubbistootaaf dhaamsa dabarfachuu danda'u. Dandeettiiwwan afaanii kunniin keessattuu adeemsa baruufi barsiisuu keessatti eddoo olaanaa kan qabaniidha.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

5.1 Cuunfaa

Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa Ogafaanota Guddisa Ijoollee Oromoo Aanaa Ada'aa Xiinxaluudha. Odeeffannoon qorannoo kanaaf ta'an odeeffkennitoota filataman irraa mala daawwannaa, afgaaffii, marii gareefi sakatta'a galmeetiin argame xiinxalamee mala ibsaatiin dhiyaatee jira. Ragaan boqonnaa afur keessatti qaaceffame boqonnaa kana jalatti cuunfamee akka armaan gadiitti dhiyaatee jira. Uummatni Oromoo aadaa bal'aafi wantoota hedduu kan ofkeessatti qabatu yommuu ta'u, qorannoon kun Ogafaanota guddisa ijoolleef oolan xiinxaluu qofa irratti kan xiyyeeffateedha. Oromoon aadaa miidhagaa qabu keessaa, ogafaanotni guddisa ijoollee Oromof oolan isa tokkofi kan xiyyeeffannoo guddaan kennamuuf ta'ee, safuu hawaasaa eegsisuu, aadaa beeksisuu, lammii naamusa gaarii qabuufi kan ummataafi biyya isaa jaallatu uumuu keessatti qooda olaanaa kan qabuudha. Dhaloota eenyummaa isaa beekuufi sabboonummaan itti dhagahamu oomishuun akkaataa yookiin barsiifata guddisa maatii irraa kan jalqabuudha. Ijoolleen kan itti himan caalaa kan gochaan itti agarsiisan ofitti fudhatu. Kanaafis maatiin fakkeenya gaarii ta'ee ijoollee qajeelchuu, kan beekuu qabani qabsiisuu, kan irraa maquu qabanis adda baasanii agarsiisuufi itti himuun itti gaafatamummaa isaanii bahuun eegeree ijoollee tolchuu keessattis eddoo olaanaa qabaachuu isaa qorattuun hubatee jirti. Kana malees, dhaloota kaayyoo qabuufi kan ofii, maatiif, hawaasaafi biyyaaf yaadan qarani baasuu irratti qaamoleen maatiitti aananii qooda fudhatan ollaa, hawaasa naannoo, mana barumsaa, mootummaafi dhaabbilee mitimootummaa akkasumas, namoota tola ooltummaan gahee isaanii bahan jiraachuun isaanii hubatameera.

Akka waliigalaatti qabxiiwwan gurguddaan qorannoo kanaan argaman akka armaan gadiitti xiinxalamani dhiyaatanii jiru.

- Maatiin ogafaanitti fayyadamuun ijoollee gorsuu kan jalqaban erga ijoolleen guddatanii waan jennu dhagahuu danda'anii qofa osoo hintaane, daa'imummaa isaanii irraa jalqabee sossoba ykn huruursa fayyadamuun jaalala qabnu kan ittiin ibsamuufi mararfatu ta'uun adda ba'uun hubatameera.
- Daa'imman jecha salphaafi gurra isaaniitti tolu kan barbaadan waan ta'aniif, ogafaan karaa adda addaatiin ijoollee bashannansiisuun barsiisuu irratti humna cimaa kan qabu ta'uun ogafaanii hubatameera.

- Dameewwan fookilorii garagaraa keessaa kan daa'immaniifi ijoollee bashannansiisuu, qaruufi barsiisuuf oolan ilaalchisee afaaffii 5/8/2011 itti gaafatamaa Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Ada'aa Obboo Abbooyyee Lataa Xiqqayyaatiif dhiyaateen, Ummanni Oromoo sammuu ijoollee dagaagsuufi bashannansiisuuf afoolatti fayyadamanii naannoo isaanii akka baran taasisuun kan jiru ta'uun akka mul'atu ifatti ba'eera.
- Ijoolleen salphaa irraa gara ulfaataatti hubannoon isaanii dabalaa akka deemuufi salphaatti hubachuu akka danda'aniif kan akka mammaaksaa, jechamaa, geerarsaa, sirbaa, durdurii, eebbaa, tapha ijoolleefi kkf itti himuun akkasumas isaan hirmaachisuun akka itti bashannanan gochuun kan danda'amu ta'uun mul'ateera.
- Fookiloriwwan guddisa ijoolleef oolan ijoolleen kan baratan maatii, hawaasafi biyya isaanii irraa ta'uu.
- Guddisa ijoollee keessatti ogafaan faayidaa akkamii akka qabu irratti ragaan odeefkennitoota irraa argame akka ibsutti, ijoollee gorsuuf, bashannansiisuuf, barsiisuuf, dandeettii afaanii cimsuuf, dandeettii xiinxaluufi naannoo ofii baruu cimsuuf oola. Dubbiin ijoollee waliin godhamu jecha salphaafi ifa ta'e, akkaataa hubachuu danda'aniin dhiyyeessuu gaafata. Waan gochuu qabaniifi gochuu hinqabne beeksisuuf, durdurii tokko itti himanii ergaa isarraa akka baratan taasifama. Kanaafuu, cimina, gootummaa, amanamummaa, abshaalummaa, gowwummaa, jibbaafi jaalala barsiisuuf ogafaanitti fayyadamuun miira ijoollee hawwachuuf humna cimaa qaba.

5.2 Argannoo

Xiinxala fookilooriwwan guddisa ijoollee Oromoo haala qabatama aanaa Ada'aa irratti gaggeeffameen, gaafilee bu'uura qorannichaatti deebii argachuuf adeemsa iddattoo filachuu, malleen funaansa ragaalee afaaffii, daawwannaa, marii gareefi sakatta'a galmee fayyadamuun odeeffannoowwan walitti qabaman xiinxalamani dhiyaatanii jiru. Akka ragaa odeefkennitoota garagaraa irraa argameen akka rakkootti yaadoolii eeraman argannoo qorannoo kanaa ta'anii haala armaan gadiitti tarreeffamaniiru.

- Ogafaanota guddisa ijoolleef oolan: huruursa daa'immanii, jechama, mammaaksa, hibboo, durdurii, tapha ijoolleefi geerarsa fa'a ta'uun hubatameera.
- Faayidaa ogafaan ijoolleef qabu kanneen akka: aadaafi duudhaa hawaasaa eegsisuu, ijoollee ogummaafi dandeettii qaban uumuu, jireenya ijoollee kan fuula duraa mijeessuu,

bashannansiisuu, barsiisuu, miliqsuu, cimsuufi dandeettiiwwan afaanii gabbisuu fa'a ta'uun beekameera.

- Jechamootni ijoollee argachuufi argachuu dhabuu ibsuu, amalaafi xiinsammuu ijoollee ibsuu, Ilma dhiiraafi intala dubaraa argachuu ibsuu, Mammaaksotni ammoo (ijoollee gorsuuf, barbaachisummaa maatiin guddisa ijoollee keessatti qabu ibsuuf) oolan jiraachuu, Faayidaan ogafaan ijoolleef qabu (Aadaafi duudhaa hawaasaa eegsisuu, Ijoollee ogummaafi dandeettii qaban uumuu, Jireenya ijoollee kan fuula duraa mijeessuu, Bashannansiisuu, Barsiisuu, Miliqsuu, Cimsuufi Dandeettiiwwan Afaanii Gabbisuu kan danda'u ta'uun adda ba'eera.
- Ijoolleen aadaa akka beekanii guddatan gochuu irratti xiyyeeffannoon maatiifi haalli naannoo mana barnootaa murteessaa ta'uun isaa mirkaneeffachuun danda'ameera.
- Maatiin ogafaanitti gargaaramuufi dhiisuun ijoolleen guddisa tolan amalaafi gocha isaanitiin hawaasa keessatti akka beekamaniifi isaan duuba ciminni yookiin hanqinni maatii akka mul'atu hubatameera.

5.3 YABOO

Xiinxala fookilooriiwwan guddisa ijoollee Oromoo Godina Shawaa Bahaa Aanaa Ada'aa irraatti godhameen, qorattuun hanqinoota osoo sirraa'anii jettee yaaddu akka yaada furmaataatti kanniin armaan gadii keessee jirti.

- Fookilooriiwwan guddisa ijoollee irratti, maatiin hundi dirqama isaa akkaataa bahuu danda'an irratti miidiyaan garagaraa bal'inaan osoo hojjetee irra caalaatti bu'a qabeessummaa qabaata.
- Maatiin hundumtuu aadaa, safuu, duudhaa, seenaafi haala jiruufi jireenya ummata Oromoo dhaloota barsiisuu irratti osoo ogafaanota fayyadamuu irratti xiyyeeffannoo kennee gargaaramee milkaa'ina qabaata.
- Guddisa ijoolleetiif ogafaan fayyadamuu ilaalchisee qaamoleen hundi gahee isaanii bahuu akka danda'an miidiyaan osoo irratti hojjetee
- Sirni barnootaa yeroo qophaa'u guddisa ijoolleetiif ogafaanni faayidaa olaanaa waan qabuuf xiyyeeffanaa keessa galuu qaba.

Wabiilee

Ababaayyoo, D. fi Kan biroo. (1998). Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 7ffaa:

Mana maxxansaa EMPDE.

_____. (2004). Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa: Mana maxxansa EMPDE.

Addunyaa, B. (2018). SEMMOO “Bu’uura Barnoota Afaanifi Afoola Oromoo”. Oromiyaa Finfinnee.

_____. (2014). Semmoo. Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo. Oromiyaa Finfinnee: Far East Trading PLC.

Bayyanaa, L. (2016). Qaaccessa Yoomessaafi Qabiyyee Faaruu Loonii. Qorannoo MA: Yuunivarsiitii Finfinnee.

Ben Amos. (1979). Toward adetinion of Folklore in context (Reading American Folklore). South Asian: Publishers Ltd. New Dechi.

Caalaa Sooroo. (2013). Irreecha Hora Arsadii. Oromiyaa: Dukam Elleni PLC.

Creswell, J. W. (2003). Research design: Qualitative and mixed method approaches (2nd ed). Ttousand Oaks, CA: sage.

Dasta D. (2002). Bu’uura Qorannoo: Yuunivarsiitii Finfinnee. Far East Trading PLC.

Dorsoa, R. (1972). Folklore and folklife: an introduction chicago University.

Dessalegn, N. (2006). Guddifachaa Practies As child Problem Introduction. Adis Ababa University. (Masters of Social Work).

Dirribii, D. (2009). Ilaalcha Oromoo. Finfinnee.

Filee (2016). Beekumsa Oromoo: Kutaa tokko. Naqamtee, Oromiyaa.

Finnegan, R. (1970). Oral Literature in Africa; Oxford: Oxford University Press.

DABALEE: A

YUUNIVRSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI SABQUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFU FOOKLOORII

Afgaaffii Maanguddoota Hawaasa Naannoo Keessaa Eeramaniif Qophaa'e

Gaaffileen kunniin kan qophaa'an namoota hawaasa keessaa Ogafaanota guddisa ijoollee irratti muuxannoo qaban, kan mala iddattoo eertootiin filatamaniif qophaa'eedha. Kaayyoon qorannoo kanaa faayidaa Ogafaanotni guddisa ijoollee aadaafi safuu hawaasaa beeksisuufi eegsisuu keessatti qabu xiinxaluudha. Isinis muuxannoo qabdaniin kan raawwachaa turtaniifi hawaasa keessatti argitan ragaa sirriifi qabatamaa ta'e akka naaf kennitan abdiin qaba. Yaada keessan naakennuuf yeroo keessan waan naakennitaniif galatoomaa jechaa gara gaaffii kiyyaattan seena.

1. Ummanni Oromoo ijoollee akkamitti ilaala? Ilaalcha ijoolleef qabu kana ammoo maalitti fayyadamee ibsata?
2. Ummanni Oromoo ijoolleetti maal himaa guddisa?
3. Ijoollee akka aadaa Oromootti akka hinguddisneef wanti dhiibbaa uumu jiraa? Wanti dhiibbaa uumu yoo jiraate akkamitti bira taruun danda'ama? Maal gochuutu maatii irraa eeggama jettu?
4. Ijoolleen maatii irraa maal baratu? Maaliin baatu? Akkamitti baratu?
5. Ijoolleen kan ummataafi biyya isaanii jaalatan ta'anii akka guddataniif maatiin, hawaasni naannoofi mootummaan maal gochuu qabu? Akkamitti?

DABALEE: B
YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJII NAMOOMAA,
QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI SABQUNNAMTII MUUMMEE
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

Afgaaffii Maatii Ijoolletiif Qophaa’e

Ogafaanotni guddisa ijoollee keessatti eddoo duraa kan qabataniidha. Gaaffileen dhiyaatan kunis maatiin akkamitti Ogafaanitti fayyadamanii ijoollee guddisaa akka jiran, kunuunsiifi hordoffiin godhamaa jiru maal akka ta’e, karaan ijoolleen itti goruu qabaniifi irraa maquu qaban maal fayyadamuun akka itti himamu, maatiin gahee isaanii bahuun faayidaawwan argaman xiinxaluudha. Isinis kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf odeeffannoo qorattuun isin gaafattu haala itti aanuun warra dhiyaataniidha.

1. Akka aadaa uummata Oromootti ijoollee kan jedhaman umurii kamii jalqabee hangamitti? Daa’ima kan jedhamanoo?
2. Ijoolleen keessan akka aadaa Oromootti akka guddataniif ogafaanota adda addaa itti himaa guddisaa jirtuu? Haalli naannoo ogafaanota adda addaa itti himuufi dhiisuu keesan irratti dhiibbaa uumu qabaa? Yoo ni uuma ta’e akkamitti? Dhiibbaa kana bira taruun akka aadaa Oromootti ijoollee keessan guddifachuuf akka maatiitti maal gochuutu isinirraa eeggama?
3. Ijoollee keessanitti yeroo boqonnaa isaanii maal itti himtu? Akkaataa kamiinis itti himtu? Wanti isin itti himtan ijoollee sanaaf faayidaan maalii qabaata?
4. Ijoollee qabaachuufi dhabuun, ilma dhiiraa argachuufi intala dubaraa argachuun, xiinsammuun ijoollee, gaheen maatiifi hawaasni ijoollee guddisuu keessatti qabaniifi kkf ogafaaniin ifuu danda’uu?

Gaaffii Haadhaaf Qofa Dhiyaate

1. Ati akka haadhaatti Daa’imatti maal himaa guddista? Abbaan manaan keewoo maal jechuun daa’ima kunuunsa?
2. Erga ba’aa kee irraa bu’anii ijoollee wajjiin ala ooluu jalqabani xiyeeffannaa akkamii gochuun waan daa’imi sun dhagahaa guddachuu qabuufi hinqabne adda baastee beekuuf

yaalta? Adeemsa kana keessatti hordoffiin ati ilma dhiiraaf gootuufi intala dubaraaf gootu tokko moo garaagarummaa qaba? Yoo qabaate maaliif?

3. Intala dubaraa maal fa'a barsiista? Maaliin barsiista?

Gaaffii Abbaa Qofaaf Dhiyaate

1. Ilma dhiiraa karaa qabsiisuufi ogummaa barsiisuu keessatti maal fa'a akka baratu godhama? Akkamitti? Maaliin?
2. Ijoolleen bakka oolaniifi eenyu waliin akka oolan to'achuun badii irraa eeguuf ogafaanni fayyadamnu jiraa?
3. Ijoolleen mana keessatti hordoffii qabaniifi maatii isaanii irraa ogafaanota adda addaatiin qajeelfamaa guddataniifi akka feete guddatan amalli isaanii tokkoo? Maaliif sitti fakkaata?

DABALEE: C

YUUNIIVARSIIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI SABQUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

Afgaaffii Itti gaafatamtuu Waajjira Dhimma Dubartii, Daa'immaniifi Dargaggootaafi Itti gaafatamaa Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Ada'aatiif Dhiyaate.

Fookiloriwwan guddisa ijoollee ilaallatan barsiisuun kan qaama tokko qofa ilaallatu, gaarummaafi badiin ijoolle qaama tokko qofa kan fayyadu yookiin miidhu waan hintaaneeff qaamolee qooda qaban eeruufi gahee isaanii xiinxaluun kaayyoo qorannoo kanaati. Kanaaf, isinis odeeffannoo jiru natti himuuf yeroo keessan waan naakennitaniif galatoomaa.

1. Maatiin ijoollee isaanii ogafaanota adda addaa itti himaa akka guddisaniif deeggarsa maalii gochaa turtan?
2. Gama waajjira keessaniitiin fookiloriwwan guddisa ijoolleef oolan bifa garagaraatiin taa'anii jiruu?
3. Rakkoo maatii akkaataa guddisa ijoollee irratti dhiibbaa uuman maqsuuf hojiin isin hojjettan jiraa? Yoo jiraate maal maali?
4. Ijoollee akka aadaa Oromootti ogafaanota adda addaa itti himaa guddisuun faayidaa akkamii qaba? Eenyutu fayyadama?
5. Guddisa ijoollee keessatti afoolli eddo qabaa? Yoom fayyadamu? faayidaa akkamii qaba?

Gaafilee mirkaneeffannaa daawwannaaf qophaa'an

1. Afoolli garaagarummaa ijoollee dhiiraafi dubaraa ni xiqqeessa moo ni bal'isa?
2. Ijoollee ogummaa qajeelaa qabatani akka guddataniif maal ta'uu qaba?
3. Bakki daa'imman oolaniifi bulan akkaataa guddina isaanii irratti dhiibbaa ni qabaataa?

DABALEE D

Gabatee Namoota Odeeffannoo Kennanii Mul'isu

T/L	Maqaa	Saala	umrii	Ganda	Gahee hojii
1	Abarraa Dawoo	dhi	59	Birbirsaa Fooqaa	H/mana
2	Abarraa Sambatuu	dhi	56	Qaallittii	Qotebulaa
3	Abbabaa Bajigaa	dhi	56	Qaallittii	Qotebulaa
4	Abbabuu Daadhii	dha	63	Baabbogaayyaa	B/saa
5	Abbuu Guutuu	dhi	45	Godinoo	Qotebulaa
6	Abdisaa Ijjiguu	dhi	70	Hiddii	Qotebulaa
7	Abbooyyee Lataa	dhi	35	W/Abaaboo	Waardiyyaa
8	Alamuu Kafanii	dhi	53	Fooqaa Birbirsaa	I/G/W/A/T
9	Baqqaluu Zallaqaa	dha	52	G/Gorbaa	H/manaa
10	Dabalee Bajigaa	dha	45	Qooftuu	Qotebulaa
11	Fallaqaa Suyyum	dhi	46	Hiddii	Qotebulaa
12	Geetaachoo Jimaa	dhi	57	Udee	Waardiyyaa
13	Girmaa Farada	dhi	60	Baabbogaayyaa	B/tuu
14	Gishuu Taaddasaa	dha	45	G/Gorbaa	Dhuunfaa
15	Hayliyyee Boggaalaa	dha	53	Qaallittii	Waardiyyaa
16	Imaanaa Sabbooqaa	dhi	55	Baabbogaayyaa	H/manaa
17	Jifaaree Dhaabaa	dha	47	Filxinnoo	Daldalaa
18	Kuubaa Tashoomaa	dhi	42	Udee	Qotebulaa
19	Laggasaa Tumsaa	dhi	46	Gootee	Qotebulaa
20	Lammaa Magraa	dhi	75	Godinoo	Dafqaan bulaa
21	Lammaa Maaruu	dhi	41	Udee	Qotebulaa
22	Magarsaa Tufaa	dhi	52	Qaallittii	H/manaa
23	Shawaayyee Hayiluu	dha	63	Hiddii	H/manaa
24	Taaddasaa Bayyanaa	dhi	43	Ambaltaa	Qotebulaa
25	Taaddasaa Dinquu	dhi	75	Godinoo	Qotebulaa
26	Tafarii Tsaggaayee	dhi	43	Gootee	H/manaa
27	Tsahaay Nagaash	dha	56	Gootee	Ijaarsa

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorattuu: Abbabach Yitbaarek

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Maqaa Qoraa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Ani Dr /Obbo/Aadde/_____barataan kun hojiin isaa ofittisuuf dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____